# QAACCESSA WALFAKKEENYAAFI GARAAGARUMMAA JEEKKARSA AMANTII WAAQEFFANNAAFI QAALLUU: HAALA QABATAMAA KUTAA MAGAALA SABBATAA

REEBAA DABAL RAGGAASAA

**WARAQAA QORANNOO ULAAGAA DIGIRII LAMMAAFFAA (MA) GUUTTACHUUF MUUMMEE AFAAN, OGBARRUUFI FOOKLOORII OROMOOF DHIYAATE.**

**YUNIVARS IITII ADDIS ABABAA**
**KOLLEEJJII BARNOOTAAFI QO'ANNOO AFAANII,**
**MUUMMEE AFAAN, OGBARRUUFI FOOKLOORII OROMOO**

**FINFINNEE**

**WAXABAJJII, 2017/2025**

**YUNIVARS IITII ADDIS ABABAA**

**KOLLEEJJII BARNOOTAAFI QO’ANNOO AFAANII,**

**MUUMMEE AFAAN, OGBARRUUFI FOOKLOORII OROMOO**

**REEBAA DABAL RAGGAASAA**

**GORSAAN: FILEE JAALATAA (PhD)**

**WAXABAJJII, 2017/2025**

**FINFINNEE**

**YUNIVARSIITII ADDIS ABABAA**

## DHAABBATA QORANNOO DIGIRII DURAA BOODDEE

Waraqaa Qorannoo Ulaagaa Digirii Lammaffaa (M.A) Gamisaan Guuttachuuf Mata Duree, **“** Qaaccessa Garaagarummaafi Walfakkeenya Jeekkarsa Amantii Waaqeffannaafi Qaalluu Haala Qabatamaa Kutaa Magaalaa Sabbataarrattti Xiyyeeffatee Kan qophaa’e Sadarkaa Yunivarsiitiin kaa’e guuteera.

**Koree qormaataa**

Qoraa ___________________________Mallattoo___________________Guyyaa_________

Qoraa ___________________________Mallattoo___________________Guyyaa_________

Gorsaa _________________________Mallattoo____________________Guyyaa___________

## Axereeraa

*Kaayyoon qorannoo kanaa walfakkeenyaafi garaagarummaa jeekkarsa Amanatii Waaqeffannaafi Qaalluu qaaccessuudha. Jeekkarsi amantii Waaqeffannaafi Qaalluu biratti kan beekamuudha. Haa ta'u malee kaayyoon amanticha lamaanii gargari. Iddoo lamaanittuu jeekkarsi waan jeekkaramuuf garaagarummaafi walfakkeenya isaan qaban adda baasuuf qorataa kan kakaasedha. Qorannoon kun malleen qorannoo akkamtaatti dhimma bahuun madda odeeffannoo tokkoffaarraa hawaasa Waaqeffattootaafi hordoftoota Qaalluu mala iddatteessuu akkayyoofi darbaa dabarsaatiin meeshaalee funaansa ragaalee akka: daawwannaa, af-gaaffiifi marii gareetiin ragaan funaanamee jechaan qindaa'ee qaacceffameera. Argannoon qorannichaa adeemsi jeekkarsa Amantii Waaqeffannaafi qaalluu jeekkaraadhaan qajeeluufi jalaa qabdootaan qajeelu qaba. Waaqeffannaa keessatti jeekkaraatuu yeroo xumuraa beeka. Yeroo tokko tokkommoo jalaa qabdootaatu jeekkarsa sanatti goolaba gochuu danda'a. Warra Qaalluu biratti garuu jeekkaraa qofatuu jeekkarsa sanatti xumura gochuu danda'a. Jeekkarsi faayidaalee akka: kadhataaf, barnootaaf, galataafi miira amantii uumuu qaba. Jeekkarsi Yoomessa dhaabbataa akka ganama galgala, guyyaafi halkan jeekkaramu yoo ta'u bakka akka iddoo Irreechaa (Malkaafi Tulluu) mana wadaajaa yoo ta'u kan warra Qaalluu ammoo, Galma Qaalluu keessattidha. Qabiyyeewwan Jeekkarsa Waaqeffannaa: olaantummaa waaqaa ibsuu, beekumsa, guddumaa, arjummaafi imaanaa waaqatti kennachuuf jeekkarama. Qaalluu birattis qabiyyeewwan kanaan ala bifa gabbarsuun jajuu waaqaa ofkeessaa qaba.jeekkarsi kun yeroo ammaa kana Waaqeffannaa biratti fooyyee qabaatus Qaalluu biratti dagatamaa jira. Yaboon qorannichaas hawaasni duudhaa Jeekkarsaa kana haalan kunuunfatee akka dhalootatti dabarsuuf dammaqina horachuu qaba.*

## Galata

Duraan Dursa uumaakoo kan narra na beeku abbaa dhugaa kanaan na gaheef galanni kiyya guddaadha. Itti aansuun abbaafi haadha koo kanan dhiiga isaanitiin lafa kanarra jiraadhu milkii kiyya kanaaf warra bu'uuraati waan ta'aniif umurii naa dheeradhaa. Isaantu jiraafan jiraadhee kana arge waan ta'eef galanni kiyya guddaadha. Qorannoo kanas akka galma ga'uuf jalqabaa hanga dhumaatti tartiibasaa eegee akkan hojjadhu yaadaafi ogummaa akkasumas beekumsa isaanii osoo natti hin qusatiin kan na cinaa dhaabbatan gorsaakoo Dr. Filee Jaalataatiif jaalala, kabajaafi galanniin isaaniif qabu guddaadha.

Gama birootiin hiriyootaafi aanteewwan koo galma gahiinsa kiyya kana naaf hawwaa turaniifi na jajjabeessaa turaniif galatan galcha. Keessattuu hiriyoonni kiyya qaawwa kiyya naaf duuchaa na hamileessuun hojin kun akka fiixaan naaf bahuuf shoora olaanaa taphatan keessaa Hiriyaakoo Diinaa'ol Ashoo naaf jiraadhu; umurii dheeradhuun jedha. Akkasumas hiriyaa kiyyaafi gorsaakoo yeroo maraa kan ta'e barsiisaa Lammeessaa Tarreessaa ogummaa qabuunis ta'ee beekumsa qabuun na cinaa waan dhaabbatteef galanni koo guddaadha. Dhumarratti barsiisaa Adaanaa Mul'isaa oolmaan ati naaf oolte guddaa waan ta'eef galanni kiyya guddaadha.

**Hiikaa Gabaajeewwanii**

A/Y/W/A/O = Ayyaana Yaadannoo Warra Abbaa Oromoo

**Hiika Jechootaa**

Jaarsa Jabboo: Jaarsolee galma keessatti dubbiiwwan akka araara buusuu; gumaa baasisuu; aagii baasisuuf galma Qaalluu keessatti tajaajilan.

Kudha Arfii: guyyaa Sagantaa Qaalluu Torbii lama lamaan ummataan walarganiidha.

Maaram: Ayyaana Haadholii

Nabii: Ayyaana Abbootaa

OCHA: Dhaabbata biyyoota gamtoomaniitti odeeffannoowwan garaagaraa kennuuf ooluudha.

Sookara: Ceesisa jeekkarsa keessatti hojiirra oolu.

Torbii: Guyyaa jalqabaa Qaalluun Galma seenee ayyaanan ummatatti dubbatu.

Wadaaja: Ayyaana Firummaa aantummaa, walbira dhaabbachuufi waljaalachuuti.

Yaa’ii: Sagantaa warra Qaalluu ji’a ji’aan walga’aniidha.

**Baafata**

**Qabiyyee** **fuula**

Axereeraa........................................................................................................ I
Galata ........................................................................................................ I
Hiikaa Gabaajeewwanii ........................................................................................................III
Hiika Jechootaa........................................................................................................ IV
Kaartaafi suurawwan........................................................................................................ IX
BOQONNAA TOKKO: SEENSA ........................................................................................................1
1.1. Seenduubee Qorannichaa........................................................................................................1
1.2. Ka'uumsa Qorannichaa........................................................................................................5
1.3. Kaayyoo Qorannichaa ........................................................................................................7
1.3.1. Kaayyoo Gooroo........................................................................................................7
1.3.2. Kaayyoo gooree........................................................................................................7
1.4. Barbaachisummaa qorannichaa........................................................................................................8
1.5. Daangaa Qorannichaa........................................................................................................9
1,6. Hanqina Qorannichaa ........................................................................................................9
1.7. Ibsa Naannoo Qorannichaa........................................................................................................10
1.7.1. Haala Qilleensaa ........................................................................................................11
1.7.2. Dinagdeefi Haala Hawaasummaa........................................................................................................11
1.7.3. Aadaa hawaasichaa ........................................................................................................12
1.7.3.1. Aadaa Fuudhaaf heerumaa ........................................................................................................12
1.7.3.2. Aadaa Hojii........................................................................................................12
BOQONNAA LAMA: SAKATTA'A BARRUUWWAN WALFAKKII ........................................................................................................14
2.1 Yaadrimeewwan Aadaa........................................................................................................14
2.1.1. Duudhaalee........................................................................................................15
2.1.2. Amantii Oromoo........................................................................................................16
2.1.2.1. Ayyaantuu ........................................................................................................17
2.1.2.2. Qaalluu ........................................................................................................18

2.1.2.3 Waaqeffannaa Oromoo ....................................................................................20
2.2. Faaruuwwan Amantii Oromoo..........................................................................................21
2.2.1 Jeekkarsa Waaqeffannaa..................................................................................................22
2.2.2 Jeekkarsa Qaalluu...............................................................................................................23
2.3. Qorannoowwan Aantee .....................................................................................................24
2.4. Yaadiddamoota Qorannichaa .............................................................................................26
2.4.1. Yaadiddama Faayidaa........................................................................................................26
2.4.2. Yaadiddama Aadaa Hawaasaa .........................................................................................27
3.1. Saxaxa Qorannoo ................................................................................................................28
3.2. Madda Odeeffannoo ...........................................................................................................29
3.3.1. Iddattoo .............................................................................................................................30
3.3.2. Iddatteessuu.......................................................................................................................30
3.3.2.1. Mala Akkayyoo ...............................................................................................................31
3.3.2.2. Mala Darbaa Dabarsaa ...................................................................................................31
3.5. Meeshaalee Funaansa Ragaa...............................................................................................32
3.5.1. Daawwannaa ......................................................................................................................32
3.5.2. Af-gaaffii.............................................................................................................................32
3.5.3. Marii garee .........................................................................................................................33
3.6. Qindoomina Ragaalee .........................................................................................................34
3.7 Mala Qaaccessa Ragaalee.......................................................................................................34
3.8. Sakkoo Qorannoo....................................................................................................................35
BOQONNAA AFUR: XIINXALA RAGAALEE..................................................................................36
4.1. Walfakkeenyaafi Garaagarummaa Adeemsa Jeekkarsa Qaalluufi Waaqeffannaa ...............36
4.1.1. Garaagarummaa Isaanii .......................................................................................................36
4.1.1.1.Adeemsa Jeekkarsa Amantii Waaqeffannaa .......................................................................36
4.1.1.2.Adeemsa Jeekkarsa Warra Qaalluu ...................................................................................40
4.1.2. Walfakkeenya Adeemsa Jeekkarsa Amantii Waaqeffannaafi Warra Qaalluu...............43
4.2. Garaagarummaafi Walfakkeenya Qabiyyee Jeekkarsa Qaalluufi Waaqeffannaa................44
4.2.1. Garaagarummaa Qabiyyee Jeekkarsa Waaqeffannaafi Qaalluu ...................................44

4.2.1.1. Ergaawwan Jeekkarsa Amantii Waaqeffannaa....44
4.2.1.1. 1. Jeekkarsa Nagaa Waaqa ibsu....46
4.2.1.1.2. Jeekkarsa Amaanaa....46
4.2.1.1.3. Jeekkarsa Beekumsa Waaqa....48
4.2.1.1.4. Jeekkarsa Olaantummaa Waaqa....50
4.2.1.1.5. Jeekkarsa Nageenyummaa....51
4.2.1.2. Qabiyyee Jeekkarsa Warra Qaalluu....52
4.2.1.2.1. Jeekkarsa Kadhataa....53
4.2.1.2. 2. Jeekkarsa maseennni akka ilmoo argattu ibsu....53
4.2.1.2.3. Jeekkarsa deessuu ibsu....54
4.2.1. 2.4. Jeekkarsa hormaataa....56
4.2.2.2.Walfakkeenya Qabiyyee Jeekkarsa Amantii Waaqeffannaafi Qaalluu....57
*4.2.*2.2. *1*. Jeekkarsa Galataa....57
4.3. Yoomessa jeekkarsa amantii Waaqeffannaafi Qaalluu....58
4.3.1. Yoomessa jeekkarsa amantii Waaqeffannaa....59
4.3.1.1. Galma....59
4.3.1.2. Jeekkarsa ganama jeekkaramu....60
4.3.1. 3. Jeekkarsa galgala jeekkaramu....61
4.3.1.4. Jeekkarsa Iddoo irreechatti jeekkaramu....63
Miilayyoo....63
Uumayyoo....65
4.3.2. Yoomessa Jeekkarsa Warra Qaalluu....66
4.3.2.1. Guyyaa Wadaajaa....67
4.3.2.2. Guyyaa Torbii, Kudha Arfiifi Yaa'ii....69
4.4. Faayidaa jeekkarsa Waaqeffannaafi Qaalluu....71
4.4.1.Faayidaa Jeekkarsa Amantii Waaqeffannaa....71

4.4.1.1. Barnoota Kennuuf....71
4.4.1.2. Ergaa ittiin dabarfachuuf....73
4.4.2. Faayidaa Jeekkarsa Warra Qaalluu....74
4.4.2.1. Nama qajeelchuuf....75
4.4.2.2. Nama daandii Waaqarra jiru jajuuf....76
4.4.2.3. Waaqa jajachuuf....76
4.4.3. Walfakkeenya faayidaa jeekkarsa Amantii Waaqeffannaafi Qaalluu....77
4.4.3.1. Miira amantii kan uumudha....78
4.4.3.2. Ergaa Ittiin Dabarfachuuf....78
4.4.3.3. Kadhataaf....79
4.4.3.4. Galataaf....82
4.5. Haala jeekkarsi yeroo ammaa irra jiru....85
BOQONNAA SHAN: GUDUUNFAA, ARGANNOOFIYABOO....89
5.1. Guduunfaa....89
5.2. Argannoo....91
5.3. Yaboo....92
Wabiilee....94
Dabalee A.... - 96 -
Dabalee B..... - 97 -
Dabalee C.... - 98 -

## Kaartaafi suurawwan

kaartaa Kutaa magaala sabbataa-------------------------------------------------------.------10

Suuraa1 : Waaqeffattoota galma amantii Waaqeffannaa Dirree Furii ----------------------33

Suuraa 2: Hordoftoota amantii Waaqeffannaa Galma Tulluu/Furii -----------------------35

Suura3: fuula miidiyaa Dh/H/A/Waaqeffannaarraa fudhatame. ------------------------------56

Suuraa 4: Abbootii Gadaa mana murtii aadaa Aanaa Mogleefi Haadha Siiqqee.--------65

Suuraa 5: manguddoota raga afgaaffii kennaa jiran-----------------------------------------73

Suuraa 6: daa'imman galma amantii Waaqeffannaa galma da'immaniitti kaafame-----78

# BOQONNAA TOKKO: SEENSA

## 1.1. Seenduubee Qorannichaa

Sabni tokko saba jedhamuuf ulaagaa sabummaa inni Guutuu qabutu jira. Kunis akka addunyaatti sabni mul'atu yookiin sabni addunyaan beektu saba afaan, aadaa, biyya mataasaa, amantaafi sirna qabuudha. Sabni wantoota kanneen qabu akka addunyaattiilee warra beekamtii qabuufi humnallee qabaachuu danda'aniidha. Akkasumas sabni aadaa, afaan, amantiifi biyya qabu hawaasa barnoota mataasaafi qaroomnia mataasaan addunyaa kanarra jiraatu ta'a. wantoonni armaan olii kunneen ijaarsa biyya tokkoo keessatti utubaa kan ta'aniidha. Yaada kana Dachaasan (6413 A.L.G/ 2010:11) irratti yommuu ibsu, "saba tokko kan saba jechisiisu waan shan guuttatee yoo qabaatedha. Maalummaan sabaa kan saba biraarraa adda isa taasisuudha. Isaanis lafa sabni sun dursa irratti uumame, ummata lafa sana irra jiru, afaan sabni sun dubbatu, sabni sun uumama keessatti ofbeekee kan uumama uume Waaqasaa hubatee sirna itti amanu amantaa qabaachuufi sirna ittiin ofbulchu qabaachuusaati." Jedha. Yaanni kunimmoo kan ibsu, sabni tokko akka sabaatti waamamuuf sirna ittiin walbulchu, afaan, amantaa, biyya, maqaa saba sanaa qabaachuu jechuunis saboonni addunyaa kanarra jiran maqaan isaan qaban sana qabaachuu akka qabu kan ibsuudha. Akkasumas eenyummaasaa beekuun akka isaatti yoo jiraateefi ofbeeke saba jedhamuu akka danda'u kan ibsuudha.

Kana malees hawaasni tokko aadaa waloo, duudhaa waloo, seenaa waloo, amantiifi hawaasummaa waloo kan qabuudha. Kunis duudhaaleen afaaniin dubbatamu, aadaan hawaasa sanaa waloon qabaachuun eenyummaa waloo akka qabaatuuf karaa kan saaquudha. Akkasumas jiruuf jireenyi saba tokkoo kan walirratti rarra'ee jiruufi haala walitti hidhatiinsa qabuun kan adeemsifamu ta'uusaati. Akkasumas waan waliin tolfate walumaan kan dhimma itti ba'u waan ta'eef akkaataa eenyummaasaa ibsuun mijeeffatee kan ittiin jiraatudha. Askeessatti wantoonni jiruuf jireenya hawaasa tokkoo keessatti qooda qabaachuu danda'an afaan, aadaa, seenaa, amantiifi sirna inni tolfate sanadha.

Saboota addunyaa kanarra jiran keessaa hawaasni Oromoo isa tokkoodha. Sabni kun saba ulaagaa armaan olitti ibsame sanneen guuttattee qabuudha. Yaada kanaan walqabatee Gammachuufi Sisaay (2019:xxi) yommuu ibsan, "ummanni Oromoo akkuma saboota addaa addaa addunyaa kana irratti argamanii mallattoo eenyummaa kan saba biroorraa adda ta'e kan

akka afaanii, aadaa, seenaafi amantii mataa isaa qaba.” Jedhu. Yaanni kun kan ibsu, ulaaga sabni Oromoo sabummaa guutuuf qabu akka qabaachaa tureefi jiru kan ibsuudha. Sabni kun ulaaagaa sabni tokko qabaachuu danda’u kan qabuufi qarooma addunyaa tanaaf furmaata ta’uu danda’u sirna Gadaa tumatee qaba. Yaada kana deeggaruun Dachaasaan (6413 A.L.G/ 2010 : 11) yoo ibsu, “...Kanaaf sabni Oromoo akka sabaatti waan shan guuttatee qaba. Biyya Oromiyaa jedhamtu, Ummata Oromoo jedhamu, Afaan Oromoo jedhamu, Amantaa Waaqeffannaafi bulchiinsa Sirna Gadaa qaba” jedha. Kunis kna ibsu hawaasni Oromoo akka saba kamiittuu saba ofdanda’aafi homaanuu addunyaa biraa hin hafiin ta’uu kan ibsuudha.

Akkasumas sabni Oromoo saba gaanfa Afrikaarratti bal’ina lafa irra qubatee jiruufi baay’ina ummata isaatiin sadarkaa jalqabaarra jiruudha. Yaada kana deeggaruun Mohaammad (2015: 5fi 8) yommuu ibsu, “Oromo population movement patterns that were well established in east Africa…there is no doubt the Oromo nation was shaped by the Gada System.” Jedha. Yaada kana keessatti Oromoon saba guddaa gaanfa Afrikaa keessa jiraatuufi hawaasa sirna Gadaatiin wal sirneessee walbulchaa ture ta’uusaa kan ibsuudha.

Hawaasni Oromoo Sirna isaa keessatti amantaa, aadaa, afaaniif biyya qaba. Yaada kana Dachaasaan (2010/6413 :10) yoo ibsu, Sabni sirna qabu sagantaa ittiin bulmaata isaa waan qabuuf akkaataa itti jiraatullee kan mataasaa kan qabu ta’uu ibse. Hawaasni Oromoos hawaasa sirna bilchaataafi heera uumarra dhaabbatee heera uumaa eeguun akkaataa ittiin walbulchu sirna Gadaa tolfateedha jechuun hordoftoonni amantii Waaqeffannaa ni bsu. Kanumaan walqabatee Ashannaafiin (2019:7) yommuu ibsu, “Oromoon ummata aadaa, duudhaa, seenaa fi ooltee bultee gabbataa qabuudha. Falaasama ummata kanaa gadi fageenyaan yoo xiinxalan icciitii jireenyaa lakkaa’amee hin dhumne ofkeessaa qaba.” Jedha. Kun ammoo qaroomina ummanni Oromoo qabu hagam akka gadi fagoo ta’eefi bilchina qabu agarsiisa.

Ulaagaa hawaasni tokko ittiin beekamu keessaa inni tokko amantiidha. Yaada kana deeggaruun Maatii Sabaa (6410) yommuu ibsu, Amantiin kan namoonni karaa ittiin hariiroo Waaqa waliin qabaatan tolfataniidha. Kun ammoo ilaalcha addunyaa, gochaalee, safuufi amantaa kan ofkeessatti qabatu akka ta’e ni ibsa. Dabalataan Gammachuufi Sisay (2011:4), yommuu ibsan, “Amantiin akkaataa hawaasni tokko yookaan ummanni tokko ykn namni dhuunfaa tokko Waaqa itti hubatuufi amanuudha. Kana jechuun ilaalchaafi dhugeeffannoo hawaasni tokko uumaafi uumamaaf qabu jechuudha.” jedha. Yaanni kun ilaalcha addunyaa kanaaf sabni

tokkoWaaqaf qabu kan agarsiisuufi jiruuf jireenyasaa keessatti hariiroo Waaqa waliin tolfachuuf gochaaleen inni hojjatuuf agarsiisu amantii kan ibsuudha.

Amantiin ilaalcha hawaasa tokkoo kan walfakkeessuudha. Amantiin Oromoo yookiin Waaqeffannaanis ilaalchi inni uumaaf qabu, uumamaaf qabu kan agarsiisuudha. Yaada kana deeggaruun Gammachuufi Sisay (2011:4), yommuu ibsan, “Amantiin ummata tokko hanga kan sabichi uumaafi uumama ittiin adda baafatu jireenyasaa ittiin ilaallatu, hubatuufi abdii ittiin Waaqa dhugeeffatee jiraatu ta’etti aadaafi qaroomina saba sanaa irraa adda baasanii ilaaluun ni ulfaata.” Jedhu. Kana jechuunis amantiin ilaalcha hawaasni tokko uumaafi uumama isaaf qabu akka sabaatti kan walfakkeessuufi jiruufi jireenya gaggeeffatu sana amantii isaan akka gaggeeffatu kan taasisuudha.Dabalataan Dachaasaan (2010) yaada kana deeggaruun yommuu ibsu, Amantiin saba keessatti uumame sana kan fakkaatu. Eenyummaa, duudhaa, afaaniifi aadaa saba amantaa tolfate sanaan ala bahuu hin danda’u. sababni isaas amantiin hawaasa jireenya, afaan, duudhaa, aadaafi seenaa walfakkaataa qabutuu akaataa isaaf toluu danda’uufi ilaalchasaa walfakkeessuu danda’utti uummata waan ta’eef(F.5).  jechuun ibsa.. yaanni kun immoo amantii saba amantii tolfate sana kan fakkaatu ta’uu kan ibsuudha.

Hawaasni Oromoo amantii Waaqeffannaa jedhamu tolfatee ittii jiraachaa akka ture ragaaleen garaagaraa ni ibsu. Waaqeffannaan jireenya Oromoo kan qajeelchu ta’uu Waaqeffattonni ni ibsu. Yaada kana deeggaruun Badhaasan (2016:1) yommuu ibsu, “Waaqeffannaa is the religion of the Oromo people. Given the hypothesis that Oromo culture is a part of the ancient Cushitic cultures that extended from what is today called Ethiopia through ancient Egypt over the past three thousand years, it can be posited that Waaqeffannaa predates the Abrahamic religion in its origin.” Jedha. Yaanni kun kan ibsu, Waaqeffannaan amantii ummata Oromoo aadaa kush qabachuun durii kaasee biyya Itoophiyaa jedhamuu hanga Misiritti waggoota kuma sadiin dura babal’atee kan ture ta’uufi amantii Abrahaam dursee kan jiru ta’uudha.

Waaqeffannaan Amantii saba Oromoo gaanfa Afrikaa keessa jiraatuufi ummata Kush keessaa hawaasa Oromoofi Sumaalee biratti har’allee hawaasa bal’aadhan kan hordofamaa jiruudha (WIKIPEDIA).  Amantiin kun dhufaatii amantii kiristaanaafi Islaamaa dura amantii Oromoon qabuudha. Yaada kana kan deeggaruun Maammoon (2002:1) yommuu ibsu, “amantiin Waaqeffannaa amantii umurii dheeraa qabdu kan ummata Kush Amantii bu’uuraa yoo taatu bu’uura amantii Kiristaanaa ta’uusaatiis qorattoonni seenaa ni mirkaneessu” jedha. Kunimmoo kan agarsiisu Amantiin Waaqeffaannaa bu’uura amantii addunyaa tanaa akka taateefi osoo

addunyaan tun gara sirnaan buluutti hin dhufiin Ummanni Oromoo Waaqeffannaan akka bulaa ture kan ibsuudha.

Waaqeffannaan amantii amantiiwwan addunyaa kanaa dursee beekumsa Gurraacha Afrikaa Hawaasa Oromootiin uumameedha. Yaada kana Cox (2016:144), "Waaqeffannaa is the indeginous religion of the Oromo which they have been practicising since ancient times. It is centred on belief in one God." Jedha. Kan jechuun ammoo Waaqeffaannaan amantii Oromoo ganamaa kan jiruufi jireenya isaa ittiin gaggeeffachaa tureefi amantii Waaqa tokkichatti amanuuti.

Waaqeffannaan qajeelchaa hawaasa Oromooti. Yaada kana deeggaruun Fileen (2016:29) yommuu ibsu, "Hawaasnis ta'ee namni amantii hin qabne jiruufi jireenyi isaa fayyaa qaba jechuun rakkisaadha. Sababni isaas amantiin hawaasa tokko qajeelchuufi abboomuu keessatti humna olaanaa qaba." Jedha. Kun ammoo amantiin jiruufi jireenya namaa qajeelchuu keessatti qooda kan qabuudha. Waaqeffannaanis jireenya ummata oromoo qajeelchuu keessatti qooda olaanaa kan qabuudha

Waaqeffannaan hawaasa keessatti kan calaqqisiifamu bifa adda addaatin. Amantaan Kiristaanatiifi Islaamaa osoo hinbeekamin dura hawaasni hedduun sirna amantaafi Waaqeffannaa mataa isaa qaba. Fakkenyaaf Oromoon duri jalqabee Waaqa tokkotti amana. Humni Waaqa irratti bulee ummatatti dhiyaatee kan mul'atu immoo qaalluudhan. Yaada kana Mohammad (2015:49) yommuu ibsu, ".. the Qaalluu and the abbaa muudaa are one and the same ritual leaders. As indicated above muudaa refers to both the ceremony held every eight years to honor holy person. The Qaalluu and the pilgrimage to his shrine which is a sacred site." Jedha.

Yaanni kun ammoo kan ibsu Qaalluufi Abbaan muudaa hoggantoota afuuraa ta'uun guyyaa jila hawaasaa hawaasa eebbisuun kan beekamuufi bakka qulqulluu yookin iddoo amantaatti qooda olaanaa kan qabaniidha. Akkasumas hoogantootaa amantii Waaqeffannaa keessatti qooda kan qaban ta'uu kan ibsuudha. Ayyaanni uumaafi uumamaa jidduutti qunnamtii uuma jedhama. Qaallun garuu Oromoo biratti qofa osoo hintaane hawaasa biroo keessattis guddinaan ni argama. Garaagarumman guddaan gidduu isaanii jira. Ayyaantuu bira deemuudhaan buna daffisanii, kennaa gara garaa qabatanii kadhachuun baadiyyaa keessatti waan baratameedha.

Waaqeffannaan jiruufi jireenya hawaasa Oromoo akka qajeelchuufi Oromoon Waaqaf safuu, jaalala akkasumas kabajaa kan qabuuf ta'uu Tafariin (1993:84) irratti ni ibsa. Kana malees Waqeffannaan amantii amantii Oromoo kan ganamaa akka taateefi amantaa hawaasni Oromoo ofumaa tolfatee Waaqasaa beekee ittiin bulu ta'uusaa Dirribiin (2012) ni ibsa. Amantii hangafa Gurraacha Afrikaa ta'e kun sirnaafi kabajaa Waaqaf qabu akkasumas Waaqan buluusaa kan agarsiisuudha. Hawaasni Oromoo Waaqa tokkotti akka amanuufi innis Waaqa uumama maraa akka ta'e Fileen (2016:91) irratti ni ibsa. Itti dabaluunis Oromoon Waaqa Waaqessu kan hin dhalle, kan hin dhalchine, kan hin dune Waaqa beelii belelii jechuun hordoftoonni amantii Waaqeffannaa yommuu kaasaan ni mul'ata. Waaqeffaannaa keessatti faaruun Waaqa ittii kadhatan yookiin ittiin jajatan Jeekkarsa kan jedhamuudha. Jeekkarsi kun mana amantii Qaalluu keessattis kan beekamuudha.

Ummanni Oromoo kutaa magaala Sabbataa keessa jiraatanis akkuma Oromoo kamiittuu amantii Oromoo ganamaatti dhimma bahaa kan jiruudha. Ummanni kun caba sirna isaatii asitti hambaa hafte itti rarra'ee kan dhimma itti ba'aa jiruudha. Amantiin kun kan mul'achaa ture iddoowan amantiin itti gaggeeffamu keessattuu iddoon Irreecha arfaasaafi birraa itti irreeffatu kan qabuudha. Iddoon kunis Malkaa Sabbataafi Tulluu Muudaa Furiitti irreeffachuun aadaafi amantaasaa kan gaggeeffachaa tureedha. Akkasumas manneen Qaalluu kutaa magaalaa kana keessa kan jiraniifi hordoftoota baay'inaan kan qabu ta'uu ragaan Aadaafi Turizimiirraa argame ni ibsa.

## 1.2. Ka'uumsa Qorannichaa

Qorannoon tokko yommuu adeemsifamu qorataa sana wanti isa kakaase jiraachuu qaba. Dhugaa hawaasa keessa jiru tokko qixa sirrii ta'een adeemsisuuf ka'uumsi qorannichaa haalaan barbaachisa. Addunyaa (2019:54) waa'ee ka'uumsa qorannoo yommuu ibsu, " Ka'uumsi qorannoo tokkoo dhugaa hawaasa keessatti ykn waa'ee hawaasichaa dhimma barreeffamerratti mul'atu, dhimmicha rakkoo, ykn qaawwa jiru tokko duuchuuf ykn yaaxxina tokko haaromsuuf ibsa bal'aa dhimmichatti kennuufi wkf ta'uu danda'a." jedha. Kunimmoo kan ibsu qorannoon tokko dhugaa hawaasa keessa jirus ta'ee rakkoo hawaasa tokko keessa jiru yaaxxinaan walbira qabuun qaawwa jiru duuchuu yookiin dhugaa sana baasuun yaaxxina sanallee gabbisuu kan nu dandeessisuudha.

Waaqeffannaan, adeemsa Faaruu Waaqa kan mataasaa qaba. Yaada kana Gammachuufi Sisaay (2011:102) yommuu ibsan, “Oromoon jeekkarsa Waaqa ittiin faarfatu kan durii jalqabee dhalootaa dhalootatti darbaa dhufe baay’ee qaba.” Jedhu. Kana jechuun jeekkarsi faaruu hawaasni Oromoo Waaqaf faarfatu yommuu ta’u bara durii jalqabee hanga har’aatti dhalootaa dhalootatti daddarbaa kan asgaheedha. Kun ammoo Oromoon faaruu Waaqa jeekkarsa jedhamu kan qabu ta’uu kan ibsuudha.

Jeekkarsa amantii Waaqeffannaa keessatti akkaataan inni itti jeekkaramuufi mana amantaa Qaalluu keessatti akkaataan inni itti jeekkaramu garaagarummaas walfakkeenyaas ni qaba. Jeekkarsi faaruu hordoftoonni amantii Waaqeffannaa kadhaa, galataafi marartee Waaqaf qaban ibsachuuf bifa yeedalootiin kan faarfataniidha. Kunis gaarummaa Waaqa, hojii Waaqa, guddummaa Waaqafi kabajaa Waaqaf qaban agarsiisuuf Waaqeffattoonni galma keessatti kan jeekkaran yoo tahu mana amantiii Qaalluu keessattis yeroo ayyaanni dhiyaatuufi ayyaanni godaanu hawaasa galma keessa jiruun kan jeekkaramuudha. Dachaasaa (2010/6413 A.L.O) Maqaa walfakkaataa jeekkarsa jedhamu kan qabuufi galma jedhamuun bakka lachuttuu kan waamamuudha. As keessatti manni amantaa lamaanuu akka gargariittii yeroo wal ilaalan ni mul’ata.

Haa ta’u malee maqaan isaan dhimma itti ba’an walfakkaata. Kun ammoo akkamiin akka adda ta’uu danda’eefi walfakkeenya isaan qabaniin walqabatee yeroo baay’ee sammuu qorataa keessa kan deddeebiyaa tureedha. Jeekkarsa kana manneen amantii lamaanitti abbummaa kennuun xiyyeeffannoo hawaasaa waan dhabsiisaa jiruuf gara irraanfatamuutti kan deemaa jiruudha.Sababni isaas qorataan jeekkarsa warra qaalluufi Waaqeffannaa dhaga’aa waan guddateef garaagarummaafi walfakkeenya isaan gidduu jiru adda baasuuf kan isa kakaasedha. Hanga ammaatti walfakkeenyaafi garaagarummaa mana amantaa lamaan kanaarratti qorannoon gaggeeffame hin jiru. Qorannoowwan jeekkarsaan walqabatee hojjatame inni tokko “Qaaccessa Qabiyyee Jeekkarsaa Galma Waaqeffannaa Godiina Shawaa Bahaa Aanaa Ada’aa Magaala Bishooftuu Hora Arsadii.” Digrii jalqabaan guuttachuuf Loomii Taliilaatiin Yunivarsiitii Haramaayaatti bara 2009 hojjatame. Kun ammoo, qabiyyee jeekkarsa amantii Waaqeffannaa qaaccessuu qofarratti kan xiyyeeffatuudha. Qorannoon kun ammoo, walfakkeenyaafi garaagarummaa jeekkarsaa kan amantii Waaqeffannaafi qaalluu irratti xiyyeeffata.

Dabalataan jeekkarsi Waaqeffannaa birattis ta’ee Qaalluu biratti beekamu kun hawaasa birattillee yaada waldhahaa waan uumeef hawaasni garaagarummaafi walfakkeenya isaa

hubatee duudhaa Oromoo kana akka kunuunsuuf qorannoon kun haalan murteessadha. Keessattuu dargaggoota yeroo ammaa jeekkarsa sababa amantii biraa keessa jiraniif seexana jedhanii balaaleffataniif duudhaa Oromoo ta’uusaa akka hubataniif kan gargaaruudha. Ka’umsi qorannoo kanaas kanumarratti hundaa’uun gaaffilee armaan gadii akka ka’uumsa qorannichaatti fudhachuun qorannoon kan gaggeeffameedha.

1. Adeemsa jeekkarsa Waqefffannaafi Qaalluu jidduu garaagartummaafi walfakkeenya akkamiitu jira?
2. Ergaawwan jeekkarsa Waaqeffannaafi Qaalluu Oromoorratti hojiirra oolan garagartummaafi walfakkeenya akkamii qabu?
3. Jeekkarsi amantii Waaqeffannaafi Qaalluu yoomessa akkamii keessatti jeekkarama?
4. Jeekkarsi amantii Waaqeffannaafi Qaalluu jiruufi jireenya Oromoo har’aa keessatti faayidaa maalii qaba?
5. Jeekkarsi Amantii Waaqeffannaafi Qalluu yeroo ammaa sadarkaa maaliirra jiru?

## 1.3. Kaayyoo Qorannichaa

Qorannoon tokko yommuu gaggeeffamu kaayyoo qabate sana galmaan gahuuf kan adeemsifamuudha. Kaayyoon sun kaayyoo murtaa’oo kan ta’aniidha. Kanaaf qorannoon kun kaayyoo lama of jalatti kan qabateedha. Isaanis kaayyoo gooroofi kaayyoo gooreeti.

### 1.3.1. Kaayyoo Gooroo

Kaayyooon gooroo qorannoo kanaa qaacceessa walfakkeenyaafi garaagarummaa jeekkarsaa kan amantii Waaqeffannaafi Qaalluuti: haala Qabatamaa Kutaa Magaala Sabbataa.

### 1.3.2. Kaayyoo gooree

Qorannoo kana keessatti kaayyoon gooree hammatamee gaggeeffame:

1. Adeemsa jeekkarsa Waaqefffannaafi Qaalluu jidduu garaagartummaafi walfakkeenya jiru ibsuu.
2. Ergaawwan jeekkarsa Waaqeffannaafi Qaalluu Oromoorratti hojiirra oolan garagartummaafi walfakkeenya jiru ibsuu
3. Jeekkarsi amantii Waaqeffannaafi Qaalluu yoomessa akkamii keessatti jeekkaramaa akka jiru addeessuu.
4. Jeekkarsi amantii Waaqeffannaafi Qaalluu jiruufi jireenya Oromoo har’aa keessatti faayidaa qabu tarreessuu.
5. Sadarkaa Jeekkarsi Amantii Waaqeffannaafi Qalluu yeroo ammaa irra jiru addeessuu.

## 1.4. Barbaachisummaa qorannichaa

Qorannoon tokko yommuu adeemsifamu qaawwa duuchuuf adeemsifamu kan qabuudha. Qaawwi sun ammoo hawaasa qorannoon sun irratti gaggeeffamuuf bu'aa buusu qaba. Yaada kanaan walqabatee Dastaan (2013: 64) yommuu ibsu, "barbaachisummaan qorannoo keessatti gaafa qorannoon kun gaggeeffamee xumurame ykn galma ga'e eenyufaan akka itti fayyadaman ibsama. Eenyufaan akka itti fayyadaman ibsinee dhiisuu qofa osoo hin taane akkamitti akka itti fayyadamanis ibsuun barbaachisaadha." Yaanni kun kan ibsu qorannoon gaggeeffame tokko kallattiin abbuummaa ibsuufi fayyadu sana kan ibsuufi adeemsa faayidaa isaallee eeruun dirqama qorataa tokkoo akka ta'e ni ibsa. Kanaaf qorannoon tokko qaawwaa inni duuchuuf yookiin rakkoof furmaata barbaadu sana fayyadamummaa hawaasni irratti adeemsifamu qabu ibsuunis haalaan kan barbaachisuudha.

Qorannoon yommuu adeemsifamu kaayyoo adeemsifamu sanarratti hundaa'uun barbaachisummaan isaa murteessadha. Kunis jamaa qorannoon irratti adeemsifamu sanaafis ta'ee qaama qorannoo sana adeemsisu akkasumas qaamolee dhimmi kun ilaallatu hundaaf faayidaa kan qabuudha. Hawaasni tokko qaroomina isaa keessatti akkaataa Waaqasaa itti beekuufi Waaqasaa itti faarfatu kan qabuudha. Kun ammoo dhalli namaa addunyaa kanarra jiru kamuu Waaqni jiraachuu isaa waan beekuuf akka sabaatti ammoo akkaataa Waaqasaa itti faarfatu qaba. Hawasni Oromootis faaruu Waaqa ittiin jajatu kan addaa addaa qabaatuus mana amantaa isaa keessatti kan ittiin Waaqa isaa faarfatu jeekkarsa jedhamuun beekama. Kanaaf qorannoon kun faayidaan isaa akka armaan gadiitti taa'e.

- ❖ Ummanni Oromoo amantii isaa keessatti faaruu Waaqa Jeekkarsa jedhamu kan qabu ta'uusaa addunyaa beeksisuuf
- ❖ Jeekkarsi Ummata Oromoo biratti akka jajjabeeffamuuf faaruu amantii Waaqeffanna keessatti utubaa Waaqeffannaa akkasumas Qaalluu birattis kan jiru akka ta'e namoota amantii biroo keessa jiraniifillee ilaalcha isaanii jijjiiruuf oola.
- ❖ Waajirri aadaafi Turizimii duudhaa hawaasaa kana kunuunsuun akka dhalootaa dhalootatti dabarsuuf akka hawaasa ittiin hubachiisuuf karaa kan saaquudha.
- ❖ Ummata kutaa magaalaa sabbataatiif ammoo jeekkarsi hambaa duudhaa hawaasa Oromoo kan ta'efi faaruu Waaqati malee waan biraa akka hin taane hubachiisuuf.
- ❖ Qorattoota biroo kana booda jeekkarsarratti qorannoo gaggeessaniif akka madda ragaatti kan fayyaduudha.

- ❖ Qorataadhaafis guddina barnoota isaa kan dabaluudha.

### 1.5. Daangaa Qorannichaa

Qorannoon tokko bu'a qabeessa yookiin milkaa'aa ta'uuf dirqama daanga'aa ta'uu qaba. Qorannoon daangaa hin qabu taanaan itti bahuun yookiin xumuruun waan hin danda'amneef daangaa itti gochuun bu'a qabeessummaafi xumuramuu qorannoo sanaatiif murteessadha. Yaada kana Addunyaa (2019:56) yommuu ibsu, "Qorannoon tokko daangaa qaba. Daangaan kunis bakka odeeffataafi qabiyyeedhaan ta'a." jedha. Kana jechuun qorannoon tokko qabiyyeefi bakkaan daanga'uun murteessadha. Kanaaf qorannoon kun qabiyyeefi bakkaan kan daanga'eedha.

Qabiyyeedhaan Qaaccessa walfakkeenyaafi garaagarummaa Jeekkarsa amantii Waaqeffannaafi Qaalluu yoo ta'u; bakkaan ammoo Magaala Shaggar kutaa magaala Sabbataati. Kutaa magaalaa kanarrattillee xiyyeeffachuun kan barbaachiseef iddicha filatame kana keessa manni amantaa Waaqeffannaafi Galmi Qaalluu baay'inaan waan jiraniif odeeffannoo akka gaaritti argachuun ni danda'ama yaada jedhurraa ka'ameeti.

### 1,6. Hanqina Qorannichaa

Adeemsa qorannoo tokkoo keessatti rakkooleen nama mudachuun waanuma jiraati. Rakkoon sun ammoo haguma fedheyyuu jabaatu kan hojicha sana nama dhaabsisu osoo hin taane tooftaafi furmaata garaagaraatiin irra aanun kan danda'amuudha. Kanaaf adeemsa qorannoo kanaa keessatti qoraticha rakkooleen isa mudatan jiru. Hanqinni qoraticha mudate kunis: rakkoo funaansa ragaaleerratti mul'ateedha. Adeemsa funaansa ragaaleerratti namoonni ragaa kennan dhimma isaanii qofa dubbachuu. Qabiyyee gaafataman sana dhiisuu qabiyyee biraa keessatti yeroo gubuudha. Kana malees yeroo ragaa kennan sodaan itti mul'achuudha. Namni ragaa achii argachuuf dirqama hordofaa amantii sanaallee akka ta'uu qabutti fudhachuu fuula haaraaf qorannoo baay'isuudha.


Kanas yeroo odeefkennitoonni gaaffii gaafataman dhiisanii yaada biraa haasa'aa oolan hanga isaan xumuratanitti eeguun xiyyeeffannoo gaaffichaa ibsuufi. Namoonni sodaa qaban ammoo adeemsa gaafficha ibsa gahaan erga taasifameefii booda akka isaan waan beekan himan taasifameera. Kanas ammoo waan Waaqa waan jedhaniif irraa sodaatu. Keessattuu namoonni waa'ee jeekkarsa qaalluu beekan yeroo itti lola kaasuun bifa biraatti qorataa hubachuun rakkisaa

turantu jira. Kanas ammoo qorataan xaalayaa qabatee jiru itti agarsiisus fudhachuu waan didaniif karaa jaarsummaa mana murtii aadaatiin xumuruun odeeffannoon funaanameera. Kana malees loogii odeeffannoo hambisuuf kopha kophaatti kan isaan ilaallatu qofa irraa guurrachhuun danda'ameera. Namoota bellamanii beellama dabarsan kanneen ammo manuma isaanii iyyaafachuun hojii isaan hojjatan gargaaraa kaayyoo qorannichaa ibsaafi adeemsa keessa qorannoon irraa funaanamuu danda'eera.

### 1.7. Ibsa Naannoo Qorannichaa

Kutaan magaala Sabbataa kallattii Shawaa Kibba lixaatiin magaalaa guddiitti Oromiyaa Finfinnee irraa gara Kaabaatti kiiloomeetira 25 fagaattee kan argamtuudha. Maqaan Sabbata jedhamu kan Moggaase Mootii Jimmaa Abbaa Jifaar Ta'uu ragaan garaagaraafi Aadaafi Turizimii Kutaa magaalichaarraa argame ni ibsa. Kunis Jimmaa Abbaa Jifaar Yommuu Finfinneefi Jimma deddeebi'u Kutaa Magaalaa kana keessa darbee kan deemuudha. Kanaa yommuu kutaa magaalaa kan gahu haawwan qoraan dugdatti baatanii magaalichatti gurguruu fiduun achitti sabbata ofirraa hiiku. Yommuu kana Jimmaa Abbaa Jifaar argee Sabbata Aayyoo jechuun moggaase. Kana qofa osoo hin taane Magaalota akka Tafkii, Agoriifi Walqixxeettillee akka moggaasaa ture ragaan Aadaafi Turizimiirraa arganne ni ibsa.

Kutaan magaalaa  kun aanolee sadi kan ofkeessaa qabdu yommuu ta'u isaaniis aanaa Moglee, Aaanaa Caffeefi aanaa meettaati. Aanaalee kunneen kun ammooa Zoonii jechuun bifa gandaatiin ofjalatti qoqqoodatee jira. Aanaaleen armaan olii kunniin moggaasa maqaa kan argate akkaataa itti argate kan qabuudha. Aanaan Moglee kan mogga'e maqaa gaara Mogleerraa kan ta'e yommuu ta'u kunis aanichi Gaara Moglee jalatti kan argamuudha. Jechi Mogle jedhummoo kan mogga'e gaaricha yeroo olba'an moglee nama laaffisa waan ta'eefi achirraa ka'uun Moglee akka jedhaniin ragaan Aadaafi Turizimii Kutaa Magaalaa Sabbataarraa argame ni ibsa. Aanaan Caffee ammoo maqaa caffee jedhurraa kan mogga'uudha. Kunis bakki aanichi itti argamu ardaa jilaa hawaasa naannoo iddoo Caffee jedhamutu jira. Iddoo kanammoo burqaa lafaa keessaa olburqu waan jiruuf sababa sanaaf naannawaan sun gannaa bona magariisa. Akkasumas hawaasni Oromoo naannawaa sanaa achitti sirna gadaa akka gaggeeffachaa ture raga namoota afgaaffiin taasifameefirraa argame ni ibsa. Kana malees aanaan Meettaa ammoo Gosa Oromoo Meettaa naannaawaa sana qubatee jirurraa akka mogga'e ragaan ni ibsa. Kunis bakka yeroo ammaa warshaan dhugaatii alkoolii Meettaa jedhamu itti argamuudha.




Suura1: kaartaa Kutaa magaala sabbataa OCHA irraa kan buufameedha.

### 1.7.1. Haala Qilleensaa

Haalli qilleensaa kutaa magaalaa sabbataa badda daree yoo ta‘u rooba waggaatti si‘a lama kan argattuudha. Kunis waqtii Gannaafi Arfaasaa keessa kan argamuudha. Kunis jireenyaaf miijoftuu akka taatuuf sababa kan ta’eedha.

### 1.7.2. Dinagdeefi Haala Hawaasummaa

Kutaan magaala sabbataa Dinagdee daldalaan walqabatan kanneen akka midhaanii,huccuu, meeshaalee dhumataafi dheedhii albuudota kanneen akka nyaataafi dhugaatii akkasumas oomisha aannanii irratti kan hundaa‘eedha. Dinagdeen magaalichaas kan durfamuu guutummaatti daldala irratti kan hundaa‘eedha.

Bu‘uuraalee misoomaa manneen barumsaa oolmaa daa‘immanii ja’a (6),sadarkaa 1ffaa sadi (3),sadarkaa 2ffaa Tokko(1),qophaa‘ina tokko(1),kolleejjii Barnoota Leenjii Tekinikaafi Ogummaa tokko(1), kolleejjii barnoota Barsiisotaa tokko(1), kiliinikoota shan(5), buufata fayyaa tokko(1), mana qorichaa torba(7),Hospitaala tokko(1) kan qabduufi iddoo bashannanaa 3,mana dubbisa kitaabaa tokko(1), dhaabbilee miti-mootummaa sadi (3)fi iddoo oolmaa dargaggootaa lama (2) kan of keessaa qabduufi kan hawaasni magaalichaa itti fayyadamaa jiruudha.Daandii, bishaanifi ibsaallee kan guuttattee jirtuudha. Kana malees Hojii qonnaa irratti bobba’anii kan argamaniidha. Hojiin qonnaa kunis gosoota midhaan akka xaafii, qamadii, baaqelaa, garbuu, shumburaafi kanneen kana fakkaatan yoo ta’u, omishaaleen kuduraafi muduraallee kan misoomaa jiruudha.

### 1.7.3. Aadaa hawaasichaa

Hawaasni oromoo kutaa magaala sabbataa aadaa hawaasni Oromoo akka walootti qabu kan akka aadaa fuudhaaf heerumaa, aadaa nyaataa, aadaa hojii, aadaa uffataafi aadaa waliin jireenyaa qaba. Aadaan isaa kunis akkuma aadaa oromoo kaleessaatti har'as dhimma itti bahaa jiru. Sababni isaas aadaan kuufama beekumsaa jiruufi jireenya hawaasa tokkoo keessatti argamuudha. Beekumsa kanaan jiraatu. Waliinillee jiraachuun aadaan hawaasa sanaa murteessadha. Kanaaf ummanni Oromoo Kutaa Magaala Sabbataas aadaa Oromoon dur uumaaf qabuun jiraachaa jira. Sababni isaas aadaan jiruufi jireenya hawaasa tokkoo waan ta'efi.

#### 1.7.3.1. Aadaa Fuudhaaf heerumaa

Ummanni Oromoo kutaa magaala sabbataa keessa jiraatan akkuma ummata Oromoo kaanii aadaa fuudhaafi heerumaa kan akka butii, kaadhimmachuufi irra dhaabatti dhimma kan ba'aniidha. Butiin aadaa fuudhaaf heerumaa gurbaan tokko intala fuudhuu barbaade fedhashee malee humnaan qabee kan galatuunidha. Askeessatti humnaan reebee yookiin sodaachisee fudhatee gala. Kaadhimmachuun ammoo, dargaggeessi gahe tokko dubara geese takka fuudhuuf maatii beeksifatee guyyaa cidhaallee qabatee guyyaa cidhaa isaa eeggata. Irradhaabni gosa fuudhaaf heerumaa gurbaan fuudhuuf ka'e qabeenya yoo hin qabne yookiin sababoota garaagaraatiif adfee fuudhuu yoo barbaade warra intala fuudhuu barbaade sanatti jaarsummaa itti ergatee yoo isaan eeyyaman osoo jaarsummaan sun hin xumuramiin fardaan duuba dhaqanii fudhatanii galu. Kana malees bifa fedhiitiin waliin galuun kan walfuudhanis jira.

#### 1.7.3.2. Aadaa Hojii

Aadaan hojii Ummanni Oromoo Kutaa Magaala Sabbataa keessatti dhimma itti bahan kan akka Daboo yookiin jigii, Waalechaafi Waanfalatti dhimma bahuun hariiroo hawaasummaa isaanii cimsatanii jiraatu. Daboon aadaa hojii Ummata Kutaa Magaala Sabbataa biratti sirriitti beekamuudha. Kunis ollaafi firri walii bahuun hojii kan walii hojjataniidha. Guyyaa daboo qabu sana abbaan daboo qabu sun namoota itti himachuu barbaadetti ni himata. Guyyaa sana warri kadhatame sun dhufeetu nyaachaa dhugaa hojii sana hojjataafi. Waalechaan ammoo, aadaa hojii namni tokko fira yookiin hiriyaa isaa hojii gargaaruu yoo barbaade namoota fudhatee dhaquun kan gargaaruudha. Askeessatti namatuu namaa kadhata malee namoota hojjatan sana abbaan

hojichaa hin kadhatu. Waanfallis aadaa hojii ummatichaa namoonni dabaree waliif hojjataniidha.

Akkasumas aadaan uffannaa, aadaan nyaataafi aadaan nagaa walgaafannaa aadaa hawaasa Oromoo kutaa kaanii waliin kan walfakkaatu ta’uu kan ibsuudha. Kanaaf ummanni Oromoo kutaa Magaala sabbataa keessa jiraatan aadaa Oromoo kan calaqqisiisaa tureefi har’allee aadaa isaa kanatti cichuun itti jiraachaa jira.

# BOQONNAA LAMA: SAKATTA'A BARRUUWWAN WALFAKKII

## 2.1 Yaadrimeewwan Aadaa

Aadaan kuufama beekumsaa hawaasni tokko jiruuf jireenya isaa keessatti horatuudha. Aadaan jiruuf jireenya hawaasa tokkooti. Fileen (2016:2) yommuu ibsu, "Aadaa jechuun akkaataa murni, hawaasnifi ummanni tokko jiruufi jireenya isaa ittiin gaggeessu; walii galu; waan tokko ittiin kalaqu; ittiin mala dhahu, waliin jiraatu; waliif ibsatu; walto'atu; walabboomu; walumaagalatti safuu ittiin bulmaataafi mallattoo hawaasichaafi murna aadaa isaa aadeffatuudha jechuun ni danda'ama." Jedha.

Kana jechuun aadaafi jiruuf jireenyi hawaasa tokko akka lafeefi dhukaati. Jiruufi jireenyi hawaasa tokkoo aadaa isaarratti hundaa'ee kan gaggeeffamuudha. Hawaasni tokko karaa aadaa isaatiin jireenya isaa gaggeeffata; karaa aadaa isaatiin jiraatalleedha. Kunimmoo jechuun aadaan waan baay'ee walxaxaa ta'eefi bal'aa jiruufi jireenya dhala namaa hunda keessa jiru ta'uu agarsiisa. Yaada kanaan walqabatee Dachaasan (2010/ 6413A.L.Otti), "Jireenya amantiin yookiin aadaan maalummaa isaan ibsama." Jedha. Kana jechuun dhalli namaa jireenyasaa kan ibsatu karaa aadaa isaatiin akka ta'e kan beekamuudha. Aadaan hawaasa tokkoof daandii jireenyaati akka jechuuti.

Dabalataan Eagleton (2016:1) waa'ee aadaa yommuu ibsu, "… It can maen (1) a body of artistic and intellectual work: (2) a process spiritual and enellectual development: (3) the values, beliefs, symbolic practices by which men and women live: (4) A whole way of life." Jedha. Yaanni kunis kan ibsu aadaan qaaama ogummaafi hojii hayyuuti: adeemsaa afuuraafi guddina hayyummaati; safuu, mallattoolee gochaa dhiiraafi dubaraan taasifamuudha. Walumaa galatti jireenya waliigala dhala namaati jedha. Tokko tokkoon yommuu ilaallu; aadaan qaama ogummaafi hojii hayyuuti yommuu jedhu dhalli namaa jiruufi jireenya isaa gaggeeffatu keessatti ogummaan jireenya isaa suniifi kuufamni beekumsaa hawaasichaa sun walitti dhufuun aadaa hawaasa ibsa.

Aadaan adeemsaa hafuuraafi guddina hayyummaati. Kunis jireenyi dhala namaa beekumsaan kan gaggeeffamuudha. Beekumsi kun ammoo afuura dhalli namaa ittiin abboomamu kan qabuudha. Beekumsi sun hawaasa sanaaf jireenya ta'a. Inni biraan aadaan safuu, amantaafi gocha dhiirriifi dubarri jireenya isaanii keessatti raawwataniidha. Kunis dhiirri akka

dhiirummaatti hojiileen wantoota dhiirummaasaa ibsanis ta'ee akka aadaatti hojiin inni qooddatee hojjatu sun aadaa ibsa. Akkasumas dubarri gaheen isheen hawaasa keessatti qabdu aadaa hawaasichaan kan daanga'ee taa'e waan ta'eef wanti isheen gootu sun aadaa hawaasichaa ibsa. Dhumarratti aadaan karaa jireenya hawaasa tokkoo hunda kan hammatu akka ta'e ibsa. Kana jechuunis jiruufi jireenyi hawaasa tokkoo bakka itti aadaa hawaasichaa keessaa bahee gaggeeffamu hin qabu

### 2.1.1. Duudhaalee

Duudhaan hawaasaa wanta aadaatin baayyee walitti dhiyaata. Duudhaan hawaasaa gochaafi ogummaa dhuunfaatirra xiyyeeffannaa kan itti godhu hariiroo (walitti dhufeenya) gareetirratti (Dorson 1972:3). Duudhaan hawaasaa ummata keessatti umurii dheeraa kan lakkoofsiseefi hawaasni hundi itti waliigalee kan fudhateedha. Irra deddeebii gochaa hawaasni tokko guyyuurraa jireenya gaggeeffatu keessatti godhuudha. Waan jiruuf jireenyaa isaa keessaa hafuu hin dandeenye kan akka ulaagaatti hawaasni kaawwatellee duudhaa ta'uu kan danda'uudha. Kunis kabaja ayyaanaa, qoricha aadaa, tapha aadaa, Waaqeffannaafi kanneen kan fakkaatan duudhaa hawaasaati.

Duudhaan irra deddeebii gochaa hawaasni tokko sirna keessatti, jiruuf jireenya keessatti dhimma itti bahuudha. Duudhaan kan hawaasa biratti gaariifi badaa jedhamee adda ba'uun beekamuudha. Saussine and Murphy (2007:118) waa'ee duudhaa yommuu ibsan, "Custom could be good or bad and reasonable or unreasonable." Jedhu. Yaanni kun kan ibsu, duudhaan waan hawaasa keessatti gaariifi yaraa jedhamuu adda baafameedha. Kunis waan gaarii ta'e waan gaarii ta'eef hawaasa keessatti kan sababa qabu. Kan yaraa ta'e ammoo waan yaraa ta'eef hawaasa keessatti kan sababa qabu. Kanaaf duudhaa jiruuf jireenya hawaasa tokkoo keessatti gaariifi yaraa jedhamee gaarii sana hordofuun waan yaraa sanarraa akka of qusatu kan hubachiisuudha. Kunis waan hawasa keessatti yaraa ta'ee mul'ate sababa ittiin yaraa ta'eef hawaasni kan qabu yommuu ta'u, wanti hawaasni gaarii jedhee fudhate sababa itti gaarii ta'eefillee ragaa waliin qabu.

Akka toorri marsariitii Marriam Webster ibsutti, duudhaan itti fayyadama yookiin gocha namoota baay'edhaaf bakka murtaa'atti taatee yookiin gochaa namoonni gareedhaan yookiin dhuunfadhaan yeroo dheeraaf shaakaluun taasisaniidha. Akkasumas waan irra deddeebiin hawaasni tokko shaakaluudha. Kunis shaakala hawaasa keessatti osoo walirraa hin citiin hawaasni tokko taasisuun yeroo dheeraa booda dhaabbataa ta'uun yeroofi bakka dhaabbataa ta'etti gochaan raawwatamu sun duudhaa jedhama.

Dhuudhaan hawaasaa wanta aadaa waliin baay‘ee walitti dhihaachuu Dorson (1972:3) yoo ibsu, Duudhaan hawaasaa uummata keessatti umrii dheeraa kan lakkoofsiseefi hawaasni hundi ittiin waliigalee kan fudhate akka ta’e eera. Kutaa kana jalatti kan ramadamanis kabaja ayyaanaa, qoricha aadaa, tapha aadaa Waaqeffaannaa guddina sadarkaa yookiin kabaja namaa ta’uu tarreessa. Kanaafuu duudhaan hawaasaa faana kanneen walqabatan safeeffannaafi safuu kan walqabatan kan ilaalchi addaa xiinsammuunis kennamuufidha. Dabalataanis, Maammoon (2013:223) waa’ee duudhaa akka ibsetti, duudhaan haala jiruufi jireenya sabaa kan guutummaan guutuutti hammatuudha. Amantiin immoo qaama aadaa keessaa tokko ta‘uu himee jira. Akka hayyootani kanneen kaa’anitti akkuma aadaa keessa sirni fuudhaafi heerumaa jiru, aadaawwan nyaataafi kan biroo keessaas sirni aadaafi amantii jira.Sabni amantii kamiyyuu Waaqa akka itti kadhatan niqabu.

### 2.1.2. Amantii Oromoo

Amantii ilaalchisee hayyoonni garaagaraa akkasumas beektonni amantii garaagaraa akkaataa garaagaraan hiika itti kennu. Amantiiwwan addunyaa kanarra jiran hiikaan isaan amantiif qaban adda addadha. Dhalli namaa kamuu amantii isa qajeelchu kan maatii isaarraa dhaaleefi ofii isaatiif isaaf mijatuun jireenyasaa gaggeeffachuuf kan ittiin jiraatuudha. Amantiin walqabatee Philips (1994:1) yommuu ibsu, “each person is born in a circumstance which is not of his own choosing. The religion of his family or the ideology of the state is trust upon him from the very beginning of his existence in this world.” Jedha. Yaanni kun kan ibsu, namni kamuu haala keessatti dhalateen maatii irraa dhalateen yookiin yaadama hawaasni inni keessatti dhalate irratti hundaa’uun amantii warra isaa isaa sana amana. Kun ammoo amantiin walirraa dhaalamaa kan deemu ta’uusaa agrsiisa.

Amantiin jiruufi jireenya dhala namaa qajeechuuf qooda guddaa kan qabuudha. Kunis dhalli namaa waan gaariifi badaa adda baasee akka jiraatuuf qoonni amantiin qabu xiqqaa miti. yaada kana deeggaruun Fileen (2021:29) yommuu ibsu “hawaasnis ta’ee namni amantii hin qabne jiruufi jireenyi isaa fayyaa qaba jechuun rakkisaadha.” Jedha kun ammoo kan ibsu namni jiraachuuf dirqama amantaa qabaachuu qaba. Namni amantii hin qabne jiruufi jireenyi isaas kan roga qabu osoo hin taane burjaaja’aafi akka malee nama jiraatu ta’a. Kun ammoo jiruufi jireenya dhala namaatiif balaa waan ta’eef amantiin qajeelchituu jiruufi jireenya namaa akka ta’e armaan olitti ibsameera. Kana malees waa’ee amantii Dachaasan (6412/2010: 33), “Dhalli namaa uumamee edda ofii uumama keessatti ofbeekee sammuu Waaqni badhaaseen yaaduu eegalee kaasee dhiibbaa uumamni irraan ga’u irraa ofbaraaruuf /oolchuu/ deemsa bara dheeraafi

dhalootaa dhalootatti yaada sammuusaa guddifachaa dhufe. Uumama kana kan akkanatti uume anas dabalatee waa tokko jira jedhee amana.” Jedha. Kanarraas kan hubannu dhalli namaa sammuu ittiin kan isa uume beekee uumama akka isaallee beekuun jiraatu ta’uusa ibsa.

Amantiin hidhata dhalli namaa uumaa isa uume waliin qabuudha. Kana jechuun karaa dhalli namaa Waaqa isa uume waliin walqunnamuudha. Yaada kana deeggaruun Cavanaugh (2009:158) yommuu ibsu, “..Religion= The social + a particular kind of irrational misreading of the social interms of God, heaven and so on.” Jedha. Yaanni kunis walitti dabalama hawaasaafi wantoota dubbifamuu hin dandeenye jechuunis wantoota icciitiin isaanii hin beekamne kanneen akka Waaqa, Jannataafi kanneen kana fakkaataniidha jedha. Hawaasni tokko waan isa uume kan oolchee isa galchuufi waan hawaasni sun wanti akkanaa ni jira jedhee ammoo qabatamaan bira hin geenye sun amantiidha jedha.

Akka amantii Waaqeffannaatti amantiin tolfata sabaa kan sabni tokko ittiin waljala yaa’ee oo ee walii qabaatee galuudha. Akkasumas amantii sabatuu akka isaaf toluufi aadaa isaa waliin deemutti kan tolfatuudha. Kunis Amantiin Waaqeffannaa Amantii Hawaasa Oromootiin Afaan Oromootiin Aadaa Oromoofi Heera Uumaa bu’uureffatee tolfameedha. Kanaaf Waaqeffannaan yoo ka’u afaan, aadaafi sabni Oromoo ka’uun waan hafuu miti. Amantiin saba abbaa amantii sana fakkaata jedha Waaqeffataan.

#### 2.1.2.1. Ayyaantuu

Ayyaantuun amantii Waaqeffannaa keessatti dursaa amantichaa akka ta’e namoonni garaagaraa ni ibsu. Akka barruun “Waaqeffannaa” jedhu ibsutti, jecha Ayyaantuu jedhu yaadrimee ayyaanaafi aantuu jedhurraa akka dhufe ni himu. Kunis hariiroo Waaqafi dhala namaa gidduu jiru kan uumu yommuu ta’u afuura humna Waaqan kan abboomamu ta’uu barruun kun ni ibsa. Waa’ee Ayyaantuu kana Dachaasan (2010:67) yommuu ibsu, “Ayyaantuu kan jedhamu ayyaana isa jedhamurraa kan madde.” Jedha kana jechuun yaadrimeen Ayyaantuu ayyaanaan kan walqabatuufi ayyaannimmoo sagantaa dhalli namaa hariiroo Waaqa waliin qabu tolfachuuf godhuudha. Kana malees yaadrimeen ayyaantuu jedhu nama qulqulluu ta’ee dhala namaafi Waaqa walitti fiduun seerri Waaqa akka kabajamu taasisuudha. Kunis dhalli namaa karaa seera Waaqa kabajuutiin hariiroo Waaqa waliin tolfachuu akka danda’u ibsa.

Ayyaantuun beekumsaafi ogummaa addaa Waaqni kenneefiin hawaasa isaa kan tajaajiluufi gargaarudha. Kana jechuun beekumsa hawaasa tokko fayyisuu; qajeelchuu; raaguufi faluun kan dhibdee hawaasarraa kaasuu danda’uudha. Kanaaf ayyaantuun Waaqatti aanee uumama hunda kan caaluufi beekumsa Waaqni kenneefii hawaasa kan eegu akkasumas beekumsa garaagaraatiin hawaasa isaa kan tajaajiluufi beekumsa akka: dhaha ilaaluu, moora ilaaluu, buna qalaa ilaaluu, cirracha ilaaluu, roobsisuufi caamsisuu kan danda’uudha Dachaasaa (2010:68).Kunis kan ibsu ayyaantuun beekumsa uumama kamuu caalu kan qabu ta’uufi uumama hundarra humnallee qabaachuu danda’a.

Ayyaantuun dhugaa Waaqa tiksuun dhalli namaas Dhugaa Waaqaa beekee akka seera Waaqatti buluuf kan qajeelchuudha. Akkasumas uumama qulqulluu namarraa adda ta’ee kan seera Waaqaa ofii kabajee dhalli namaalle akka kabaju taasisuufi namoota seera Waaqa cabsan barsiisuun akka seera Waaqa kabajanii jiraatan taasisa (Waaqeffannaa Post).

Ayyaantuun walqabatee yaadonni garaagaraa yommuu ka’an kan mul’atuudha. Namoonni tokko tokko Ayyaantuufi Qaalluu kan walitti fidan yommuu ta’u, namoonni tokko tokkommoo Ayyaantuufi Qaalluu adda adda jedhu. Kanaaf ammoo Dirribiin (2011) ayyaantuu nama hawaasa keessatti seera Waaqa beekee hawaasallee seera Waaqa barsiisufi Qaallurraa adda akka ta’eetti ibsa. Qaalluun kan mataa Raasuufi kan mataa hin raasne akka jiru ibsa. Kan mataa raasu kan hafuuraan hoogganamu akka ta’etti kan ibsu yoo ta’u, namoonni kaan ammoo jecha Qaalluufi Ayyaantuu jedhu akkuma walfakkaatutti ilaalu.

**2.1.2.2. Qaalluu**

Hiika Qaalluutiin walqabatee namoonni garaagaraa akkaataa garaagaraan kan ibsaniidha. Kunis kaawwan isaanii amantii Waaqeffannaa waliin walqabsiisuun akka qajeelchaa amantii Waaqeffannaatti kan ibsan ni jiru. Kanas akka seerri Waaqa karaa Qaalluutiin hordofamuutti kan ibsanidha. Yaada kana deeggaruun Tasammaan (2012:93) waa’ee Qaalluu yommuu ibsu Qaalluun eegduu seera Waaqaa kan ta’eefi seera Waaqaa uummata barsiisuun seerri Waaqaa akka hin dabne kan qajeelchu ta’uusaa ibsa. Kun kan agarsiisu hariiroo namaafi Waaqa gidduu jiru kan uumu Qaalluudha. Qaalluun gosa Oromoo hunda keessa kan jiruufi warra Afaan Waaqa dubbatan kan jedhamaniifi beekumsa akka Urjii lakkaa’uu akka ykn Dhaha Heduu akka Booranaatti; waan gara fuulduraatti hawaasa mudachuu danda’u kan raagu; guyyaa kabaja ayyaanaa kan akka Irreechaa kan beeksisuufi seeraafi safuu Waaqaa kan eegee hawaasallee eegsisu mataa hawasa sanaa ta’ee kan jiru jechuun Gammachuufi Sisay (2019:18-19) ni ibsu.

Kanaaf Qaalluun jiruuf jireenyi hawasa tokkoo akka qajeelu kan taasisuufi namni seera Waaqa dabsee Waaqan akka walitti hin buune eega.

Kana malees Qaalluun jiruuf jireenya hawaasaa keessatti qooda olaana kan qabuudha. Hawaasa Oromoof karaa kan agarsiisu; kan hogganu; kan qajeelchuufi nagaan waliin akka jiraatan kan taasisuudha. Yaaduma kana deeggaruun Ashaannaafi(2019:12) yommuu ibsu, "Qaallonni sirna Gadaa ummata, uumamaafi Waaqa kadhatu; galateeffatu; ummata eeye-bisu;looniifi midhaaniif rooba kadhatu. Warra bira dhaqanii Waaqa kadhachuuf is muudaniif eebba kennu." Jedha. Kanarraa wanti hubatamu Qaalluun jiruufi jireenya hawaasaa keessatti gahee kan qabu ta'uusaafi namaa sa'aaf nageenyiifi qananiin, gammachuufi quufni akka jiraatu kan Waaqa kadhatuufidha. Namaa sa'aaf akka roobu; qajeelummaa namaatiif kan eebbisuufi araara hawaasa gidduutti buusee hawaasa nagaan kan waliin jiraachisu ta'uusaa baanuu armaan oliirraa hubachuu ni dandeenya.

Inni biraan ammoo, Qaalluun Amantii Waaqeffannaa keessatti hoogganaa kan ta'eefi qajeelchaa amantii sanaati. Nama hariiroo Waaqa waliin qaba jedhamuun ergaa Waaqafi nama gidduu deddeebisu jechuun yeroo duubatanis ni jira. Kana malees Qaalluun Ayyaantuu jedhamuunillee kan waamamu ta'ee kabaja guddaa hordoftoota Amantii Waaqeffannaa biraa kan qabu jechuun ibsu. As keessatti Maammoo (2013) keessatti waa'ee Qaalluu yommuu ibsu, Qaalluun Oromoo qajeelchaa yookiin barsiisaa amantii Waaqeffannaati jechuun ibsa. Yaaduma kana deeggaruun Ashannaafiin (2019:12) yommuu ibsu, Qaalluun uumamaaf Waaqa kan kadhatu; galateeffatu, eebbisuufi nagaa biyyaaf nama Waaqa kadhatuudha. Akkasumas nama Waaqafi nama walqunnamsiisu jechuun ibsa. Yaanni kun kan ibsu Qaalluun bakka hawaasni itti dabe kan beekuufi qajeelchufillee humnaafi beekumsa kan qabu ta'uusaa agarsiisa.

Qaalluun sirna gadaa keessatti akka qaama ofdanda'aa tokkootti gadaa sana kan eebbisuufi qajeelchudha. Kun ammoo Sirna Gadaa keessatti Abbootii Gadaafi jila garaagaraarratti eebbisuun kan beekamaniidha. Hiikni Qaalluuf gama kanaan kennamu keessattuu sirna gadaan kanneen walqabatuudha. Yaada kana deeggaruun Asmarom (1973) yommuu ibsu, Qaalluun Waaqarraa kan muudamuufi rakkoo hawaasaa furuuf gosaa keessaa kan bahuudha. Kunis kabajaa olaanaa kan qabuufi muuduufi kaasunillee kan hin danda'amne ta'uu kan ibsuudha. Kana malees Qaalluun gosa keessaa bahu qaba. Gara biraatiin Qaalluun nama beekumsa qabuunillee yommuu jedhamu ni mul'ata. Keessattuu baha Oromiyaa keessatti Qaallichaafi Qaallittii jedhanii yeroo wal waamaan ni mul'ata. Kun ammoo kan agarsiisu nama beekumsa

qabuun jechuu isaanii agarsiisa. Kunis Qaalluun beekumsaan hawaasa kan hogganu ta'uufi beekumsa Waaqarraa argatee Waaqan walqunnamee namaaf ergaa dabarsa yaada jedhuun walfakkaata. Yaada kana deeggaruun fileen (2021:126) yommuu ibsu, Qaalluun nama beekaa raajii Waaqafi seera Waaqa namatti himu; nama ergaa Waaqa namaan gahu, nama waan gaarii gochuun hawaasa keessatti kabajamuufi sirna Gadaa keessattillee eebbisuuf akka gahee qabu ni ibsa.

Inni biraan ammoo Qaalluun Qaalluu fagduufi Qaalluu raagduu jedhamuun bakka lamatti kan qoodamuudha. Qaalluu fagu kan jennu Qaalluu Dalagu jechuudha gosti Qaalluu kanaa baay'inaan Maccaafi Tuulama akksumas Baaleefi Arsii keessalle kan jiruudha. Qaallun raagu ammoo gosa qaalluu hamtuufi gaarii hawaasatti dhufuuf deemu fuulduratti ilaaluun hawaasa beeksisu kan mataa hin raasne, kan hin fagne jechuun Dirribiin (2009) ibsee jira. Akka ilaalcha Amantii Waaqeffannaatti immoo Qaalluun Amantii Waaqeffannaa waliin kan wal hin qabanneefi ilaalcha Amantii Waaqeffanna waliinillee kan walhin fakkaanne ta'uu kan ibsaniidha. Ujulu (2018:278) akka ibsutti, Qaalluun keessattuu Oromoo Tuulamaa biratti kan Galma mataa isaa qabuufi hawaasni guyyaa ilmoo godhatee fudhatee dhaquun maqaan bakka itti mogga'u kan hammachiisa jedhamuu kan raawwatu ta'uufi jiruufi jireenya hawaasaa kan gara fuulduraas kan himuuuf ta'uu ni ibsa.

#### 2.1.2.3 Waaqeffannaa Oromoo

Waaqeffannaan amantii Oromoo kan ganamaati. Kana jechuun Osoo amantiin kiristaanaafi Islaama gara biyya kana hin galiin dura ummanni Oromoo Amantii Waaqeffannaatiin bulaa ture. Yaada kana Ujuluun (2018:34) yommuu ibsu, "The Oromoo indigenous religion is monotheistic religion that the Oromo have followed since their existence as a nation. It is a religion that was practiced by the Oromo long before the arrival of christanity and Islam in the region." Yaanni kan ibsu hawaasni Oromoo osoo amantii kiristaanaafi Islaamaa gara biyyaatti hin galiin dura yeroo akka sabaatti ofdanda'ee jiru amantaa mataa isaa kan qabuufi Hordofaa ture Waaqeffaannaa kan jedhamu akka qabu ibsa.

Waa'ee Waaqeffaannaan walqabatee Dachaasaan (6412/2010: 117) irratti Waaqeffannaan kan ummanni Oromoo uumaa isaa beekee safeeffatuufi uumamasaa kabajee jiraatudha. Akkasumas hordoftoonni amantii Waaqeffannaa Waaqeffataa akka jedhaman kan ibsu yoo ta'u amantii Oromoon tolfate bu'uura addunyaa kanaa akka ta'e ni ibsa. Sirni Waaqeffannaa hawaasa keessatti kan calaqqisiifamu bifa adda addaatin. Oromoon duri jalqabee Waaqa tokkotti amana.

Humni Waaqa irratti bulee ummatatti dhiyaatee kan mul’atu immoo qaalluudhan. Innis ayyaanaa jedhama jedhu.

Namoonni beekna jedhan tokko tokko waqqeffannaan walqabatee hawaasni Waaqa baayyeef akka sagadan dubbatu. Haa ta’u malee wallaala irraa kan ka’e miseensonni hawaasa tokko tokko kan dubbataniirraa ka’anii xumura kana irra gahuun dogoggora. Duudhaa amantaa Oromoo ilaalchisee, Oromoon uumaa tokkotti qofa amana. Yaada kana Cox (2016:144) ,“ Waaqeffannaa is the endiginous religion of the Oromo which they have been practicing since the ancient times. It is centered on beliefs in one God which the Oromo refers to Waaqa, the creater of all things.” Jedha. Kunis kan ibsu Oromoon amantii Waaqeffannaa jedhamu kan Waaqa tokkicha abbaa uumama hundaa ta’etti amanuufi ittiinillee bulaa ture agarsiisa.

Beekumsi amantii Waaqeffannaa jiruuf jireenya ummata Oromooti. Beekumsa Waaqafi Waaqatokkicha beekuun mataan isaa beekumsa jireenyaati. Beekumsi jireenyaa kan dhufu qulqullummaan seera Waaqa eeganii jiraachudhaani. Yaada kana Maatiin (6410 A. L G), “Waaqeffannaan sirna amantii qulqullummaan gara Waaqatti dhiyaatanii ittiin dhugeeffataniidha.” Baanuun kun kan ibsu jiruufi jireenyi hawaasa Oromoo heera Waaqa eeguun jiruufi jireenya qajeelloon kan jiraatamu ta’uudha. Kana malees beekumsi hunda caalu beekumsa Waaqa beekuu kan ta’eefi uumama Waaqa beekuun kabajaafi kunuunsa uumama sanaaf malu gochuun gahee dhala namaa akka ta’e Daaniyaan ni ibsu.

**2.2. Faaruuwwan Amantii Oromoo**

Hawaasni Oromoo yeroo baay’ee waan jaalatu faaruudhaan ibsata. Waan jaalatuus ta’ee kan kabaju akkaataan inni mararteesaa ittiin ibsatu keessaa tokko faarudhaani. Faaruun jajachuudha; galateeffachuudha; ofitti aanfachuudha; mararsiifachuudha. Hawaasni Oromoo Faaruu waan lama ittiin faarfachuuf kan dhiimma itti bahuudha. Kunis faaruu uumaasaa (Waaqa) ittiin faarfatuufi Uumama ittiin faarfatuudha. Faaruun uumaa ittiin faarfatu faaruu Waaqa isa uume kan isarra isa beekun; kan ooltee bultee namaa qajeelchu; kan fayyaa namaaf kennee oolchee nama galchu ittiin faarfataniidha. Faaruun Waaqaf faarfatamu yoomessa mataasaa kan qabudha. Kunis Galma keessatti kan faarfatamu jeekkarsa jedhama.

Faaruun Waaqa akkaataafi adeemsa Waaqa ittiin faarfatan qaba. Waaqa uuma aabbaa uumama maraa faarfachuun fayyaafi nagaa nama dhuunfaa irraa eegalee hanga sadarkaa biyyaatti ittiin kadhachuufillee kan ooluudha. Faaruun jiloota garaagaraarratti faarfatamu; faaruun guyyaa ateetee faarfatamu; faaruun guyyaa ayyaanota akka irreechaa, gaafata, jaaricha, wadaajafi

kanneen kana fakkaatan keessa faarfatamu faaruu Waaqa ta’uu kan ta’eedha (Imaanaa, 2007:27).

Faaruun uumamaaf faarfatamu ammoo faayidaa uumamni sun dhala namaatiif kennurratti hundaa’uun uumama sana kan faarsaniidha. Jiruufi jireenya keessatti hariiroo waliin qaban irratti hundaa’uun wantoota uumama biroofi dhala namaa walitti fidu sanarratti hundaa’uun kan jajataniidha. Faaruun uumamaaf hawaasni Oromoo faarfatu: faaruun loonii, faaruu daa’immanii, faaruu haadhaa, Faaruu abbaa, Faaruu biyyaa, faaruu midhaanii, faaruu gootaa akka fakkeenyaatti kaasuun ni dandaama.

Faaruun hawaasni Oromoo ittiin Waaqa uumaasaa faarsu jeekkarsa jedhama. Jeekkarsi Waaqa kadhachuuf, galateeffachuuf akkasumas mararsiifachuuf hawaasa Oromoon jeekkarama, manneen amantaa biroo keesstti faaruu yommuu jedhamu hawaasa Oromoo birattimmoo jeekkarsadha, fakkeenyaaf amantii Kiristaanaa biratti faaruu Waaqa (Mazmur) jedhama, amantaa Isalaamaa birattimmoo Manzuuma jedhamuun kan beekamuudha. Ammoo amantaa Waaqeffannaa biratti Jeekkarsa jedhamuun beekama.

### 2.2.1 Jeekkarsa Waaqeffannaa

Amantiin Waaqeffannaa akkuma amantiiwwan addunyaa kanarra jiranii amantii ofdanda’aafi hundaan guutuu ta’eedha. Amantiin kun faaruu ittiin Waaqa galateeffatan; kadhatan; jajatan; mararsiifataniifi uumama isaa ajaa’ibsifatu jeekkarsa kan jedhamu qaba. Jeekkarsi faaruu amantii Waaqeffannaa keessatti Waaqa kadhaaf, galateeffachuuf, mararfachuuf, jajachuuf, olaantummaa Waaqaf ibsuufi kabajaa ibsuuf Waaqeffataan jeekkaruudha. Akkasumas jeekkarsi kabajaa Waaqni hawaasa Oromoo biratti qabu, Waaqa bara baraan jiraatu, Waaqa gochaasaa malee isa arguu hin dandeenye abbaa uumama maraa kan ittiin faarsinu ta’uu Fileen (2021:98) ibsee jira. Waaqa roobee marga magarsu, ilmoo uumee nama badhaasu guddummaasaa ibsachuuf akkasumas arjummaa isaa ibsachuuf hawaasni Oromoo jeekkarsatti dhimma ba’a.

Jeekkarsi kan jeekkaramu galma keessattidha. Galmi ammoo mana amantiin Waaqeffannaa keessatti raawwatamuudha. Akka Qaallutti ammoo mana keessatti dalaganiidha. Galma amantii Waaqeffannaa keessatti jeekkarsi ganamaafi galgala kan jeekkaramu yommuu ta’u innis Waaqa nagaa bulteefi nagaa ooltee gaafachuun akka nagaanillee oolan itti himuun galata isaaf galchuuf kan jeekkaramuudha. Galma qaalluu keessattimmoo yeroo ayyaanni dhufu akka ayyaanni

dhiyaatuufi dhufaa jiraachuusaa ibsuuf maqaa ayyaana sanaa waamuun kan jeekkaran yommuu ta'u mataa raasuun kan jeekkaramuudha. Akkasumas yommuu ayyaanni deemuf ka'u ammoo deemuusaa sana ibsuu jamaan achi keessatti amantii sana gaggeefatu sun kan jeekkaraniidha.

Kanaaf akka amantii Waaqeffannaatti jeekkarsi ganamaafi galgala akkasumas guyyaallee kan jeekkaramuudha. Bakki itti jeekkaramu ammoo Galmadha. Ganama "Yaa Waaq Nagaa ooltee? Fi yaa Waaq nagaa jirtaa?" jedhaniit Waaqa nagaa gaafachuun jalqabu. Achiin booda jeekkarsa biraas itti dabaluun ni danda'ama. Inni biraan guyyaallee jeekkaruun kan danda'amuudha. Kana malees galgala ammoo, "Yaa Waaq nagaa Oolteefi yaa Waaq nagaa jirtaa?" jedhanii jeekkaru. Kunis jeekkarsi ganamaafi galgala jeekaramu kan gargar ta'e ta'ee sokorri keessa jiru gauu walfakkaachuu ni danda'a. as keessatti tokkoon tokkoon jeekkarsaa ergaa qaba.

### 2.2.2 Jeekkarsa Qaalluu

Akkuma Amantii Waaqeffannaatti galma Qaalluu keessattillee jeekkarsi ni jeekkarama. Kun ammoo kan Amantii Waaqeffannaatiin garaagarummaa qaba. Yoomessi jeekkarsaa akkaataa ayyaanni dhiyaaturratti kan hundaa'edha. Kana malees guyyaa Wadaajni jiru hordoftoonni amantichaa galma keessatti walgahuun halkan guutuu jeekkaraa bulu. Askeessatti yommuu jeekkaran guutummaa jeekkarsa sanaa maqaa ayyaana warra Qaallichaa sana kan qabuudha. Yaada kana deeggaruun Ashannaafiin (2019:15), "Wadaaja jechuun irrummaa, aantummaa, walmararfachuu, walii yaaduu walii birmachuu jechuudha. Kanas warra yookiin maatii tokkotuu bulfata. Guyyaa kana ayyaantuu warra dhahaafi faaruu ayyaanaa kanaa beekaan affeeruun Waaqa isaanii kadhachaa, faarfachaa, galateeffachaa bulu." Jedha. Kunimmoo kan ibsu jeekkarsi guyyaa wadaajni mana nama dhuunfattis ta'ee galma qaalluu keessattillee kan jeekkaramu ta'uusaa kan ibsuudha. Kana malees hawaasnillee akkaataa ittiin wadaaja godhatee wadaaja sanarratti jeekkaru kan qabu ta'uu ibsa.

Jeekkarsi Qaalluu hurruubummaan isaa bifa adda ta'een kan hurruubamuudha. Yommuu jeekkaran Qaalluun dalagu kan mataa raasuufi sagleen cookuu jalaa kan dhagahamuudha. Qalluun jajamuun maqaa ayyaana qaalluu sanaa waamuun jeekkarama. Qaalluu guddicha Warra Jijoo Gabataa (Danfa Abbaa Boorichaa) kan guutummaa maccaafi Tuulamaa keessatti damee horachuun maqaa lafaa kanneen akka Giiftti Birboo, Giiftii Abbayii, Guddicha Tarroo, Abbaa Magaalifi kanneen kana fakkaatan maqaa dhawuun ni danda'ama. Kun ammoo lafa qubatan sanaan waamamuun hoogganssummaa lafa sanaa ibsachuun akka ta'ellee moggaasa maqaarraa

hubachuun ni danda’ama. Maqaan Qaalluu inni Biraan Shawaa bahaa dabalatee kutaa Oromiyaa bahaa kana keessatti kan jiru ammoo Faraqqasaa kan jedhamuudha.

**2.3. Qorannoowwan Aantee**

Jeekkarsa amantii Waaqeffannaafi Qaallutiin walqabatee qabiyyee garaagaraarratti qorannoon garaagaraa hojjatameera. Qorannooleen kunniinis kallattiin qorannoo kanaan kan walfakkaatu osoo hin taane dirreen qorannoo walfakkaatuus bakkiifi qabiyyeen garaagarummaa kan qabuudha. Mata dureewwan qorannoo walfakkiin hojjatamanii akka armaan gadiitti ibsama.

Tokkoffaan, “Qaaccessa Faaruu Waaqeffannaa Godina Shawaa Kibba Lixaa Aanaa Sooddoo Daaccii” Geetaachoo Dhugaasaa sheeqataatiin Yunivarsiitii Finfinneetti bara 2018 hojjatame. Kaayyoon isaas gooroofaaruu Waaqeffannaa galumsa raawwii amantichaa keessatti funaanuu, qaaccessuufi akka ambaa hawaasaatti kunuunfamee akka tursiifamu taasisuudha. Argannoon isaammoo, faaruu Waaqeffanaatiin ergaa dabarfachuu, gocha badaa ittii balaaleffachuu, ayyaanota garaagaraa keesatti dhimma bahuufi dhiibbaalee siyaasaafi amantiilee biro kan qabu ta’uu ibsa.

Lammaffaan,Nugusee Iddeessaa (2009), “Qaaccessa Sirna Waaqeffannaafi Fayyadama Afaanii Warra Kallachaallee: Godina Shawaa Lixaa Aanaa Daannoo,” jedhu irratti qorannoo gaggeesseera. Qoratichi sirna Waaqeffannaafi fayyadama afaanii warra kallachaallee irratti xiyyeeffachuun ibseera. Qorannoo kana wajjiin dhimmoota amantii Waaqeffannatiin walqabatan tuttuquun isaa walfakkeessa. Sirna Waaqeffannaa kallachaallee keessatti itti fayyadamni afaanii toora xiyyeeffannaa qoratichaati. Garaagarummaan qorannoo kana waliin qabu, dhimma amantii Waaqeffannaa galmaafi yoomessa adeemsa raawwii amantii Waaqeffannaa galmaa xiinxaluu dhabuun isaa adda adda taasisa.

Tokkoffaan, Imaanaa Bayyanaa (2007) “Qaaccessa Qabiyyee Faaruu Amantii Duudhaa Oromoo” kan jedhu irratti hojjetee ture. Xiyyeeffannoon isaa qabiyyee jeekkarsi amantii Waaqeffannaa qabu ilaaluudha. Qorannoo kana faana faayidaa jeekkarsi amantii Waaqeffannaa kun hawaasaaf qaburratti walfakkaata. Garaagarummaan isaan qaban immoo, qorannoon kun dhimmoota adeemsa raawwii amantaa Waaqeffannaa galmaa, yoomessa raawwii amantaa Waaqeffannaa galmaafi faayidaa amantii Waaqeffannaan galmaa qabu ibsuun waan kaa‟eef garaagara.

Lammaffaan, Geetaachoo Hundee (2016), "Qaaccessa Faaruu Waaqeffannaa Jorgaa," jedhu irratti hojjetee jira. Xiyyeeffannoon isaa guddaan faaruuwwan sirna kana keessa jiru qaaccessuun qabiyyeetti ramaduudha. Walitti dhufeenyi qorannoo kana faana qabu, dhimma afoola amantaa Waaqeffannaafi faayidaa keessatti argamu yoo ta"u, inni adeemsa raawwii amantaa Waaqeffannaa galmaafi yoomessa adeemsa raawwii amantaa Waaqeffannaa galmaa xiinxaluu dhiisuun isaa adda taasisa.

Sadaffaan,Nagawoo Isheetutiin (2014)"Adeemsa raawwii amantii Waaqeffannaa galmaa" Yunivarsiitii Finfinneetti kan hojjatame. Kaayyoon qorannichaa Adeemsa Raawwii Amantii Waaqeffannaa Galama Godina Shawaa Bahaa Aanaa Boosat irratti xiyyeeffateedha. Argannoon qorannichaas, amantiin Waaqeffannaa galmaa adeemsa mataasaa kan qabuudha. Yeroofi safuu hawaasaa eegee kan raawwatamu qooda fudhattoonni isaa baay'inaan dargaggoota ta'uufi amantii Waaqeffannaa galmaa dhaabbidhaan torbanitti yeroo lama Dilbataafi jimaata ta'uu bira ga'ameera.

Afraffaan, Fayyeeraa Taaddasaatiin (2014)"Qaaccessa adeemsa sirna ayyaana yaadannoo warra abbaa Oromoo" Yunivarsiitii Finfinneetti hojjatame. Kaayyoon isaas, adeemsa sirna ayyaana Yaadannoo Warra Abbaa Oromoo Godina Shawaa Kaabaa Aanaa Hidhabuu Abootee qaaccessuudha. Argannoon isaas qabiyyee barnootaayaadannoon warra abbaa Oromoo qabiyyee barnootaa keessatti akka hammatamuuf haala kan mijeessuudha.

Shanaffaan,Korree Kurmaanaatiin (2007)"Araara Waaqayyoo Baasuu" Yunivarsiitii finfinneetti hojjatame. Kaayyoon qorannichaa, araara Waaqayyoo baasuun maal akka ta'e hubachuuf xiinxala gaggeessuu yoo ta'u argannoon isaas, araara Waaqayyoo baasuu dhiisuun namoota uumaa waliin kan buusu ta'uudha. Akkasumas namoonni jireenya isaanii keessatti safuu eeguu yoo dhiisan cubbuu yoo hojjataniifi hawaasa keessatti wanta fudhatama hin qabne yoo raawwatan walitti dhufeenyi uumaafi uumama gidduu laafuu akka danda'utti fudhatamuun isaa hubatameera.

Ja'affaan,Tacaanee Alii (2011), "Xiinxala Haala Raawwii Duudhaalee Amantii Waaqeffannaa Godina Shawaa Bahaa Aanaa Warra Jaarsoo irratti xiyyeeffate," kan jedhu irratti hojjetee jira. Xiyyeeffannaan isaa ayyaana duudhaa Oromoo ateetee dubartootaafi irreecha birraa xiinxaluun ibsee jira. Qorannoo kana waliin dhimmoota amantii Waaqeffannaan walqabatan tuquun isaa walfakkeessa. Addaaddummaan isaanii inni ayyaana ateeteefi irreecha birraa irratti yoo xiyyeeffatu, qorannoon kun immoo dhimmoota adeemsa raawwii amantaa Waaqeffannaa

galmaa, yoomessa raawwii amantaa Waaqeffannaa galmaafi faayidaa amantiin Waaqeffannaa galmaa qabu ibsuun waan kaa‟eef garaagara.

Inni dhumaa Loomii Taliilaatiin (2009)“Qaaccessa Jeekkarsa Amantii Waaqeffannaa” digirii Jalqabaa ittii guuttachuuf Yunivarsiitii Haramayaatti hojjatame. Kaayyoon qorannichaa, Qaaccessa qabiyyee jeekkarsa galma Waaqeffannaa Godina Shawaa Bahaa Aanaa Ada’aa Magaala Bishooftuu Hora Harsadii Qaaccessuudha. Argannoon isaa jeekkarsi Waaqa dinqisiifachuuf, wantoota inni ofkeessaa qabuufi hariiroo Waaqafi namaa akka ibsu irra ga’ameera.

## 2.4. Yaadiddamoota Qorannichaa

Bu`aa kallattii qorannoo tokko argamsiisuuf qabuufi daandii inni beektota /hayyootatti agarsiisuuf qaburratti bu`uuruun hayyuun Dorson, R. jedhamu dayeessawwan afoolaa jiran haala yeroo ammaa keessa fudhatama qabaniin bakka garaa garaatti qooda: ideology, contextual, historical-geographical, historical-reconstructional, hemispheric, mass-cultural, functional, psychoanalytical, folk-cultural, cross-cultural, structuralfi oral-formulaic kanneen jedhamanidha.

### 2.4.1. Yaadiddama Faayidaa

Akka daayessa kanaattii afoollii faayidaan inni uummataaf qabu maali? isa jedhu ilaaluun hundarra murteessaadha yaada jedhutu ol aantummaan mul`ata. Daayessi kun kan bu`uure barataa Melville Herskovits, kan ta`e nama William Bascom jedhamuuni. Akkaa yaada Bascomitti aartiin mallattoo ‘verbal art’ jechi isaa akka ijaarsa kalaqaatti hawaasa tajaajiluu, walitti fiduu, aadaan gidduu galeessummaan akka ijaaramuuf gargaara. Haaluma kanaan beekaan kun tajaajila afoolli gara garaa qabus akkasiin ilaala: mammaksi murtii seera qabeessa dabarsuu baruuf gargaara, hibboon dhugaa qara, durduriin amala sirreessa akkasumas safuu hawaasaa eeguun waan baramoo ta`an jechoota baramoon yookiin kanneen hawaasichi itti gargaaramuun ergaa dabarsaa nama bashannansiisa, sirbi onnee gootaa cimsa.

Daayeessi kun gama waanta aadaa (material culture) akkasumas, gooroowwan afoolaa birroon hojiirra ooluu nidanda`a. Akka namni Bogatyrev jedhutti “ The functional method expands the subject matter of ethnography.” Warabbiin Kunis, malli faayidaa afoolli saba tokkoo akka gadi fageenyaan haala saayinsaawaa ta`een ibsamuuf kan tajaajiludha yaada jedhu ofkeessaa qaba.Kanaafuu, namoonni afoolatti gargaaraman hundi haala barbaachisummaa isaa hubatanii yookiin faayidaa isaa irratti hundaa`anii akka itti fayyadamaniif kan carraa kennudha . Waan

kana ta`eefis, Akka daayeessa kanaatti afoolli tokko faayidaa isaatiin ala yoo ilaalame hiika qabaachuu hindanda`u ; qu`annoon afoolaa gama faayidaa isaatiin geggeessamuu qaba.

### 2.4.2. Yaadiddama Aadaa Hawaasaa

Akka yaadiddama kanaatti, afooleewwan kaan keessatti hubannoon duudhaafi aadaa hawaasaa akka cimu taasisuudha; bu`aan hawaasaa (waantota hawaasaan uumaman) xiyyeeffannoo argachuu qabaan yaada isaaniit. Akka yaada dayeessa kanaatti qu`annoon hammayyaa ta`e daayessa qofaa kan giduu galeessa godhate miti. Odeeffannoo dirree kanneen waan seenaa durii, waan durii irra deebi`anii fayyadamuu, xiinsammuu hawaasaa akkasumas gama faayidaa isaatiin waa`ee afoola sanaa kan agarsiisudha.

Kanaafuu, qorataan kun hawaasa kaan biratti hubannoon duudhaa kanaa hawaasa bal'aa biratti akka beekamuuf kan hojjatuudha. Kana malees qu`annoon afoolaa waan aadaa, duudhaa, faaya aadaa, akkasumas, qabeenya uummataafi naannoo xiyyeeffannoo keessa galchuu qaba yaada jedhu nutti agarsiisa daayessi kun.

# BOQONNAA SADI: MALLEEN QORANNICHAA

Malleen qorannoo kan jennu qorannoon tokko gosa qorannoo ittiin qophaa'e ittiin ibsuuf kan ooluudha. Yaada kana deeggaruun Dastaa (2013:107) yommuu ibsu,

> Malleen qorannoo yommuu jennu qorannichi gosoota qorannoo keessaa isa kamiin akka qophaa'e (qorannoo lakkoofsaa moo qorannoo qulqullaa'inaa...) mala qorannoo kamiin akka ijaarame (qo'annaa addeessaa, qo'annaa waliin madaaluu...) malli iddattoo kam akka hojiirra oole (mala carraa, mala eerumaa...), gaafilee tools kamiin odeeffannoon akka funaname (afgaaffii, bargaaffii...), odeeffannoon funaaname sun mala kamiin akka ibsame (addeessudhaan, sakatta'uudhaan...)... kanneen jedhamu agarsiisa.

Yaanni armaan olii kun kan ibsu qoannoon adeemsifamu tokko gosa qorannoon inni gaggeeffamuun erga adda baafamee, mala ittiin qoratamu beekuun kan rakkisuu miti. Mala isaa hubannaan mala iddattoo, meeshaalee odeeffannoon ittiin funaanamu akkasumas mala ittiin qaacceffamuun kan qajeeludha. Kanaaf qorannoon adeemsa ta'uu baanuu armaan olii kanarraa hubachuun ni danda'ama.

Boqonnaa kana jalatti saxaxa qorannoon kun ittiin ijaarame, mala qorannichi ittiin qoratamuuf deemu, madda odeeffannoon irraa funaanamu; idattoofi mala iddatteessuu qorannoon kun dhimma itti bahuuf deemu kan ilaallatuudha. Akkasumas tooftaa funaansa ragaaleefi mala qaaccessa ragaalee qorannoon kun itti dhimma bahu ibsa.

## 3.1. Saxaxa Qorannoo

Qorannoon tokko kan gaggeeffamu yoo saxaxa ittii gaggeefamu qabaatedha. Kanaan ala akkuma farda luugama hin qabnee gara fedhanitti fiiguu ta'a malee qorannoo hin ta'u. Kunis qorannoon tokko eessaa ka'ee eessa akka gahuufi maal akka ta'uuf deemu kan fuulchu saxaxa qorannooti. Saxaxni qorannoo tokkoo, qorataan eessa akka jiruufi garamitti akka qorannicha geggeessu beekuuf isa gargaara.Saxaxa qorannoo ilaalchisee, Victor (2009:203) akkas jahuun ibsa. "The research design is plan of action that allows the researcher to know (to paraphrase) where they came from, where they are and where they are going."

Yaada Vector bifa cimsuun Addunyaan (2011:64) yoo ibsu, "saxaxi qorannoo tokkoo kan murteessu gaaffiiwwan qorannichi deebisuuf deemu, kaayyoo isaafi akaakuwwan odeeffannoo argamuuti" jechuun kaa'ee jira. Yaanni kun kan ibsu, saxaxni, mala qorataan qorannicha ittiin geggeesse, akkaataa filannoo iddattootaa, meeshaa odeeffannoon itti guuraman maal maal akka ta'an qaaccessee ibsa.

Akkasumas yaada armaan oliitiin walqabatee Addunyaa (2019:63), cohen, manion, and Morrision bu'uureffachuun yommuu ibsu, "qorannoon tokko haala ibsuurratti xiyyeeffata yoo ta'e saxaxni isaa ibsaadha. Kan ibsamus odeeffannoo akkamtaarratti yoo hundaa'e saxaxni isaa akkamtaa (Qualitative descriptive); odeeffannoo lakkoofsaan ibsaman yoo yoo bu'uura taasifate garuu ibasa ammamtaa (Quantitative descriptive) ta'a." yaanni kun kan ibsu saxaxni qorannoo qorannoo walii gala asana kan hoogganuufi qajeelchuu danda'a.

Kanaaf qorannoon kun Saxaxa qorannoo ibsaan hojiirra oole. Sababni qorataan saxaxa qorannoo kana filatee dhimma itti baheefis dhimmi qorannichaa adeemsa kuusuu, xiinxaluufi ibsuutin malee hammamtaa eeruu irratti kan fuulleffate miti. Yaada kana Sarantakos(2005) akka ibsutti, dhimma qorannoo aadaa tokko ta'innaale hawaasa keessaa ibsuu, addeessuufi qooduun aadaa hawaasa sanaa hubachuuf; akkasumas, akkaataa namoonni addunyaa keessa jiran sana itti ibsan baruuf qorannoon ibsaa filatamaa akka ta'e hubachiisa.

Adeemsa kana keessattis jeekkarsa galma qaalluutii walitti qabameefi kan amantii Waaqeffannaatu gadi fageenyaan xiinxalamee lakkoofsan osoo hin taane jechootaan ibsame. Kanaaf dhimma qorannoo isaa kallattiidhaan hafee afoolaa hawaasa keessaa funaaname xiinxaluun dhiheessuuf saxaxa qorannoo ibsaatti dhimma bahame.

**3.2. Madda Ragaalee**

Qorannoon tokko adeemsifamuuf madda odeeffannoon irraa argamu jiraachuu qaba. Maddi odeeffannoon irraa funaanamu hin jiru taanaan qorannoon sun hin adeemsifamu jechuudha. Kanaaf qorannoo kana gaggeessuuf maddi ragaa qorataan gargaarame madda ragaa tokkoffaati. Kunis miti lakkoofsawaa yoo ta'u, namoota dhimma qoratamu kana beekan irraafi bakka afoolli kun qabatamaatti hojiirra itti oolu dhaquun ture. Qorataan qaamaan bakkichatti argamuun namoota hurrubaniin wal argee kan isaan jedhan sagaleen waraabuun akkasumas bifa barreeffamaatti fiduun xiinxale. Kana jechuun qaama ogumichatti dhimma bahu, beekumsaafi hubannoo gahaas qabu waliin fuulaa fuulatti wal arguun haala, qabiyyeewwan raawwichaa ijaan ilaaluun dhaggeeffachuufi xiyyeeffannon hordofuun ragaan fudhatame madda raga tokkoffaa irraati.

### 3.3. Iddattoofi Iddatteessuu

Qorannoon adeemsifamu tokko qaama raga irraa argatuufi akkaata raga sana itti funaannatu beekuun murteessaadha. Qaama ragaan irraa walitti qabamu sana beekuun madda ragaa beekudha. Madda ragaa beeknaan ammoo akkaataa ragaa itti funaananis ni beekama. Kanaaf qorannoon kun qaama ragaa irraa guurratuufi akkaataa ragaa walitti qabatu akka armaan gadiitti ibseera.

#### 3.3.1. Iddattoo

Qorannoon yommuu adeemsifamu hawaasa keessatti adeemsifamu yookiin hawaasa irratti adeemsifamu kan qabuudha. Hawaasni dhimmi qorannoo sanaa isaan ilaallatu san keessaa namoonni odeeffannoo irraa funaanamu iddattoo qorannoo sanaa ta'a. Iddattoon jamaa qorannoon sun ilaallatu yommuu ta'u hawaasa qorannoon sun keessatti raawwatamu keessaa kan ta'uudha. Yaada kana Dastaa (2013: 132), "Qorannoo gaggeessudhaaf yommuu kaanu mata duree filachuu, barruu sakatta'uu dabalatee kaayyoo qorannuuf qabaachuun akkuma jiru eenyurratti kan jedhus gaaffii laayyoo miti" Jedha. Kun ammoo kan ibsu hawaasa qorannoo irratti gaggeessinu sana, keessaa ammo, qaama ragaa isaaf kennuu danda'u beekuun dirqama qorataa tokkooti. Sanaan ala akka nama galaana keessa seenee gara itti goruufi waan argu dhabee ta'a.

Qorataan kun iddattoo qorannoo kanaa hawaasa Waaqeffattootaafi hordoftoota Qaalluu keessaa qaama iddattoo qorannoo kanaa kan godhateedha. Sababni isaas qorannoo kanaaf ragaa ga'aa kan kennuu danda'an namoota dirree amantaa lamaan kana keessa jiraniidha. Bakkaan ammoo Magaala Shaggar kutaa Magaala Sabbataatti argaman keessaa namoota 20 qaama iddattoo kanaa godhate.

#### 3.3.2. Iddatteessuu

Qorataan tokko jamaa qorannoo irratti gaggeessu sana keessaa qaama odeeffannoo isaaf kennu erga murteeffateen booda akkaataa itti odeeffannoo jamaa sanarra fudhatu murteeffachuu kan qabuudha. Yaada kana Addunyaa (20019:65), iddatteessuun dhimmoota akka maddaafi kallattii odeeffannoo, caasaa iddatteessuu, tooftaa iddattoo, yoomessaafi meeshaalee barbaachisan kan hammatu ta'uu kan ibsuudha. Kunis kan agarsiisu malli iddatteessuu tokko waan ulaagaa qabaachuu qabu akka qabu ibsa. Iddatteessuun adeemsa iddattoo yookiin qaamota qorataa sanaaf dhimma qorannoo sanarratti odeeffannoo gahaa laachuu danda'an murteessaniin jechuudha. Kana jechuun madda odeeffannoo sanarraa tooftaan odeeffannoon ittiin guuramu iddatteessuu jedhama.

Kanaaf malli iddatteessuu qorannoo kana keessatti dhimma itti bahame mala miti carraati. Mala miti carraa keessaammoo mala akkayyoofi darbaa dabarsaattidha. Sababni isaas, qorannoon kun harki caalaan isaa af-gaaffii, daawwannaafi marii gareetiin waan gaggeefameef namoota waayee jekkarsaa beekaniifi kanneen mana amantaa keessatti jeekkarsatti dhimma bahan hammata. Kunis hordooftoota amantaa Waaqeffannaa galmoota shanirraa nama lama lama waliigala nama kudhan; warra qaalluu lamarraa namoota sadii sadii waliigala nama ja'a akkasumas, jaarsa (Manguddoo) warra qaalluurraa nama lama, Aadaafi Turizimii kutaa magaalaa Sabbataa keessaa nama lama qaama iddattoo godhachuun mala jedhame kanaan qorannicha gaggeessee jira.

### 3.3.2.1. Mala Akkayyoo

Malli iddatteessuu akkayyoo mala iddattoo ittiin baasan keessaa isa tokko ta'ee namoota odeeffannoo kennuu danda'an qorataan ofii itti yaadee kaayyeffachuun qopheeffatee itti fayyadamee jira.

Jeekkarsi Faaruu Waaqa ittiin faarsaan keessaa isa tokko waan ta'eef namoonni jeekkarsa kana jedhaniiifi beekan namoota murtaawaa malee hundi kan beekuu miti. Keessattuu, namoota mana amantaa lamaan keessatti gahee qabaniifi amanantu bal'inaan beekuu danda'a. kanuma bu'uura godhachuun qorataan kun namoota waayee jeekkarsaa beekuu danda'an jedhee yaade itti karoorfachuun odeeffannoo kan irraa funaane ture.

### 3.3.2.2. Mala Darbaa Dabarsaa

Darbaa dabarsaa mala iddatteessuu miti carraa keessaa isa tokko kan ta'e yoo ta'u kunis kan iddattoon qorannoo sanaa odeeffannoo kennuun inni tokko raga gaafatame sana hanga beeku erga kennee booda kan isarra beekuufi ni beeka jedhee yaadu qorataa sanaaf eeruun inni sunis akkuma kana gochuun ragaa funaanamedha.

Qorannoo kana keessattis mala iddatteessuu kanaan namni odeeffannoo waayee jeekarsaa beeku tokko erga hanga beeku irraa kennee booda namoota waayee jeekkarsaa beekaan kan isarra beekus ta'ee kan hubannoo qabaachuu isaa beekutti dabarsuun isarraas odeeffannoon funaaname. Kunis qoratichi namoota kutaa Magaala Sabbataa keessatti waayee jeekkarsaa beekan hundasaanii beekuu waan hin dandeenyeef eeruun akka isa barbaachisu waan hubateefi. Kun ammo, odeeffannoo gahaan akka argamuuf haala mijataa uumeera.

### 3.5. Meeshaalee Funaansa Ragaa

Qorannoo tokkoof ragaan yommuu funaanamu meeshaaleen ragaan sun ittiin funaanamu murteessadha. Kanumarraa ka'uun qorannoo kanaafis meeshaaleen funaansa ragaaf qorataan kun dhimma itti bahe: af-gaaffii, Daawwannaafi marii gareeti.

Kunis dhimmichi waan hawaasa keessa jiruufi maddi ragaas qaamuma wanticha raawwatuufi beeku akkasumas xiinxalamuun jechootaan kan ibsamu waan ta'eef meeshaaleen kun filatamoodha

#### 3.5.1. Daawwannaa

Daawwaannaan yommuu gochaas ta'ee wanti tokko adeemsifamu duraa duubummaa isaa hubachuuf akka mijatutti qaamaan achitti argamuun ragaa funaanamuudha. Kunis odeeffannoo qulqulluufi ragaa quubsaa ta'e, kan afaaniin himuun bira hin ga'amnellee bira gahuuf kan mijatuudha. Qorannoon kun daawwannaatti dhimma bahuun galma ga'iinsa isaaf haalaa mijaawadha. Kunis qoratichi yeroo dheeradhaaf iddoo Galma amantaa lamaanittuu argamuun ragaa quubsaa haalaan funaanuuf kan mijateedha. Keessattuu, guyyaa Roobiifi Jimaata galgala galgala bultiin guyyaa Dilbataa ammoo Galmoota lamaanittuu argamuun ragaa barbaachisu funaanee jira.

Dawwannaa keessatti karaalee lamaan ragaan kan funaanamuudha. Innis qaama gochaa sana raawwatu waliin hirmaachuun odeeffannoo funaanuufi ala dhaabbachuun odeeffannoo funaanuudha. Kanaaf qorataan mala kanneen keessaa isa lamaan isaa fayyadamuun ragaa funaanera. Kunis, Galma Qaalluufi Galma Amantii Waaqeffaannaatti argamuun dhimmicha erga beeksisee booddee akka hurrubaattis waliin hirmaatee akkasumas hurruubaan ala ta'uun ragaa barbaachisu funaannachuu danda'ee jira.

#### 3.5.2. Af-gaaffii

Af-gaaffii keessatti qorataan odeeffannoo barbaade sana bifa barbaadeen akka argatuuf mijataadha. Dastaan (2013:113) Yaalew (2006) wabeeffachuun cimina mala odeeffannoo afgaaffii funaannachuu yoo ibsu. "Afgaaffiin yeroo barbaade fooyya'uu akka danda'uufi yeroo afgaaffii odeeffannoon funaannu kan afaaniin dubbatu caalaa sochii od-himtoota irraa odeeffannoo dabalataa argachuufi kan kana fakkaatuuf faayidaa cima qaba." Jedha. Yaanni kun

kan ibsu af-gaaffiin odeeffannoo guutuu argachuufillee kan fayyadu ta’uu isaati. Kana jechuun, af-gaaffiin miira jechaan ibsamuu hin dandeenyellee agarsiisuu waan danda’uuf raga guutuu kennuuf haalaan mijataadha.

Kanaaf qorataan kun Galma amantaa Waaqeffannaafi Galma qaalluu dhaquun namoota achi keessatti jeekkaran waliin afgaaffii kan adeemsiseedha. Afgaaffiin qorannoo kanaa namoota digdama irratti kan gaggeeffame yoo ta’u, isaanis manguddoo gara lamaanuu keessaa nama ja’a (6) jechuunis Warra Qaallutii nama afur (4) Dhiira lama (2)fi dubara lama (2)dha. Mana amantii Waaqeffannaatii nama lama(2), sababni isaas mana amantii Waaqeffannaa keessatti baay’inaan kan argamu dargaggoota waan ta’eef. Dargaggoota ammoo gara lamaaniyyuu nama kudha afur (14) dhiira saddeet (8)fi dubara ja’a (6) irraa funaaname.

Gosti afgaaffii qorannoo kana keessatti dhimma itti ba’amus af-gaaffii banaadha. Kana jechuunis odeefkennitoota sanaaf bilisummaa kennuun akkaataa ibsuu danda’utti akka ibsuuf kakaasuun waan keessa barbaadamu fudhachuudha. Bifa kanaa odeeffannoo qulqulluu ta’e ni kennama jedhamee waan yaadameefidha.

### 3.5.3. Marii garee

Mariin garee gosa meeshaalee funaansa ragaalee keessaa isa tokko ta’ee mala namoota tuutta’anii jiranirraa ragaan funaanamuudha. Kunis namoota ragaa kennuu danda’an walitti qabuun waan beekan walitti fiduun yaadicharratti walfalmuun walamansiisanii ragaa qulqulluu akka kennaniif haala kan mijeessuudha. Kunis ragaa inni tokko beeku inni kaan wallaaluu waan danda’uuf walyaadachiisuun akka raga qulqulluu kennan kan taasisuudha. Yaada kana David E. (2004:230) yoo ibsu, “Focus groups can be allow cost way of collecting data;but require a considerable amount of coopration and enthusiasm from participants.” Kana jechuun ammoo, afgaaffiin garee xiyyeeffatamee karaa baasii gadaanaatiin odeeffannoo walitti qabachuuf hedduu gargaara, Tahus tokkummaafi fedhii cimaa odeef-kennitoota kanneen irraa barbaachisa.

Qorannoo kana keessattis, namoota shan shaniin walitti qabuun ragaa kan irraa funaannateedha. Kanaanis, qorataan gama lamaaninuu namoota shan shan adeemsi kenniinsa ragaa isaanii hubannoo gahaan deeggarame walitti qabuun odeeffannoo waa’ee walfakkeenyaafi garaagarummaa jeekkarsa warra qaalluufi Amantii Waaqeffannaa gidduu jiru akkaataa galma jiraniin mariisisuun ragaan funaannatee jira. Kunis namoonni galmuma keessa jiranitti jechuunis gama warra Qaalluttis ta’ee Galma Amantii Waaqeffannaa keessatti kan hojiirra oole ture.

### 3.6. Qindoomina Ragaalee

Adeemsa qorannoo kana keessatti qorataan iddoo duudhaan kun itti hurruubamu dhaquudhaan qorannoo gaggeesseera. Kunis raga qorannoo isaaf ta'u bifa daawwannaatiin, afagaaffitiin, akkasumas marii gareetiin walitti qabateera. Erga walitti qabatees bifa daawwannaattin kan walitti qabate waan achitti argee dhagahe sana barreeffamatti jijjiiruun akkaataa gaaffilee qorannichaa qophaa'ee sanatti kan deeman keessaa fudhatameera. Akkasumas namoota afgaaffiidhaan ragaan irraa funaanamae dursa sagaleesaanii waraabuun erga xumuramee booda waan sagaleen waraabame sana gara barreeffamaatti jijjirame.

Kana malee ragaaleen marii gareetiin manguddootaafi hordoftoota Amantii waaqennaarraa walitti qabame sagaleefi suursagaleen waraabuun gara jechaatti jijjiirame barreeffamaan kaa'ameera. Ragaaleen kunis qorataan adeemsa addaa addaa keessa darbuun guurrachuu danda'e. jalqabarratti qoratichi odeeffannoo walitti qabuuf malawwan garaagaraa jedhee filate afgaaffiif namoota dhuunfatti taasifameef naa torba (7) namoonni kudhan ammoo haala raawwii jeekkarsaa sanarratti hundaa'uun yommuu inni jeekkaru erga daawwannaan gaggeeffamee booda nama galma keessatti jeekkaru kophaatti baafachuun afgaaffiin nama saddeetiif (8) taasifameefiira. Akkasuma namoota waayee jeekkarsa warra Qaalluu beekan manguddoo gaafachuun bifa eeruutiin irra gahuun af-gaaffiin nama shanirraa(5) ragaan walitti qabamuu danda'eera. Ragaalee bifa sagaleen, suuraan, suusgaleeniifi daawwannaan walitti qabamee erga xumuramee booda jechatti jijjiiramuun qaacceffamaniiru.

### 3.7 Mala Qaaccessa Ragaalee

Qorannoo tokko keessatti ragaaleen odeefkennitootarraa erga walitti qabamanii bifa qindaa'aa ta'een qaacceffamanii taa'uun hojii qorataa tokkooti. Waa'ee mala qaaccessa ragaalee Daymonand Holloway (2002: 23) akka ibsetti xiinxalli odeeffannoo adeemsa raga funaaname tartiibessuu, xiinxaluufi hiikuuti. Kana jechuunis qaaccessi odeeffannoo adeemsa raga funaanametti hiika kennuu, xiinxaluufi madaaluudhaan walqabata.

Ragaan afaanii, daawwannaanifi gareen funaaname jechaan qindeeffamee akkaataa ergaa dabarsuu danda'utti qindeeffamee jira. Addunyaan (2011:62-63) mala qaaccessa ragaalee yoo ibsu, " Malli ibsaa dhimma qoratamu sana ilaalchisee maaltu akka ta'eefi maaltuu akka ta'aa jiru addaan baasuudhaan jijjiiramoota akkuma isaan yoomessa uumamaa keessatti argamanitti

kan ibsudha" jedha. Yaanni kun kan ibsu adeemsa qorannoo tokko keessatti wanta ta'eefi wanta ta'aa jiru xiinxaluun maaltu maal akka qabu ibsuudhaan kaa'amee jira.

Haaluma kanaan hojii qorannoo kana keessatti malli qaaccessa ragaa hojiirra oole mala akkamtaati. Mala kanas hayyuun Koul (2006),yoo ibsu,ragaaleen afaaniffaan funaaman kan ittiin xiinxalaman ta'uu ni eera. Ragaaleen kunniinis kanneen akka: afgaaffii, marii gareefi daawwannaan funaanamanii jiru. Ragaaleen kunniin walfakkeenyaafi garaagarummaa jeekkarsi mana amantaa Qaalluufi Mana amantaa Waaqeffannaa qaban qaaccessuun qindaa'an. Kanaaf qorannoon kun gosa qorannoo akkamtaarratti hundaa'ee kan gaggeeffamu waan ta'eef ragaan funaaname jechaan qindaa'uun kan qophaa'aniifi tartiibuma gaaffilee bu'uuraa eeggachuun erga qaacceffamanii booda gara argannoo qorannichaatti dhufanii jiru.

### 3.8. Sakkoo Qorannoo

Qorannoon kun yommuu adeemsifamu, seeraafi naamusa hawaasaa eeguun gaggeeffame. Kunis yeroo waaqeffattoonni guyyaa sagantaa isaanii galmatti jeekkaran eeyyamsiisuun galma waliin turuun waliin jeekkaruun suurallee eeyyamsiisuun fudhachaa kan tureedha. Yeroo afgaaffiin adeemsifamu osoo afgaaffii hin taasisiin dura sagaleen akka waraabamullee itti himuun fedha isaa/ isheetiin akka ta'uttii waraabameera. Yommuu waraabamu kanas sagaleen waraabamaa akka jiru hubachiisuun ragaan walitti qabamee jira. Manguddoota Warra Qaalluu ammoo mana isaanii waliin seenuun waan isaan nyaatan nyaachaa waan isaan dhugan dhuguun yeroo isaan loon isaanii bira dhaabbatan loon tika gargaaraa ragaan kan funaanameedha. Kunis akkaataa safuu hawaasichaatiin kabaja aadaa hawaasichaatiin ragaan walitti qabamee jira

# BOQONNAA AFUR: XIINXALA RAGAALEE

Boqonnaa kana jalatti ragaalee qorannichaa malleen funaansa ragaalee garaagaraa fayyadamun funaanametu qaacceffama. akkasumas hiikama. kunis odeeffannoowwan funaanaman mata dureewwan addaa addaatti qoqqooduun akka armaan gadii kanatti qaacceffamaniiru.

### 4.1. Walfakkeenyaafi Garaagarummaa Adeemsa Jeekkarsa Qaalluufi Waaqeffannaa

Jeekkarsi yommuu jeekkaramu adeemsa mataasaa kan qabuudha. Kunis garaagarummaafi walfakkeenyi isaanii akka armaan gadiitti ibsameera.

#### 4.1.1. Garaagarummaa Isaanii

Jeekkarsi amantii Waaqeffannaafi Qaalluu adeemsa isaarratti garaagarummaa kana qabuudha. Garaagarummaan isaanii kunis adeemsa isaan sagantaa keessatti hojiirra oolaniin kan ta'u yommuu ta'u adeemsa sanarrattimmoo addaa addummaa kan qabaniidha. Kunis akka armaan gadiitti kophaa kophaa ibsamee jira.

##### 4.1.1.1.Adeemsa Jeekkarsa Amantii Waaqeffannaa

Jeekkarsi amantii Waaqeffanna keessatti akkaataa barbaadaniin Waaqasaanii ittiin ibsachuuf Waaqeffattoonni galma keessatti, iddoolee jila amantii Waaqeffannaa akka Irreechaa, wadaajaafi kanneen kana fakkaatanitti dhimma itti bahu. Jeekkarsi amantii Waaqeffannaa adeemsa mataasaa kan qabuudha. Yaada kana Gammachuufi Sisaay (2011:102) yommuu ibsu, " jeekkarsi caljedhamee hin jeekkaramu. Akkaataafi yeroo jeekkaramu qaba." Jedhu. Yaanni kuni jeekkarsi yommuu jeekkaramu adeemsa mataasaa qabaachuu kan ibsuudha. Akka Barsiisonni amantii Waaqeffannaa Duudhaa Ganamaa obbo Eebbisaafi Baayisaan Eebla 21, 2017 afgaaffii taasifameefiin ibsanitti, "Jeekkarsi caljedhamee kan jeekkaramu osoo hin taane nama jeekkaramuun, yeroo jeekkaramufi bakka itti jeekkaramullee kan qabuudha" Jedhu. Yaanni kun kan ibsu jeekkarsi adeemsa ittiin jeekkaramu kan qabuufi yoomessa mataasaallee kan qabu ta'uu kan ibsuudha.

Kana malees jeekkarsi abbumti arge jeekkaruu kan hin dandeenye ta'uu kan ibsuudha. Yaada kanaan walqabatee Gammachuufi Sisaay (2019: 102) yommuu ibsan, "...Yaadaafi keessoo ofii qulqulleeffatanii ayyaana Waaqan guutamanii garaa qulqulluun Waaqan walitti dhiyaachuufi Waaqa yaadachuudha. Jeekkarsi qulqullummaadha, ayyaantummaa gabbisa." Jedhu. Yaanni kun jeekkarsi garaa qulqullummaafi ayyaanan guutamuu kan nama gaafatuudha. Akkasumas itti dabaluun namoonni armaan olitti maqaan isaanii ibsameyommuu ibsan, "Jeekkarsi abbumti

arge jeekkaruu hin danda'u. akka yeroo ammaa namumti arge galma keessatti sookara galchuufi sagalee bareedaa qabaateef kan jeekkaramu osoo hin taane qalbii guutuu qabaachuu, ayyaantummaan gabbachuufi miira nagaafi tasgabbii qabu qabaachuun barbaachisaadha." Jedhu. Kun ammoo kan ibsu jeekkarsi ulaagaa ittiin jeekkaramu kan qabu ta'uusaafi sansakkaa ittiin jeekkaramu ofkeessaa qaba. Akkasumas jeekkarsi sagantaa sirnaa ta'uu kan agarsiisudha.

Jeekkarsi adeemsa ittiin jeekaramuufi duraa duubummaa kan qabuudha. Akka odeefkennitoonni garaagaraa jedhanitti, jeekkarsi adeemsa ittiin jeekkaran kan qabu ta'uusaafi jeekkarsicha sookara sookaraan akkaataan itti galee jeekkaramu; ceesisa qabaachuun yommuu jeekkaramee xumuramu ammoo eebbaan jeekkarsa olgalchaa godhanii eebba sana ofitti qabu. Yaanni kun jeekkarsa keessatti duraa dubummaan jeekkarsaafi akkaataa itti jeekkaran akkasumas jalqabaafi xumura qabaachuu ibsa.  Jeekkarsi tartiiba sagantaa keessatti hammatamee jeekkarama. Waaqeffannaa keessatti sagantaan yommuu gaggeeffamu eebbaan sagantaa saaquun erga eebbifatanii booda ganamas galgalas nagaa Waaqa gaafachuuf jeekkaru. Kunis ummanni Oromoo waan hunda dursa Waaqa ofitti waan aansuuf dursa Waaqan nagaa jedha. Erga Waaqa nagaa gaafatee booda jajuu Waaqa, kadhaa Waaqa, olaantummaa Waaqa, gaarummaa Waaqa, uumama Waaqafi safuu Waaqni qabullee jeekkarsa keessatti  ibsama.

Jeekkarsi nama jeekkaruufi kan jalaa qabu qaba. Akkasumas kan jalaa cookkisu kan qabuudha. Namni jeekaru jeekkaraa yommuu jedhamu namoonni jalaa qaban ammoo jalaa qabdoota jedhamu. Akka obbo Dajaneen Afgaaffii Eebla 23, 2017 taasifameef keessatti ibseetti,

> Jeekkarsi sagantaaleee amantii Waaqeffannaa keessaa isa tokko ta'uun yommuu jeekkaramu adeemsa kan qabuudha. Adeemsi kunis jalqaba jeekkaraatu jeekkarsa jalqaba. Achiin booda jalaa qabdoonni waan jalaa qaban sana jalaa qabanii bakka ofii sookara galchanitti sookara galchu, bakka jeekkaraan sookara itti galchummoo hamma inni sookara galchutti eeguun yeroo inni sookara galchu jeekkarsa inni jalqaba jeekkare sana jedhu. Jeekkaraan ammoo kan jalaa qabdoonni jalqaba jedhanii jalaa qaban sana jedhanii goolabu.

Yaanni kun jeekkarsi adeemsa kan qabuufi jeekkaraafi kan jalaa qabu aiddoo waljijjiiruun kan jeekkaramamuudha. Kunis jeekkaraan jalaa qabaa ta'ee jalaa qabdoonni bakka itti jeekkaraa ta'antu jira jechuudha.

Jeekkarsi amantii Waaqeffannaa keessatti faaruu Waaqaf jedhamu kan ta'eefi sagantaa Waaqeffannaa bareechuu keessatti qooda olaanaa kan qabu ta'uusaa odeefkennitoonni garaagaraa ni ibsu. Amantiin Waaqeffaannaa akka amantaa tokkootti akkaataa Waaqasaa ittiin

faarfatu qaba. Akki inni ittiin Waaqa faarfatu kunis jeekkarsa jedhama. Jeekkarsi ammoo bakkuma argameefi yeroodhuma argametti kan jeekkaramu osoo hin taane adeemsa keessa darbee jeekkaramu kan qabuudha. Adeemsi kunis akkuma armaan olitti obbo Dajaneen jedhetti, jeekkarsi sagantaa yeroo ganamaafi galgala gaggeeffamu kanneen jalqaba jeekkaramu garaagara.



***Suuraa 1*: Waaqeffattoota Galma Amantii Waaqeffannaa Dirree Furii jeekarsaan booda.**

Jeekkarsa ganama jeekkaran adeemsa isaa akka armaan gadii kanatti waraabame.

| **Jeekkaraa** | **Jalaa Qabdoota** |
|---|---|
| **A**. Yaa Waaq nagaan bultee? | Bulle bultee? |
| Siifuu nagumaan bulle | |
| Yaa leemmiyyoo | siifuu nagumaan bullee yaa leemmiyyoo |
| Addaannan dibee | |
| Waaq daarran uwwisee | |
| Yaa Leemmiyoo | - |
| | Yaa Waaq nagaan bultee? |
| oolle ooltee? | Siifuu nagumaan bullee Yaaleemmiyyoo |

Jeekkarsi armaan olii kun adeemsa ittii jeekkaramu qaba. Kunis jalqaba jeekkaraatu, “yaa Waaq nagaa bultee” jedhe. Achiin booda jalaa qabdoonni “Bulle bultee?” jedhanii jalaa qaban. Sana booda, “Siifuu nagumaan bullee yaa leemmiyoo.” Jeekkaraan yommuu jedhu jalaa qabdonnis isuma deebisanii jedhu. Achiin booda jeekkaraan hamma sookara galchutti jechuma kanaan jalaa qabu. Dhumarra jeekkaraan sagalee dhuma walaloo dhumaa sana dheeressuun sookara yommuu gaalchu jalaa qabdoonnimmoo walaloo jalqaba jeekkaraan ittiin jalqabe sana, “Yaa Waq nagaa bultee?” yommuu jedhaniin. Jeekkaraan ammoo walaloo jalqaba jalaa qabdoonni jedhanii jalaa qaban, “bulle bultee?” jechuun jalaa qaba. Achiin booda, “Siifuu nagumaan bullee

yaa Leemmiyoo” jedhanii jeekkarsa sana xumuru. Achiin booda namichi jeekkare sun eebban jeekkarsa sana erga cufeen booda namni dursa akka jeekkaruuf isa ajaje yooiin namni sagantaa gaggeessu sun “sagaleen kee qara siif haa bahu. Yeroo hundaa galmatti argamii jeekkari.” jedheeni eebbisa.

Jeekkarsi inni biraan ammoo jeekkarsa jalaa qabdoonni ofumaa sookara itti galchan kan jeekkaraan ofiin goolabuu hin dandeenyedha. Daawwannaa Galma Amantii Waaqeffannaa Malkaa Sabbataatti gaafa guyyaa ayyaana Dhangalaasii Caamsaa 10, 2017 taasifameen jeekkarsi “Siyaamee yaa jabaa” jedhamu yommuu jeekkaramu kan jalaa qabdoonni ofumaa sookara galchuun jeekkarsa sana goolaban akka armaan gadiitti waraabameera.

| **Jeekkaraa** | **jalaa qabdoota** |
|---|---|
| **B**. Siyaamee (2x) yaa jabaaSiyaame<br>Aangoo Waaqa malee namni eessaa qaba? | (2x) Siyaamee yaa jabaa<br>Aangoo Waaqa malee namni eessaa qaba? |
| Sossobee waamee Waaq sobee araarsee<br>Si yaame (2x) yaa jabaa<br>Aangoo Waaqa malee namni eessaa qaba? | Siyaame (2x) Siyaamee yaa jabaa<br>Aangoo Waaqa malee namni eessaa qaba? |
| Ari’anii hin qabanii dheessan jalaa hin bahani<br>Siyaame (2x) yaa jabaa<br>Aangoo Waaqa malee namni eessaa qabaa? | Urjii tar godhee Waaq tarree bobbaasee<br>Siyaame (2x) yaa jabaa<br>Aangoo Waaqa malee namni eessaa qabaa? |

Jechuun kan jeekkaran ammoo, namni jeekkaru sun hanga warri jalaa qaban sookara galchanii irraa fuudhuun xumuranitti kan jeekkaruudha. Kunis jalqabarra jeekkaraati “Siyaame” jedhee eegale. Achiin jalaa qabdoonnis walaloodhuma inni jedhe sana irraa deebi’uun jalaa qaba. Achiin booda walaloowwan jijjiiruun kan jeekkaru jeekkaraadha. Jalaa qabdoonni walaloodhuma jalqaba ittii jeekkareef. “Siyaame (2x) Siyaamee yaa jabaa. Aangoo Waaqa malee namni eessaa qaba?” sanaan jalaa qabu. Askeessatti jeekkarsa sana goolabuuf kan aangoo qabu jalaa qabdoota. Hanga barbaadan erga jeekkarsiifatnii booda walaloo addaatii gidduu galluun akka jeekkaraan dursa ittiin eegale sanaan jeekkaranii xumuru.



***Suuraa2***: yeroo hordoftoonni amantii Waaqeffannaa Galma Tulluu/Furii jeekkarsa booda barnoota barachaa jiran**.**

**Gababsii waa'ee hirmaattoa kanneen ibsuu qabda**

### 4.1.1.2.Adeemsa Jeekkarsa Warra Qaalluu

Sirna tokko keessatti wanti kamiyyuu adeemsa mataa isaa qaba. Manni amantaa qaalluus sirna ittiin gaggeeffamu kan mataasaa waan qabuuf sirnasaa kana keessatti ammoo adeemsa jeekkarsa ittiin jeekkaru qaba. Kunis adeemsa ittiin jeekkarsa eegaluufi erga eegalees walharkaa fuudhee jeekkaruun itti goolabullee qaba. Yaada kanaan walqabatee afgaaffii obbo Badhoon Eebla 25 yommuu ibsu,

> Mana gooftaa keessatti jeekkarsi adeemsa ittiin jeekkaramu kan mataasaa qaba. kunis jeekkarsa sana keessatti warri sun maqaa ittiin beekaman qabu. jeekkarsi galma keessatti jeekkaramu kamuu maqaa ayyaana dalagamu sanaa irratti hundaa'a. kana malees jeekkarsi akkuma galma seenaniin kan jeekkaramu osoo hin taane hordoftoonni amantichaa erga hundi galmatti walgahee booda bunni danfee, irbaanni dhiyaatee, daabboon muramee kormi qalamee ciincaan erga taasifamee booda ayyaanni dhiyaatee, ayyaantichaan jeekkaraan jalqaba. Achiin ummanni harkaa fuudhee jeekkarsa jeekkaruu eegala.

Yaanni kun kan ibsu jeekkarsi mana amantii qaalluu keessatti maqaa ayyaana dalagamuu sanarratti hundaa'uun kan jeekkaramuudha. Kana jechuun maqaa ayyaana sanaa maqaa dhahuun osoo hin taane maqaa gooftaa yookiin giiftii jedhamuun kan jeekkaraniidha. Fakkeenyaaf maqaan ayyaana achitti argamu sanaa 'Haadha Abbayii' yoo ta'e maqaa haadha abbayii waamuun hin jeekkaran.

Yaada kanaan walqabatee Abbaan Gadaa Aanaa Moglee Obbo Abarraan afgaaffii eebla 15, 2017 taasifameefiin yommuu ibsan,

> Jeekkarsa yommuu jeekkaran Maqaa ayyaanaa san kan waaman yeroo jeekkarsaa miti. Sababni isaas jeekkaraan jalqabaatuu ayyanticha ayyaana sana qabu waan ta'eef ofuma maqaa dhaha osoo hin taane gooftaa yookiin giiftii jechuun jeekkara. Baay'inaan gooftaa jedhanii waamu malee maqaa sanaan hin jeekkaran. Maqaan ayyaana sanaa bal'inaan kan waamamu yeroo kakuufi abaarsaati. Maqaan kunis yeroo baay'ee maqaa dirree irra jiraachaa jiran sanaan kan waamamuudha. kanaaf maqaalee akka giiftii abbayii, giiftii korree, guddicha tarroofi kanneen kana fakkaataniin kan mogga'uudha. erga maqaa kanaan beekanii booda kakuunis akka Waaqatti maqaa dhahuun ittiin kakatama.waadanis isa maqaa dhahuun ittiin galama.

Yaanni kun adeemsa jeekkarsaa keessatti akka Waaqatti qooda kan fudhatu jecha gooftaa yookiin giiftii jedhuudha malee maqaa ayyaana sanaa akka hin taane ni ibsa. Maqaan ayyaana sanaa kan dha'amu yeroo kadhataa, kakuu, eebbaafi abaarsaa akkasumas galataa akka ta'e ni ibsa.

Kana malees adeemsi jeekkarsa warra Qaalluu namoonni jeekkaran akkaataafi adeemsa ittiij jeekkarsa jalqaban qabu. Yaada kanaan walqabatee obbo Badhoon Eebla 26, 2107 afgaaffii taasifameen akka ibsanitti.

> Guyyaa wadaajaa dursa namoonni wadaaja dhufan galgala sana Irreecha qabatanii dhufu. Erga namni hunduu walgahee galma guutee booda bunni danfa. Achiin booda nyaataafi dhugaatiin qophaayee buna sanarratti kormatuu qalama. Kunis guyyaa roobii galgala jalqaba. bakki isaan itti jeekkaran galma qaalluu keessatti yeroo bunni dhiyaatee, kormi qalamee ciincaan isaa ciinca'e; yeroo ganamaafi galgala akkasumas guyyaallee darbee darbee ni jeekkarama. Achiin booda bunni ni danfisanii daabboo qopheessanii bunarratti maaddii qophaa'ee erga eebbifatanii booda, "wadaaja gooftat bulla" jedhanii jeekkarsa jalqabu.

Jeekkarsi bakka itti jeekkaramuufi yeroo itti jeekkaramu qaba. Kana jechuun galma qaalluu keessatti jeekkarsi kan jeekkaramu ta'uufi yeroon jeekkaramullee murtaa'aa akka ta'e kan ibsuudha. Yaada kana afgaaffii manguddoo obbo Lataa waliin eebla 25, 2107 marii garee irratti yommuu ibsu, " jeekkarsi kan jeekkaramu galma ayyaantuu keessatti yoo ta'u kan jeekkaru dursa nama dalagu sana. Itti aansee ammoo hordoftoota amantaa sanaatu jeekkara. kunis yeroo ayyaanni dhiyaatuufi ayyaanni godaanu kan jeekkaramuudha. kana malees jekkarsi yeroo wadaajaa, yaa'iifi torbii galma ayyaantuutti jeekkarama." Jedha. Yaanni kun kan ibsu jeekkarsi galma qaalluu keessatti kan jeekkaramuufi yeroo yeroo wadaajaa, torbii kudha arfiifi yaa'ii hordoftoonni mana qaalluu sanatti walgahuun kan jeekkaran ta'uu kan ibsuudha. Kanaaf jeekkarsi yeroo Wadaajaa, Torbii ayyaanaafi yaa'ii ayaana sanaatti kan jeekkaramu ta'uu baanuu armaan olii kanarraa hubachuun ni danda'ama.

Mana Qaalluu keessatti kan akka amantii Waaqeffannaa namumti sagalee bareedaa qabuufi jeekkarsa jeekkaruu danda'u jeekkaru osoo hin taane kennaa Waaqatiinifi namni jeekkarullee murtaa'aa akka ta'e afgaaffii manguddoota garaagaraa waliin taasifamerraa hubachuu danda'ameera. Addattimmoo manguddoo Obbo Dhaabaa jedhamu, walii Eebla 27, 2017 afgaaffii taasifameefiin adeemsa jeekkarsaa yommuu ibsu, "Jeekkarsi dura kan jeekkaru ayyaanticha. Kunis maallaqaan kan bitamu ykn kan baratamu osoo hin taane ayyaantummaan kan jeekkaraniidha. Ayyaanatummaan namarra bulee jeekkarsa sanarree jeekkara." Jedha. Yaanni kun

Jeekkarsi mana Qaalluu keessatti namani jeekkarsa jeekkaru yoo jeekkaru waanuma jeekkaraan duraa jedhee jeekkaru sana waliin jeekkaru. Askeessatti jeekkaraan yommuu ayyaantuu ta'u hawaasni ammoo dhaggeeffachuuf ergaasaa hubachuu yaala. Yommuu ayyaantichi jeekkaru walaloo dhumaa jeekkarsichaa sana waliin jeekkaruun kan deeggaraniidha. Kun kan agarsiisu miira jeekkarsaa sana agarsiisuufidha. Jeekkarsa sana keessatti yeedaloodhumaafi walaloo walfakkaataa irra deddeebi'uun achirraammoo walaloo irraa maddisiifatu malee dhaabbataan hin jiru.

Jeekkarsa jaarsi jabboo Guyyaa torbii Galma Nabii keessatti jeekkaran akka armaan gadiitti waraabame.

**C**. Yaa Abbiyyo hoo
Abbiyyoo siin jedhan hoo
Abbiyyo siin jedhinna
Masgiida kee qaqqabee
Waa hajameen
Yoo rakkataan si waammatehoo

Jeekkarsi armaan olii kun walaloon hundeen isaa isuma armaan olii kana yoo ta'u walaloowwan kanneen biroo adeemsa irra deddeebii keessa itti fidachuun ergaa barbaadan dabarfachuun jeekkaraan dhimma itti baha. Jeekkarsa kana keessatti jeekkaraan kan jeekkaru kallattumaan waan jeekkaraan jedhe jeekkaru malee bakka waljijjiiruun hinjiru.

Ergaan jeekkarsa kanaas rakkataan kadhatee irra argachuu ibsa. Namni rakkate rakkoo isaa ayyaana sana waammatee yoo kadhate siidaa ayyaanaa sana yoo dhungate kan milkaa'u ta'uu ibsa. Kunis walaloon, "Masgiida kee qaqqabee." Kan jedhu mooraa Qaalluu sana keessa dallaa

isaarraa eegalee hanga Galma Qaalluutti irreechatuu irreeffatamaa deema. Namni achi seene kamuu marga kutee irreeffachaa olseena. Saniif namni rakkoo qabu yeroo irreeffachaa deemu sana rakkoosaas himachaa deema.

**4.1.2. Walfakkeenya Adeemsa Jeekkarsa Amantii Waaqeffannaafi Warra Qaalluu**

Jeekkarsi amantii Waaqeffannaafi Qaalluu akkuma garaagarummaa qaban adeemsarrattillee walfakkeenya kan qabaniidha. Kunis jeekkarsi  lamaanuu akka armaan gadii kanatti walfakkaatu

Adeemsa jeekkarsaa mana amantaa lamaanuu keessatti adeemsa walfakkaataa kan qabu yoo ta'u kunis dursa jeekkaraatu jeekkarsa sana jalqaba. Achiin booda jalaa qabdoonni kan jalaa qaban ta'uu afgaaffii olii keessatti kan ibsameedha.

Afgaaffii eebla 26,2017fi caamsaa 16, 2017 obbo  Kumaafi Aadde Ilfuu waliin raawwatame irratti, jeekkarsi nama jeekkaruufi namni jalaa qabu jiraachuun dirqama akka ta'e ni ibsu. Kunis jeekkarsi jeekkaraafi jalaa qabdoota kan barbaadu ta'uu kan ibsuudha.

Kana malees jeekkarsi adeemsa yeroorratti hundaa'ee kan jeekkaramuudha. Kana jechuun jeekkarsi ganamaafi galgala jeekkaramu adeemsa walfakkaataa kan qabu ta'uu namoonni ragaa kennan ni ibsu. Iddoo lamaanittuu erga eebbifatanii booda jeekkarsaan sagantaa isaanii jalqabu. Mana amantii Waaqeffannaa keessatti Eebbatti aanee jeekkarsatuu jeekkarama. Jeekkarsa sanas kan jeekkaru jeekkarsa yoo jalqabu jalaa qabdoonnimmoo irraa fudhanii jeekkaruun walgargaaraa jeekkaru. Kana keessatti namni jeekkaru bilisummaa kan qabu yoo ta'u yeroo isaaf mijatetti jeekkarsa jeekkaraa jiru sana goolabuu danda'a.

Adeemsi jeekkarsaa mana amantaa lamaanittuu dhuma jeekkarsaarra eebbaan jeekkarsa sana gabbisu. Daawwannaa iddoowwan amantii lamaan irratti taasifame keessatti jeekkarsi iddoo lamaanuu dhumarra eebbaan goolabu. Galma amantii Waaqeffannaa keessatti jeekkarsa erga jeekkaraan sun jeekkaree xumuree eebbifatee jeekkarsa sana gabbisuun goolabu. Mana amantaa Qaalluu keessattis jeekkaraan sun erga jeekkaree xumuree booda ayyaanticha sanaan kan eebbifamuudha.

Jeekkarsi iddoo lamaanuu jiru jeekkaraafi jalaa qabdoota qaba. Jeekkaraan nama jeekkarsa sana abbummaan hogganee jeekkaruun hawaasa achi jirullee jeekkarsiisu yoo ta'e jalaa qabdoonnimmoo warra jeekkarsa sana jeekkaraa jalaa qabanii jeekkarsi sun akka jeekkaramu

taasisaniidha. Kunis jeekkarsi jeekkaraafi jalaa qabdoota malee jeekkaramuu waan hin danda'amneef guutuullee kan kan ta'u yoo qaamolee lamaan kana qabaateedha. Sababni isaas jeekkaraan qofti kophaatti jeekkaruu kan hin dandeenyee jalaa qabdoonnis jeekkaraan yoo hin jiraanne waan jalaa qaban waan hin jirreef lamaansaayyuu walqabatee deema.

## 4.2. Garaagarummaafi Walfakkeenya Qabiyyee Jeekkarsa Qaalluufi Waaqeffannaa

Jeekkarsi yommuu jeekkaramu qabiyyee irratti hundaa'ee jeekkaramu qaba. Qabiyyeen isaa kunis dhimma jeekkarsi sun irratti jeekkaramurratti kan hundaa'uudha. Garaagarummaafi walfakkeenya qabiyyee jeekkarsi Waaqeffannaafi Qaalluu akkaa armaan gadiitti qaacceffame.

### 4.2.1. Garaagarummaa Qabiyyee Jeekkarsa Waaqeffannaafi Qaalluu

Jeekkarsi Waaqeffannaas ta'ee qaalluu qabiyyee ittiin jeekkaramu qabu. Qabiyyeen kun ergaa Waaqeffattoonnis ta'ee deeggartoonni qaalluu dabarfataniidha. Qabiyyee jeekkarsaa keessatti kan warra Qaalluufi Waaqeffannaa walfakkeenyas ta'ee garaagarummaa qabu. Kunis akka armaan gadiitti qaacceffameera.

#### 4.2.1.1. Ergaawwan Jeekkarsa Amantii Waaqeffannaa

Jeekkarsi amantii Waaqeffannaa keessatti xiyyeeffannoon qabiyyee isaa harki caalaan waa'ee Waaqati. Waaqatti aansee uumama Waaqni uuma iddoowwan hoodia, uumama dinqisiisaaf waan dhalli namaa akka dhimma itti bahuuf uumerratti xiyyeeffata.

Ummanni Oromoo jaalala Waaqaf qabu ibsachuuf jeekkarsatti dhimma bahuun Waaqa isaa jajata, leellifata, ofitti aanfata akkasumas kabajata. Yaada kanaan walqabatee Gammachuufi Sisaay (2011:102" yommuu ibsu, "Oromoon jeekkarsa Waaqa ittiin faarfatu kan durii jalqbee dhalootaa dhalootatti darbaa dhufe baay'ee qaba. Jeekkarsi Oromoo kunis gosa qaba. Jeekkarsa abdii ilma namaa, galata Waaqaf qaban, jabeenyaafi olaantummaa Waaqa, tolmaata Waaqa, jaalala Waaqni uumama isaaf qabuufi kkf ibsa." Jedha. Yaanni kun jeekkarsi yommuu jeekkaramu qabiyyeewwan akka abdii, galata, jabeenyaafi olaantummaa Waaqafi jaalala Waaqa ibsuuf jeekkarama. Yaaduma kana Eebbisaa Tuujii Afgaaffii Eebla 19, 2017 taasifamerratti yommuu ibsu,

> Oromoon Jeekkarsa aadadhaaf qaba. Waaqasaatiif jeekkara malee uumama biraatiif hin jeekkaru. Jeekkarsa ayyaantutuu galma keessatti jeekkara. Kana maleesa Hariiroo namaafi Waaqa gidduu jiru ibsuuf, qajeelfama Waaqa hordofuun dirqama dhala namaa akka ta'e ibsuufi olaantummaa Waaqa ibsuuf jeekkarama. Kanaaf sirna Waaqeffannaa keessatti jeekkarsi jiruufi jireenya dhala namaatiin wantoota walqabataniifi hariiroo Waaqa waliin qabu ibsachuufis kan jeekkaramuudha.

Yaanni kun kan ibsu, jeekkarsi Waaqa qofaaf kan jeekkaramuufi karaa ittiin ergaa isaanii Waaqaf ittiin dabarfatan akka ta'eedha. Kan jechuun galata, kadhata, jajuu, kabajaa ibsuu, olaantummaa Waaqa ibsuufi kanneen kana fakkaatan ittiin ibsachuuf jeekkarsatti dhimma kan bahaniidha.

Jeekkarsi amantii Waaqeffannaa keessatti ergaawwan akka kadhataa, galataa, olaantummaa Waaqa ibsuu, hojiilee Waaqa ibsuu, jajuu Waaqafi kanneen kan fakkaatan kan ofkeessaa qabuudha. Jeekkarsi tokko qabaiyyee tokko qabatee jeekkarama. Achi keessatti ammoo sookara sookaraan qabiyyeen isaa jijjiiramuu danda'a. yaada kana Baay'isaan afgaaffii eebla 16, 2017 keessatti ibseen "jeekkarsi tokko yommuu jeekkaramu qabiyyee tokko qabatee jeekkarama. Walaloowwan achi keessatti jedhama garuu dhaabbataa miti.

Walaloon jeekkarsa tokko keessatti jeekkaramu jeekkarsa biraa keessattis darbee jeekkaramuu ni danda'a. garuu yeedaloofu sookarri jalqabaa isaatu adda bahuu danda'a." jedha. Yaanni kun jeekkarsi qabiyyee isaa yeroo baay'ee kan beekamu sookara isaa jalqabarratti kan ta'u ta'uusaa kan ibsuudha. kun ammoo jeekkarsi amantii Waaqeeffannaa xiyyeeffannoon isaa inni guddaan Waaqa waan ta'eef sookarri jalqabaa waa'ee hojii Waaqa osoo ibsuu sookara gidduutti ammoo olaantummaa Waaqa ibsuu ni danda'a. Amantii Waaqeffannaa keessatti jeekkarsi tokko qabiyyee garaagaraa qabatee jeekkaramuu kan danda'uudha. Mee tokkoon tokkoon jeekkarsa akka armaan gadii kanatti haa ilaallu.

Amantii Waaqeffannaa keessatti jeekkarsi jeekkaramu akkuma kan Qaalluu adeemsa kan qabuudha. Kun ammoo adeemsa sagantaa galmaa keessatti waan hammatamuuf eebbatti aanee kan jeekkaramuudha. Akka amantii Waaqeffannaatti sagantaan barnootaa amantii Waaqeffannaa yommuu gaggeeffamu jalqaba eebbaan saaqama. Eebbaan booda jeekkarsatuu jeekkarama. Jeekkarsi ammoo qabiyyeewwan garaagaraa kan ofkeessaa qabuudha. Qabiyyeewwan kunis kan Waaqeffattoonni ergaa ittii dabarfataniidha. Isaanis: nagaa Waaqa, jabina Waaqa, beekumsa, tola, tikaafi olaantummaa Waaqa mul`isu, dhugaa, nageenya, imaanaa Waaqa mul`isu akka jeekkaramu hubachuun ni danda`ama jedha. Qabiyyeen jeekkarsootaa kunis akka armaan gadiitti qaacceffamaniiru.

#### 4.2.1.1. 1. Jeekkarsa Nagaa Waaqa ibsu

Akka Abbaan Gadaa Abarraan Caamsaa 07, 2017 marii Garee Abbootii Caffee waliin mana Murtii aadaa keessatti godhameen ibsanitti, "Ummanni Oromoo nagaan qananidha jedha. nagaa keessa jireenyi jira. Nagaa keessa gammachuun jira. Nagaa keessa hormaanni jira. Nagaa keessa guddinni jira jechuun nagaaf hiika kenna. Nagaa kana ammoo kan isaaf kennu Waaqa akka ta'etti beeka. Akkasumas nagaan kan argamu dhugaa Waaqa tiksuun akka ta'e waan beekuuf dursa dhugaa eeguun dirqama akka ta'e kan beekuudha." Jedha. Yaanni Waaqeffataan dursa nagaaf kenna. Nagaan ammoo kan argamu dhugaafi heerri Waaqa yoo eegame waan ta'eef waan eeggachuu qabullee kan eeggatu ta'uu ibsa. Oromoon nagaa Waaqatu namaa kenna jedhee beeka**.** Waaqnimmoo nagaa kan namaa kennu dhugaafi heerasaa yoo tiksan qofa akka ta'ellee yaanni armaan olii kun ni ibsa.Kanaaf jeekkarsa keessatti Waaqeeffataan nagaa yeroo dhaamu akka armaan gadiitti jeekkara.

| **Jeekkaraa** | **Jalaa qabdoota.** |
|---|---|
| Nagee yaa Waaq (2x) | nagee yaa Waaq |
| nageenyikee guutumaa tuujumaa | nageenyikee guutumaa tuujumaa |
| nagee yaa Waaq (2x) | nagee yaa Waaq |
| nageenyi kee tuujuma guutuma | nagee yaa Waaq |
| nageenyi karraa hin dirbabu | |
| hin hir;atu | |
| nageenyi warraa guutuma | |
| tuujuma. | nagee yaa Waaq |
| | nagee yaa Waaq |

Jeekkarsi armaan olii kun kan ibsu, nageenyi waaqaa hir'uu kan qabne, guutees kan irra caalu ta'uudha. Nagaa waaqatuu namaa kenna. Nagaan sa'aafii namaaf kan tolu ta'uu ibsa. Kun ammoo, Waaqeffannaa keessatti nagaan kan hunda dursu ta'uufi Waaqni kan namaa kennu ta'uu ibsa. Waaqeffannaa keessatti nagaan waan hunda ofkeessaa qaba jedhanii amanu. Kun ammoo, nagaaf dursa kennuu amantii Waaqeffannaa agarsiisa.

#### 4.2.1.1.2. Jeekkarsa Amaanaa

Ummanni Oromoo Waaqa abdata. Waaqarra abdii kaawwatee jiraata. Saniif ammoo Waaqa ni amana. Kanarraa ka'uun waan hunda dursa Waaqa ofitti aansee amana. Waaqatti amaanaa kennachuun Waaqarra abdii godhatanii jiraachuu waan ta'eef Waaqa amanuu ibsachuuf

jeekkarsa amaanaa jeekkaru jechuun ibsu miseensonni Galma Dirree Furii irraa ragaan daawwannaan eebla 15, 2017aakka armaan gadiitti waraabame ni ibsa.

| **Kan Jeekkaru** | **Kan Jalaa Qabu** |
|---|---|
| **A.** Yaa Waaq hee | Yaa Waaq hee yaa Waaq imaanata kee |
| Yaa Waaq imaanata kee | |
| Caccabsee bittiin godhee | |
| Fayyisee gixxim Godhee | |
| Waaq imaanata kee | Yaa Waaq hee yaa Waaq imaanata kee |

Jeekkarsa armaan olii kna keessatti buufanni kun waaqatti amaanaa kennachuu agarsiisa. Waan yaadan akka milkeessuuf, fayyaa akka kennuuf akkasumas nagaa akka kennuuf waaqatti amanaa kennatu. Askeessatti kan nama fayyisus ta'ee namallee dhibuu kan danda'u waaqa ta'uu agarsiisa. Kunimmoo jeekkarsaan waaqatti amaanaa kennachuuf jeekkarsa jeekkarameedha.

| | |
|---|---|
| **B.** Yaa Waaq hee | |
| Yaa Waaq sin oollee galla. | Yaa Waaq hee yaa Waaq sin oollee galla |
| Ceekaan baalumaa | |
| Rabbi beekaan Waaqumaa | Yaa Waaq hee yaa Waaq sin oollee galla |
| Situu nu uumee anuu sinaan uumaame | |
| Waaq sin oollee galla | Yaa Waaq hee yaa Waaq sin oollee galla |

Jeekkarsi armaan olii kun kan ibsu, nagaan oolchee kan nama galchu waaqa ta'uusaa ibsa. Akkasumas uumaan waa maraafi beekaan hundaa olii waaqa ta'uu agarsiisa. Beekumsaanis humnaanis hundaa ol ta'uu ibsa. Kunimmoo waaqeffannaa keessatti kan oolchee nama galchu, abbaan uumama maraafi beekaan hundaa olii Waaqa ta'uu agarsiisa. Askeessatti wanti dhimma itti bahame Waaqan qofa oolanii galuun akka danda'amu addeessa.

| | |
|---|---|
| **C.** Yaa Waaq hee | |
| Yaa Waaq tola kee hayyee | Yaa Waaq hee yaa Waaq tola kee hayyee |
| Hangaasuu Balaq godhee | |
| Roobee cabalaaq godhee | |

Tola kee hayyee — Yaa Waaq hee yaa Waaq tola kee hayyee
Soraa manarraa
Waaq tolaa namarra
Tola kee hayyee — Yaa Waaq hee yaa Waaq tola kee hayyee

Jeekkarsi kun kan ibsu, tolaan hundaa olii waaqa ta'uu ibsa. Waaqni tola hundaaf qixa tola. Tola Waaqni namaaf tolu keessaa karaa gochaa isaatiini. Kunis roobee lafa jiisee marga magarseefii loon namaa dheedanii gabbachuun akka Aannanfi foon fedhan gургurachuufillee qarshii gaarii basuuf gargaara. Kun ammoo karaa tola Waaqatiin qofa akka ta'e jeekkarsi armaan olii ni ibsa. Akkasumas waaqni nama caalaa tolaa kan ta'eedha. Tolli namaa walqixxummaa hin qabu. Nama firaan, gosaan, bifaa, lagaa, amantiinifi walitti dhiyeenyaa walii tola malee hundaaf qixa walfakkaataallee toluu human hin qabu. Kan hundaaf qixa toluufi adda hin qoonne Waaqa qofa ta'uu ibsa. Kanaaf Waaqeffannaa keessatti tolli inni dhugaan Waaqarraa akka ta'etti kan amanan ta'uu agarsiisa.

Akka daawwannaa Ebla 15, 2017 geggeeffamee irraa hubachuun danda`amutti jeekkarsi kun kan mul`isu Waaqni yeroo kamiyyuu kan oolchee nu galchuu ta`uu isaa mul`isa. Waan hundumaa madaala eegsisee akka wal hin miinee taasiisee heera isaatiin kan tiksu Waaqa ta uu isaati.Fakkeenyaaf bineensa bosonaafi nama adduma addaan tiksee namni bakka dhimma isaa bineensiis boolla yookaan bosona oolee yeroo namni galuu bineensi akka bobba`uu daangaa kan itti godhee tiksuu Waaqa heera uumaa kana malee nama akka hin taane hubachuun danda`ameera.

#### 4.2.1.1.3. Jeekkarsa Beekumsa Waaqa

Waaqni uumama maraaf uumaa waan ta'eef beekumsa hunda caalaa qaba. Beekumsayyuu kan namaa kennu Waaqa. Afgaaffii Caamsaa 07, 2017 Abbootii Gadaa mana murtii aadaa aanaa Moglee irra argametti,

> Ummanni Oromoo abbaan beekumsa maraa Waaqa jedheet amana. Waaqni namarra kan nama beekudha jechuun ibsa. Waaqni abbaa ogummaa hundaa, abbaa beekumsa hundaa kan ta'eefi waan hundatti kan waamamu kan ta'eedha. 'Waaqni namarra kan nama beekudha.' kan jedhu keessatti dhalli namaa kun namarraa akka uumamu; uumamni kamuu sanyuma isa fakkaatan irraa akka uumaman kan taasisuuf uumamni sunillee osoo hin uumamiin kan beekuufi fuulduree isaallee dursee kan beekudha. Kanaaf beekumsi Waaqa uumama kamirraayyuu kan caaluufi bira gahuunillee kan hindanda'amne.

Yaanni kun beekumsi Waaqa beekumsa uumama kamiinuu madaalamuu hin dandeenye ta'uufi beekkumsa bira gahuunillee hin danda'amne ta'uu kan ibsuudha.

Beekumsa Waaqa kanas jeekkarsaan ibsata. Itti dabaluun Obbo Lammaan Afgaaffii Caamsaa 01,2017 waliin taasifame keessatti yommuu ibsu, "Ummanni Oromoo nama kamuu beekumsa isaa beekumsa Waaqan hin madaalu." Jedha. Dabalataan odeefkennaan, 'E' yommuu ibsu, "Waaqni beekaa hundaa oliiti. Beekumsi Waaqan dorgomamu hin jiru. Beekumsi Waaqan dorgomamu heera uumatti bu'uu waan ta'eef dhumni isaa miidhama fida. Beekumsi Waaqa uumama addunyaa kanaa olidha. Lubbuu uumurraa kaasee hanga dhiyee bari'uu lafaatti gochaa humna namaatii ol ta'e kan hojjatuudha." Jechuun ibsa. Kun ammoo, beekumsi Waaqa beekumsa dhala namaatii ol kan ta'eefi dhala namaatinillee bira gahamuun kan hin danda'amne ta'uu kan ibsuudha. Kanaaf Ummanni Oromootiis beekumsa Waaqa beekumsa dhala namaatii ol ta'uu waan beekuuf yommuu Waaqa jeekkaru Waaqni beekaa hundaa olii akka ta'e kan ibsatuudha. Kunis akka fakkeenyaatti akka armaan gadiitti jeekkarsaan ibsameera.

| **Jeekkaraa** | **Warra Jalaa Qabuu** |
|---|---|
| **A**. Yaa gurree hoo hoo yaa leemmiyyoo<br>Eenyuu ree yaa Waaq beekan simalee! | Yaa gurree hoo hoo yaa leemmiyyoo<br>Eenyuuree yaa Waaq beekan simalee |
| Ceekaan baalumaa laali beekan Waaqumaa<br>Eenyuree yaa Waaq beekan simalee | " |
| Ceekaa falaxee Waaq beekaa faradee<br>Eenyuree yaa Waaq beekaan simalee<br>" | |
| Hootuu hinfaalanii yaa Waaq sirraa hin caalanii<br>Eenyuree yaa Waaq beekaan simalee | " |
| Fardi kan yaabbatanii Waaq kan yaammatanii<br>Eenyuuree yaa Waaq beekaan simalee | " |

Jeekkarsi armaan olii kun kan ibsu beekumsi Waaqa kan hundaa olii akka ta'eefi Waaqa olitti eenyumtuu beekumsa kan hin qabne ta'uu kan ibsuudha. Kunis wantoota addunyaa kanarra jiran kamiyyuu beekumsa Waaqan kan uumame ta'uufi icciitii beekumsa Waaqallee bira gahuun kan hin danda'amne ta'uu kan ibsuudha.

Beekumsi Waaqa kunis dachiifi samii kanarratti abboommii kan qabuufi uumamni kamuu beekumsa Waaqa kana jalatti kan bulu ta'uu kan ibsuudha. Akkasumas rakkoo uumama kamiituu furuu kan danda'u Waaqa ta'uu jeekkarsa kana keessatti ibsameera. Kanaaf Waaqni

beekaa, kan waammataniifi waaqa homtuu kan caalleedha. Daawwannaa Eebla 18 bara 2025 galma amantii Waaqeffannaa Dirree Furiirraa kan argameedha.

#### 4.2.1.1.4. Jeekkarsa Olaantummaa Waaqa

Jeekkarsa amantaa Waaqeffannaa keessatti olaantummaa Waaqatu jeekkarama. Waaqni hundaa ol waan ta'eef akka hundaa ol ta'e ibsuuf ni jeekkarama. Manguddoon obbo Atoomsaan afgaaffii eebla 30, 2017 akkaataa jeekkarsa amantii Waaqeffannaa keessatti olaantummaa Waaqa itti ibsan yommuu ibsan,

> Waaqni waan hundumaan oli. Waaqatuu oolchee nama galcha; Waaqatuu fayyaa namaa kenna; Waaqatuu qaccee namaa itti fufsiisa; jiraachisa akkasumas nama uuma. Waaqatu akka fedhe nama gochuu danda'a. hojii Waaqa dhorkuu hin danda'ani. Waaqni abbummaa uumama maraa qaba. Waaqa malee oolanii hin galan. Kana gochuuf ammoo seera Waaqan buluun dirqama uumama hundaati. Kunis heera uumaa jedhama. Heera uumaa jechuun heera itti dabaluun irraa hir'isuun hin danda'amne qajeelfama dhugaati.

Kun ammoo kan agarsiisu Waaqeffannaa keessatti jeekkarsi olaantummaaWaaqa kan agarsiisu jiraachuufi Waaqeffattoonni ammoo heera uumaatiin kan bulan ta'uudha. Kana malees Waaqni akka nama jiraachisu ta'uu jeekkarsa armaan gadii keessattillee ibsameera.

| **Jeekkaraa** | **Warra Jalaa Qaban** |
|---|---|
| **A.** Siyaamee (3x) yaa jabaa aangoo<br>Waaqa malee namni eessaa qabaa | Siyaamee (3x) yaa jabaa<br>aangoo Waaqa malee namni eessaa qabaa |
| Jabo jaboon amalaa<br>jabaan si malee hin jiru<br>siyaamee (2x) yaa jabaa<br>Aangoo Waaqa malee<br>namni eessa qaba | siyaamee(3x) yaa jabaa<br>aangoo Waaqa malee<br>namni eessaa qabaa |
| Jajjabee haamee<br>yaa jabaa siyaamee<br>siyaamee yaa jabaa<br>aangoo Waaqa malee<br>namni eessaa qaba | siyaamee(3x) yaa jabaa<br>aangoo Waaqa malee<br>namni eessaa qabaa |

Jeekkarsi kun kan agarsiisu jabaan kamiyyuu kan Waaqa caalufi aangoo Waaqa olii qabu akka hin jirre mul`isa. Jabeenyi namaa daangaa qaba kan Waaqa garuu daangaa hin qabu. Aangoo Waaqa malee namni eessaa qaba  kan jedhu aangoon namaa xiqqoo aangoo Waaqatiin walitti hin madaalamne ta`uu isaa agarsiisa(daawwannaa eebla 15,2017 geggeeffameen hubachuun danda`ameera).

Buufata lammaffaa keessatti walaloon, "Jabo jaboon amalaa jabaan si malee hin jiru." Jedhu keessatti jabaan waa hunda gochuu danda'u waaqa qofa akka ta'e ibsa. Buufata sadaffaa keessattis walaloon, "Jajjabee haamee yaa jabaa si waame." Kan jedhuu waaqni jabaa waammatanii nama qaqqabu ta'uu agarsiisa. Kenaaf jeekkarsi armaan olii kun wanti yaammatan kan namarra jabaa ta'e. Wanti namarra jabaa ta'e ammoo Waaqa qofa.

#### 4.2.1.1.5. Jeekkarsa Nageenyummaa

Jeekkarsa keessatti yeroo tokko tokka uumamaafillee ni jeekkarama. Kunis uumama isaa dinqisiifichaa waan ummata Oromoo biratti kabajaa qabuuf ni jeekkarama. Yaada kanaan walqabatee Galma Amantii Waaqeffaannaa malkaa Sabbataa keessatti Daawwannaa taasifamee Jeekkaraa tokko waliin afgaaffii taasifameen, "Ummama Waaqa kabajuunuu ulaagaa heera uumaa kabajuufi hariiroo Waaqa waliin tolfachuuti. Nageenyuummaa ardaalee ulfoo ofii eeguun, uumamaa eeguun ulaagaa nageenyummaa keessaa isa tokko. Yoo nagaan jiraate ardaalee jilaa nagaa taati yoo ngaan jiraate diinagdee torban Oromoo nagaa ta'a. yoo nagaan jiraate uumamni hunduu nagaa ta'a. achi keessaan nagaa beekama." Jedha. Yaanni kun nageenyummaan uumamaa nageenyummaa dhala namaa waan ta'eef uumamni hunduu bakkasaatti nagaa taanan nagaan ni jira jechuudha. Nagaan waan hundaaf bu'uura. Waan hundaaf tasgabbiidha. Waa hundaaf jireenya akka ta'e kan ibsuudha.

| **Jeekkaraa** | **Warra Jalaa Qaban** |
|---|---|
| **A**. Hooyyo hoyyoo hee | |
| biyya too biyyoon nagayaa hee | Hooyyo hoyyoo hee |
| | biyya too biyyoon nagayaa hee |
| yaa gadaa Duraa nagayaa | hooyyo hoyyoo hee |
| | biyya too biyyoon nagayaahee |
| Yaa gadaa jiffuun nagayaa | Hooyyo hoyyoo hee |
| | biyya too biyyoon nagayaa hee |
| Hayyicha bokkuun nagayaa | Hooyyo hoyyoo hee |

biyya too biyyoon nagayaa hee

Qaalluu uumaan nagayaa — Hooyyo hoyyoo hee

biyya too biyyoon nagayaa hee

Ulfinni hunduu nagayaa — Hooyyo hoyyoo hee

biyya too biyyoon nagayaa hee

Biyyoon gamanaa nagayaa — Hooyyo hoyyoo hee

biyya too biyyoon nagayaa hee

Malkaafi tulluun nagayaa — Hooyyo hoyyoo hee

biyya too biyyoon nagayaa hee

cuqqee qadiidaan nagayaa — Hooyyo hoyyoo hee

biyya too biyyoon nagayaa hee

Akka daawwannaa Galma Dirree Furiitti eebla 22,2017 geggeeffame irraa hubadhetti jeekkarsi kun kan agarsiisu Waaqa malee nageenyi akka hin jirrefi waa hundumaa kan gochuu danda u Waaqa qofa akka ta eedha. Kana malees Waaqni abbaa nageenya biyyaa,kan namaafi uumama maraa akka ta es nu hubachiisa Waaqni uumaa hundumaaf akka tokkotti ilaalee, too'atee nagaa fayyaa ta uu isaa kan beeku abbaa nageenya maraati. Kana malees uumamni hunduu bakkasaatti nageenya yoo qabaate nagaan jira jenna. Kanaaf jeekkarsi armaan olii kun nageenya uumama hundaa ibsuu, hawwuu, bakkaafi akkasaatti nagaa akka qabaatu gaafachuudha.

Qabiyyeen jeekkarsi ofkeessatti qabu meeshaalee ulfoo Oromoo Bokkuu ibseera. Meeshaan ulfoo Oromoo kun mallattoo aangoo Abbaa Gadaa waan ta'eef kabajaa qaba. Dabalataan iddoowwan ulfoo amantii Waaqeffannaa itti gaggeeffamu Malkaafi Tulluu ibsuun Tulluu Cuqqaalaa qadiida isaaf nagenymmaa gaafate. Qadiidaan muka qadiidaa jedhamu kan Tulluu Cuqqaalaa gubbaa jiru ibsa. Akkasumas Cuqqaala qadaada qaba. Qadaada heeraa, qadaada seeraafi amantii Oromoo qaba jechuun waaqeffattoonni ragaa bahu.

#### 4.2.1.2. Qabiyyee Jeekkarsa Warra Qaalluu

Mana Amantaa Qaalluu keessatti jeekkarsi jeekkaramu akkuma kan Waaqeffannaa qabiyyeewwan mataa isaa danda'e kan qabuudha. Akka Afgaaffi Obbo Badhoo waliin Eebla 25, 2017 taasifamerratti,

> Jeekkarsi galma Qaalluu keessatti xiyyeeffannoo isaa harki caalaan kadhataafi galata gooftaatiif jeekkarama. Yeroo kadhataa yoon jedhu namni hiyyoomee hormaata yoo

> barbaade ni kadhata. Yoo hore ammoo dhufeet galata galcha. Kan fayyaa dhabe fayyaa naaf kennii Waaqa kadhata. Yoo fayyemmoo dhufeet galata galcha. Galata keessatti galchaa hanga namaattillee ta'uu danda'a. kan maseente ilmoo naa kenni jechaaf dhuftee galma gooftaatti jeekkaraan Waaqa kadhatti. Yoo ilmoo argattemmoo fidattee dhufteet hammachiifattee jeekkarsaan galata galchiti. Kan miidhame miidhamasaarraa yoo fayye galata galcha. Akkasumas nagaa hawaasatiifillee ni jeekkarama.

Yaanni kun kan ibsu, qabiyyeen jeekkarsaa mana qaalluu harki caalaan kadhataafi galatarratti kan hundaa'eedha. Namoonni waan gaafatan yeroo argatan galata galchu. Gammachuu isaanii sana ibsachuuf ammoo jeekkarsaan galma keessatti jeekkaru.Jeekkarsa Qaaalluu keessatti qabiyyee gurguddaan galataafi kadhata. Darbee darbees hojiiwwan Waaqa ibsuuf jeekkarsoonni jeekkaraman ni jiru.

**4.2.1.2.1. Jeekkarsa Kadhataa**

Hordoftoonni amantichaa Waaqa itti bulan sana waan barbaadan akka godhuuf ni kadhatu. Waan yaadan waan rakkatan akka furaman, waan jalaa hir'ate akka guutuufiif ni kadhatu. Jeekkarsi kadhaa kun qabiyyeewwan xixiqqaa akka armaan gadii ofkeessaa qabu. Yaada kana manguddoo X jedamu afgaaffii caamsaa 15, 2017 yommuu ibsu, "jeekkarsi kadhaadha. Sossobbiifi eebba kan ofkeessaa qabuun kan jeekkaramuudha. Akkasumas ayyaanni akka qajeeluuf kadhaaf jeekkaru. Bobbaa gala akka toluuf; sa'aa namaan akka toluuf; nageenyi akka bu'uuf; rooba nagaa akka roobuuf; namaaf sa'a isaanii nagaa akka kennuuf Waaqa kadhaaf jeekkaru." Jedha. Yaanni kun kan ibsu jeekkarsi galma qaalluu keessatti jeekkaramu harki caalaan jeekkarsa kadhaa akka ta'e ibsa.

Kana maleesa qabiyyeen jeekkarsaa kun mata dureewwan garaagaraaf kan ooluudha. Kunsi deessuuf kadhachuuf, kan dhibamee fayyeef, kan dhabee argateef, araaraaf, hormaataafi kanneen kana fakkaataniif kan jeekkaramuudha. Yaada kana abbaan Gadaa Abarraa jedhamu afgaaffii caamsaa 15 2017 adeemsifamerratti yaada kennaniin, "jeekkarsi wantoota addaa addaa ittiin Waaqatti ibsachuuf jeekkaram. Yommuu jeekkaramu, kan kan maseente ilmoo akka argattuuf, kan dhabe akka argatuuf, kan hidhame akka hiikamuuf, biyyi nagaa akka ta'uuf, loon akka horaniif jeekkarsaan Waaqa kadha. Kun ammoo duudhaa warra keenya durirraa dhufeedha." Jechuun ibsa. Yaanni kun jeekkarsi galma keessatti kadhaa Waaqatiif kan dhimma itti ba'amuudha. Kadhata sana keessaas dhimmoota akka:hormaata sa'aa namaatiif, nageenyummaafi fayyaa namaatiif kadhachuuf akka jeekkaramu kan ibsuudha.

**4.2.1.2. 2. Jeekkarsa maseennni akka ilmoo argattu ibsu.**

Jeekkarsi deessuu galma maaramitti kan jeekkaramuudha. Maseenni ilmoo dhabde akka argattuuf kadhata. Kadhata kana keessatti akka armaan gadii kanatti jeekkaru.

**A.** Dhagaa gurguddaa lagaa
Bishaantu walbaachisee
Maseenni ilmoo hin dinne
Waaqatuu walcaalchise.

Jeekkarsi armaan olii kun jeekkarsa kadhataa dubartii ilmoo dhabdeef akka ilmoo argattu kadhachuuf ittii jeekkaramuudha. Kana keessatti bo'oo walaloo kana keessatti kan jeekkarame maseenni ilmoo dhaluu kan hin dinne yookiin fedhii qabdi. Garuu, Waaqatuu kennuufii dide jechuu kan barbaadeedha. Dabalataan humna bishaanii ibsuun humna bishaanii sanammoo kan kenneef waaqa akka ta'e ibsa. Bishaan dhagaa gurguddaa namni kaasuu hin dandeenye kaasee deema. Kana jechuun humna qaba jechuudha. Yaaduma kana deeggaruuf mammaaksi Oromoo "Humna human bisshaanii mala dubartii siif haa kennu." jedhanii eebbisu. Kun humna bishaan qabu guddaa ta'uu agarsiisa. Maseenni ammoo, dubartii ilmoo hin qabne. Kan dhala hin qabnedha. Nama dhala hin qabnee kan dhala kennuu danda'u Waaqa qofa ta'uu ibsa.

**B.** Utuun Balasiin ta'ee
Balas boongaa ta'ee
Dhabaadhaaf mirgan kennaa
Ittiin haa dorsifatu
Utuun maaramii ta'ee
Maaramii giiftii ta'ee
Dhabduudhaaf ilman kennaa
Dhirsa haa doorsifattuu.

Buufanni jeekkarsa kanaa, dhabduun yookiin maseenni ilmoo argachuu dharraate argattee osoo ittiin boontee kan hawwaniif ta'uu kan ibsuudha. Dubartiinillee ilmoo yoo argatte gaarummaa kan qabu ta'uufi haati ilmoon kan boontu tahuu ibsa. Kanaaf jeekkarsi armaan olii kun dubartii dhala yookiin ilmoo dhabdeef ilmoo akka kennan maaram kadhaaf jeekkaru. Kanaaf jeekkarsi kun Galma Qaalluu keessatti ayyaana waaqeffatan sana akka maseenaaf ilmoo kennuu kadhachuudha.

**4.2.1.2.3. Jeekkarsa deessuu ibsu**

Jeekkarsi deessuu jeekkarsa dubartiin takka deessee ilmoo argattee hammachiisa yommuu geessitu galma maaramitti jeekkaraniidha. Kunis jalqaba deessuufi abbaan erga waan barbaachisu qabatanii dhufanii booda hammachiifatanii erga xumuranii booda ayyaantichi jeekkarsaan saaqaafi. Jeekkarsichas akka armaan gadii kanatti jeekkaru.

**A.** Deessuu yaa areeratoo

Dabali baalchaa ilmaa
Ciniinsuu afaa butuu
Miixuu dagalee butuu
Da'anii mucaa butuu
Iddoo ciniinsuu keetii
Guddeen kun kan keeti.

Jeekkarsi kun dubartiin takka ilmoo deessee biyya badhaasti. Ilmi dhalatu sun boru kan biyyaa ta'a. saniif "Dabali Baalchaa ilmaa" kan jedhu keessatti ilma arjaa ta'e dabali jechuudha. Kana malees rakkoo yeroo ciniinsuu sana keessa darbuun ilmoo argatanii dhungachuun kan nama gammachiisu ta'uu ibsa. Kanas Qaallutuu yeroo sirni hammachiisaa raawwatamu sana jeekkaraa maqaa itti baasuun haadha ilmoo deesses jeekkarsaan eebbisa. Kanaaf jeekkarsa Qaalluu keessatti namni ilmoo argate fudhatee Galma Qaalluu dhaquun akka maqaa itti baasaniif taasifama. Guyyaa sanarraa eegalee maqaa Qaalluun sun baasefiin waamama.

**B.** Yaa deessuu waalluu kobe

Maaramtu boroo gonfe
Dhirsatuu balbalaa kolfee
Yaa dhabduu waalluu mojo
Dhirsatuu aaree gungumee
Maaramtuu boroo sokkee.

Jeekkarsi armaan olii kun ilmoo Maaramtu namaa kenna. Maaramtuu nama badhaasa. Ilmoo gammachuu waan taateef Dhirsi yookiin abbaan manaa dubartii ilma deesse sanaallee kan gammadu ta'uu ibsa. Yommuu kana warri ilmoo dahabee ammoo, aaree akka agddu ibsa. Askeessatti ilmoon yommuu dhalattu warri ilmoo argate ni gammada warri ilmoo dhabemmoo ni gadda jechuudha. Kanaaf akka amantii qaalluutti Ilmoo kan namaa kennus kan nama dhoowwatus Maaram ta'uu ibsa.

Kana malees erga deessuun takka ilma deesse fidattee galma qaallutti hammachiifattee booda ayyaantichi jeekkarsa jalqabaa sana jeekkara. Jeekkarsi jalqabaa sun kan ibsu, dubartiin deesse mucaa ammas dabaltee akka deessuufi ilmoon qananii akka ta'e kan ibsuudha. Kana malees ciniinsuun dubaraa yeroo deessu ciniinsifattu maaramtu gargaara yookiin dugda qaba jedhanii waan amananiif ciniinsuu sanallee kan oofkalchu maaram ta'uu kan ibsuudha.

Buufanni lammaffaan ammoo, gammachuu yeroo ilmoon dhalatu abbaan ilmoo dhalatee gammaduufi gargaarsa Maaramiin akka dhalatellee kan ibsuudha. Inni biraan ammoo dubartii ilmoo hin qabne yookiin maseenallee maaram kan dhoowwatte ta'uufi warri ilmoo dhabe warra ilmoo argate yoo arge yookiin yoo dhagahe innis ilmoosaa baatee dhungachuu waan barbaaduuf maafaan ilmoo dhabe jedhee keessa isaatti kan gadduudha. Kana malees jeekkarsi armaan olii kun akka walii galaatti kan ibsu ilmoo kan namaa kennu Waaqa ta'uufi ciniinsuu nama oofkalchee kan ilmoo nama qananiisu maaram ta'uudha. Kana irratti hundaa'uun "Maaramii Haadha cinqii" jedhaniillee hawaasni yeroo waamantu mul'ata.

**4.2.1. 2.4. Jeekkarsa hormaataa**

Hordooftoonni amantichaa yoo loon horuufi didan ayyaanni Qaallicha sanaa akka horsiisu wareeggatu. Wareeggachuu jechuun waan kadhatan sana yoo guuteef galchaa isaan galchaniif yookiin galataaf gumaacha godhan jechuudha. Yaada kana Abbaan Gadaa Abarraan afgaaffii caamsaa 17, 2025 gaggeeffame keesatti yommuu ibsan,

> Sangaan qotee midhaan galchee, sanyiin dagaagee, gootaraa guutee qabeenya yoo horate, akkasumas bona awwaara, ganna dhoqqee nagaan baasee kan horsiise. Sangaan gateettiin bahee qotee calla gaarii yommuu argamsiisu galataaf midhaan sanyii gosa gosa garaagaraa qunnaattis tahu, irbootti madaabaraattis tahu qabatee galata galchaaf. Askeessatti midhaan isaan galchan sun galata Waaqaf kan ta'uudha. Akkasumas yeroo horiin dhale waatii dhalatte san qofaa miti kan ilaalamu. Obbaatii obba'uun waan barbaachisuuf obbaatii malee sa'a sana dhaltee oofkalte hin jennu. Sana ta'uuf waatii dhaltee obbaatii yoo obbaate milkiin dhalte jenna. Kanaaf saani tokko dhalee yoo obba'e obbaatii sana kan milkeessu Waaqa. Obbaatiin sun safuu qaba. Waati dhale qofaa miti obbaatiin sun milkii gargaarsa Waaqatiin argameedha

Yaanni kunnamni mana amantaa sanatti bulu waan barbaade sana kadhatee yoo milkaayef yookiin irraa argate galata kan galchhuf qaba jechuudha. Kana malees gosa midhaaniis tahee loon horaniif sana kan nagaafi fayyaa kenneefii horsiisuu danda'e Waaqa sana ta'uu waan beekaniif galata Waaqaf galchuuf gochaa godhaniidha. Akkasumas hormaatas ta'ee deega kan namaan gahu Waaqa waan taheef yoo deegeef deega na baasi jedhee kadhateet yoo deega bahe ammoo galataaf gumaacha mana amantaa sanaaf taasisa. Jeekkarsi loon horanii galma keessatti ayyaantuu yommuu jeekkaru:

> Koshommi koree
>
> Saawwan dafqa maaram
>
> Darabee horee.(2x)

Jeekarsi armaan olii kun kan ibsu loon Maaram kan horan ta'uufi dabaree dabareedhaan horuudhaan kan beekaman ta'uu kan ibsuudha. Kana malees loon horuun ateeteedhaan

walqabata. Ateeteen hormaata namaafi sa'aati. Kunis ammoo Maaramiitti walqabsiifama. Kanarraa ka'uun akkuma deessudhaaf Maaramtu jira jedhan loonillee maaramtu horsiisa jechuudha. Achiin booda hunduu walgahuun namoonni kadhatanii irraa argatan fakkeenya dhibamaa kan fayyise kan akka sandallii, shittoo ixaana dhiyeessu.

**4.2.2.2.Walfakkeenya Qabiyyee Jeekkarsa Amantii Waaqeffannaafi Qaalluu**

Jeekkarsi Waaqaf jeekkarama. Namatuu Waaqaf galata galchuuf, kadhata gochuuf jeekkara. Dhalli namaa kun jireenyi isaa Waaqan gaggeeffama waan ta'eef karaa ittii Waaqasaa waliin hariiroo tolfatu barbaachuun kan jiraatuudha. Kanaaf mana amantaa kanneen lamaan keessatti walfakkeenyi isaan gama qabiyyeetii walfakkeessu akka armaan gadiitti ibsama.

***4.2.*2.2. *1*. Jeekkarsa Galataa**

Ummanni Oromoo Waaqa kadhatee Waaqarraa dhabee hin beeku. Fayyaafifi hormaatattuu Waaqatuu namaa taasisa. Waaqni arjaa arjaa arjaa olii waan ta'eef galata galchuun ala wanti biraa hin jiru. Galata kanas jeekkarsaan galata galfata jechuun barsiisonni Amantii Waaqeffannaa Galma Dirree Furii ni ibsu. Jeekkarsi galata ibsu daawwannaa eebla 15, 2017 Galma Dirree Furiitti taasifameen akka armaan gadiitti waraabameera.

| **Jeekkaraa** | **Warra Jalaa Qaban** |
|---|---|
| **A**. Yaa gurree leemmiyyoo | yaa gurree leemmiyyoo Waaqa |
| nageelliyyoo | |
| Waaqa nageenyiwoo | |
| Yoo dhugaa qabanii | yoo dhugaa qabanii Waaqarraa dhabani |
| | |
| Waaqarraa hin dhabanii | |
| Urjii samii irraa kumsee | |
| nama dhugaatii tumsee | |
| yoo dhugaa qabanii | |
| Waaqarraa dhabanii | yaa gurree leemmiyyoo Waaqa nageenyiyyoo |
| | Yoo dhugaa qabanii Waaqarraa hin dhabanii |
| Jabo jaboon amala | |
| jabaan simalee hin jiru. | |
| Yoo Dhuga qabanii | yaa gurree leemmiyyoo Waaqa nageenyiyyoo |
| Waaqarraa hin dhabani | Yoo dhugaa qabanii Waaqarraa hin dhabanii |

Akka jeekkarsi ibsutti dhugaan yeroo kamiyyuu kan hin injifatamnee ta`uu, Waaqni yeroo hundaa dhugaa bira kan dhaabbatuu fi wanti Waaqni dhugaa caalchisuu homtuu akka hin jirreedha. Urjii samiirraa gugsee nama dhugaati tumse kan jedhu Waaqni nama dhugaa qabu kan gargaaru fi garee nama dhugaa kan goru ta`uu isaa jeekkarsa kanarraa hubachuun ni danda`ama(daawwaannaa guraan dhala 22,2009 geggeeffame)

Galanni waan Waaqa kadhatanii irraa argataniif Waaqaf wareega godhaniidha. Galanni gaaffii yookiin dhibdee qunnameef Waaqa kadhatanii Waaqarraa yoo argatan akka argatan sanaafi isaaf ammoo Waaqni akka gargaare raga bahuuf kan galma qaallutti jeekkaruun ibsataniidha.

Yaada kanaan walqabatee daawwannaa gaafa Caamsaa 10, 2017tti taasifame keessatti akka hubatametti, jeekkarsi galataan maqaa Waaqa dhahanii kadhachuun kadhaa sanarraa erga milkaa'anii booda kadhaa sanaaf guyyaa sana galmatti argamuun wareega godhatan sana kormas ta'ee, mijuufi daabboo qabatanii achitti argamuun erga galma qubatanii booda jeekkarsaan galata isaanii sana ibsachaa bulu. Kana keessatti adeemsa mataa isaan jeekkarsatti seenama. Adeemsi kunis ummanni galma qe'ee qaalluu sana keessatti erga walgahee booda ayyaanni dhiyaatee eebbaan jalqabu. Eebbi kunis Ganama eebbaan oofuu fudhata. Achiin booda eebba:

**B.** Dirreen nagaa
Ayyaantuun kee nagaa
Galata Waaqan nuu gahi.

Jedhanii eebbifatu. Erga eebbifatanii booda ayyaantichi ummata sana hunda deessuu loon biyyallee bakka tokkotti eebbisa. Kunis sagantaan kamuu eebbaan waan eegaluuf milkii sagantaa saanii sanaaf eebbifatu.

### 4.3. Yoomessa jeekkarsa amantii Waaqeffannaafi Qaalluu

Jeekkarsi yoomessa keessatti jeekkaramu qaba. Namuu yeroo barbaade bakka barbaadetti jeekkaruu hin danda'u. yaada kana Eebbisaan afgaaffii Eebla 19, 2107 waliin taasifame keessatti jeekkarsi bakka itti jeekkaramuufi yeroo itti jeekkaramu akka qabu ibseera. Kanaaf jeekkarsi amantii Waaqeffannaas ta'ee Qaalluu biratti yoomeessa itti jeekkaramu kan qabuudha. Kunis akka armaan gadiitti tokko tokkoon ibsama.

### 4.3.1. Yoomessa jeekkarsa amantii Waaqeffannaa

Amantii Waaqeffannaa keessatti jeekkarsi yoomessa keessatti jeekkaramu kan mataasaa qaba. Kunis yeroo dhaabbataa kan qabuufi iddoollee dhaabbataa kan qabuudha. Iddoon isaas Galma, Tulluufi malkaatti akkasumas guyyaa wadaajaa mana nama wadaaja bulfatuutti ni jeekkarama. Yaada kanaan walqabatee, Gammachuufi Sisay (2019: 102) yommuu ibsu, "Jeekkarsi caljedhamee hin jeekkaramu. Akkaataafi yeroo jeekkaramu qaba. Abbaan fedhes yeroofi bakka argetti hin jeekkaru. Kan galgala jeekkaramu ganama hin jeekkaramu. Kana mana warra Qaallutti yookiin ayyantutti jeekkaramu ni jira. Kan gaafa wadaaja bulfatan jeekkaramu ni jira. Hunduu akkaafi iddoo mataasaa qaba. " jedhu. Yaanni kun jeekkarsi yoomessa dhaabbataa kan qabu ta'uu kan ibsuudha.

Kana malees afgaaffii eebla20, 2017 Eebbisaa waliin taasifame keessatti yommuu ibsu, " jeekkarsi galma qofa keessatti kan jeekkaramuu miti. Iddoowwan jilaa Oromoon qabu marattu ni jeekkarama. Bakka ayyaanni amantii Waaqeffannaa itti gaggeeffamu marattuu ni gaggeefama. Bakkoonni kunis Irreecha birraafi Arfaasaa (malkaafi Tulluutti), iddowwan jilaa akka Odaa, Caffeefi iddoolee jilaa garaagaraatti kan jeekkaramuudha." Jedha. Kunimmoo kan ibsu jeekkarsi iddoowwan akka galama, iddoo irreechaafi jilaatti kan jeekkaramuufi eroowwa akka birraafi arfaasaa jechuunis yeroo irreechaafi yeroo sagantaan galama gaggeeffama ganama, guyyaafi galgala kan jeekkaramuudha. Akka daawwannaa galma Malkaa Sabbataafi Dirree Furiitti Eebla 20fi 27, 2017 taasimetti jeekkarsi Galmatti jeekkaramu ganamaafi galgala akkasumas darbee darbee guyyaa guyyaas ni jira.

#### 4.3.1.1. Galma

Akka Waaqeffataan jedhutti , "Galmi galmee hayyootati. Galma qubsuma ayyaantummaa warra abbaa oromooti. Galmi bakka itti barnoonni warra abbaa Oromoo irraa kennamu. Galmi bakka qajeelfamni sirrii waa'ee jireenyaa irraa kennamuudha." Jedhu. Kana jechuun galmi wiirtuu amantii Waaqeffannaa bakka sagantaan amantii Waaqeffannaa hundi itti adeemsifamu ta'uu kan ibsuudha. Yaada kanaan walqabatee Dachaasan (2010:113) yommuu ibsu, galmi akka yeroo ammaatti bakka walgahiif ta'uufi kaayyoo karoorsan tokko haala yaadameen xumuramuu kan ibsuudha.

Akka amantii Waaqeffannaattimmoo galmi kan warra ayyaantuu sirna amantaa keessatti raawwatan ta’uu ibsa. Kunis kan walgahiif ijaaramu osoo hin taane Waaqeeffannaaf kan ijaaramu ta’ee wantoota lagatamuufi safeeffatamu eeguun waan amantii kan itti gaggeefatan ta’uu ibsa. Yaanni kun galmi akki addunyaan har’a itti beektuufi ummanni Oromoo itti beeku gargar kan ta’eedha. Akka yeroo ammaatti bakka walgahii yoo ta’u, akka amantii Waaqeffannaattimmoo bakka sirni amantaa itti gaggeeffama.

Amantiin kamuyyuu bakka sagantaa amantii isaa itti gaggeeffatu niqaba. Akkatuma kanaan bakki Amantii Kiristaanaa Taabota/bataskaana, waldaa; akkasumas bakki Amantii Isilaamaa ‘Masjiida’ jedhanii moggaafatan, Bakki Amantii Waaqeffannaa itti gaggeessani immoo ‘Galma’ jedhama. Akka Daawwannaa guyyaa 24/08/2017 Galma Amantii Waaqeffaannaa keessatti barsiisaan amantii Waaqeeffannaa Baayisaan jedhetti;

“Galma itti gala Waaqeffatootaati, lafa dhaloonni amantii Waaqeeffannaatiin walqajeelchuudhaaf itti walgahanidha.” Jedha. Kana jechuun bakki hordoftoonni Amantii Waaqeeffannaa amantii isaanii itti gaggeeffatan Galma akka ta’ee hubachiisa. Kanaaf jeekkarsi galmatti jeekkaramu yeroo sagantaan amantichaa eegaletti kan jeekkaramuudha. Yeroon kunis ganama, guyyaafi galgaladha.

#### 4.3.1.2. Jeekkarsa ganama jeekkaramu.

Akka amantii Waaqeffannaatti jeekkarsi ganama jeekkaramu jeekkarsa yeroo kaan jeekkaramuun gargari. Ganama Waaqan nagaa bultee gaafachuun akkammoo isaan bulan ibsuufi. Sababni isaas ummanni Oromoo waan hunda dursa Waaqa ofitti aanfata jechuun hordooftoonni amantii Waaqeffannaa ibsu.

Ganama jechuun lafa bariiti. Yeroo biiftuun caamaan baatu. Yeroo uumamni hundi jiruusaa gaggeeffachuu dawoo ture keessaa gadi bahee sochii isaa eegalu. Ganamni guyyaa dheeratti nama geessa. Ganamni abdii namaa kuusa. Ganamni milkiidha jedha oromoon” jechuunafgaaffii Caamsaa 02 2017 taasifameef keessatti Aadde Qananii ni ibsu. Kun ammoo hiikaa hawaasni oromoo ganamaaf kennu kan ibse yoo ta’u kanarraa ka’uun hawaasni Oromoo ammoo ganama akkamittii akka eegaluufi milkii guyyaa isaa sana ibsatu yommuu ibsu, “ ummanni Oromoo ganama waan hunda dursa Waaqa nagaan isa bulcheef galata galcha. Achirraan ollaasaa nagaan buluusaanii gaafata. Nagaan bullaan nagaatu jiraatti beeka. Nagaan

ammoo Waaqa. Achirraan Waaqan nagaa bultee gaafata.” Jedha. Jeekkarsi kunis akka armaan gadiitti jeekkarama.

| **Jeekkaraa** | **Jalaa Qabdoota** |
|---|---|
| Yaa Waaq nagaa bultee? | Bulle bultee? |
| Siifuu nagaan bullee Ya leemmiyoo. | Siifuu nagumaan bullee ya leemmiyoo |
| Jajjabaa haamee | |
| Yaa jabaa si waame ya leemmiyyoo | Siifuu nagumaan bullee ya leemmiyoo |
| Jabo jaboon amala | |
| Jabaan simalee hin jiru ya leemmiyyoo | Siifuu nagumaan bullee ya leemmiyoo |
| Urjii tar godhee | |
| Waaq tarree bobbaase ya leemmiyyoo | Siifuu nagumaan bullee ya leemmiyoo |
| Hundumaa hin kennu | |
| Waan hunda hin dhoowwatuu | |
| Yaa leemmiyoo | Yaa Waaq nagaa bultee |
| Bulle bultee? | Siifuu nagumaan bullee ya leemmiyoo |

Jeekkarsi armaan olitti jeekkarame kun hawaasa Waaqeffataa biratti gana yeroo ka’u nagaan buluu isaaf sababa kan ta’e yookiin kan nagaan isa bulche Waaqa ta’uusaa waan beekuuf Waaqallee nagaa gaafachuuf akka aadaa isaatti Waaqan nagaa bultee jedhee gaafata. Achiin booda Waaqaf jecha akka nagaan bulan; Waaqni akka isaan bulche; nagaan Waaqa isaan waan gammachiiseef galata galchuuf kan jeekkarameedha. Erga jeekkarsa Waaqan “nagaa bultee?” jedhu jeekkaranii booda jeekkarsa isa waliin deemu kan “yaa Waaq nagaa jirtaa” jedhu jeekkaru. Jeekkarsi kun ammoo jeekkarsa duraa kan dabaaluuf yookiin deeggaruuf kan jeekkaramuudha.

#### 4.3.1. 3. Jeekkarsa galgala jeekkaramu

Waaqeffataan galgala yommuu sagantaa gaggeeffatu akkauma yeroo ganamaa sagantaa gaggeeffatu keessatti eebbatti aansee jeekkarsa jeekkaru galgalas sagantaa isaa erga eebban eegalee booda Waaqan “nagaa ooltee?” jedhee jeekkara. Jeekkarsi kun yeedaloofi sookarri isaa kan ganamaatiin walfakkaatullee walaloowwan jalqabaa qofatuu irra adda ta’a. kunis daawwannaa Galma Dirree furii Caamsaa 9, 2017 taasifame keessatti jeekkarsa armaan gadii kana waraabbadheera.

| Jeekkaraa | Jalaa Qabdoota |
|---|---|
| Yaa Waaq nagaan ooltee? | oolle ooltee? |
| Siifuu nagumaan oollee yaa leemmiyyoo | siifuu nagumaan oollee yaa leemmiyyoo. |
| Abbaadhoo jiddaaa | |
| Waaqa abbaakoo jirtaa yaa leemmiyyoo | siifuu nagumaan oollee yaa leemmiyyoo |
| Soraa manarraa | |
| Waaq tolaa namarraa yaa leemmiyyoo | siifuu nagumaan oollee yaa leemmiyyoo |
| Sossobee waamee | |
| Waaq sobee araarsee yaa leemmiyooo | yaa Waaq nagaa ooltee |
| Oolle ooltee | siifuu nagumaan oollee yaa leemmiyyoo |

Jechuun kan jeekkaraniidha. Jeekkarsi kun walaloowwan gidduu isaa baay’inaan waan walfakkaataniif yeroo ibsuuf kan jeekkaramuudha. Akkasumas jeekkarsi lammaffaarratti jeekkaramu, “yaa Waaq nagaa jirtaa?” kan jedhu kan ganamaa waliin waan walfakkaatuuf galgalas walumaan jeekkarama. Adeemsiifi akkaataan jeekkarsaallee kan ganamaatiin walfakkaata. Jeekkarsa kan erga jeekkaranii xumuranii eebban damboobsanii eebba sana harka lamaan bal’isanii ofitti haqa. Kun ammoo kan agarsiisu eebbi sun haphee ta’ee natti haa maxxanu ilaalcha jedhu akka qabu miseensota Amantii Waaqeffannaa Galma keessaa odeeffadheera.

Kana malees jeekkarsi armaan olii kunneen walharkaa fuudhuun inni jeekkaru jalqaba kan jedhe jala qabdoonni ammoo xumura ittiin goolabu. Kunis jeekkaraan jeekkarsicha yoo xumuruu barbaade walaloo ittii xumuruu barbaade sana sagalee dhuma bo’oo walaloo sanaa dheeressuun akka xumuran godha. Yommuu kana jalaa qabdoonni isa jeekkaraan jalqaba jedhe sana irra deebi’anii jedhu. Jeekkaraan ammoo walaloo jalaa qabdoonni jalqaba ittiin jalaa qaban sanaan jalaa qaba. Achiin eebbaan jeekkarsa damboobsanii xumuru. Askeessatti jeekkaraan jalaa qabaa ta’a; jalaa qabaan jeekkaraa ta’uu danda’a.

Kana malees jeekkarsi kanneen biroo hedduutu jiru isaanis yeroo dhaabbataa qabaachuu baatanis jeekkarsa armaan olii lamaaniin booda kan jeekkaramaniidha. Jeekkarsi kunneen olaantummaa Waaqa kan agarsiisan; nageenya Waaqa ibsuuf; hojiilee Waaqa himuuf kadhataafi galata galchuuf kan jeekkaramniidha.



*Suura3*: suura A/Y/W/A/O Boosatitti yommuu jeekkaran fuula miidiyaa Dh/H/A/Waaqeffannaarraa fudhatame.

**4.3.1.4. Jeekkarsa Iddoo irreechatti jeekkaramu**

Irreechi ayyaana amantii Waaqeffannaa keessaa isa tokkodha. Barsiisaan amantii Waaqeffannaa kan ta'e obbo Eebbisaan akka jedhutti, "Irreechi ayyaana amantii Waaqeffannaati. Ayyaana galatoo Waaqeffattoonni waggaatti yeroo lama malkaafi tulluutti ba'uun kabajataniidha. Kunis birraa Malkaatti, Arfaasaammoo Tulluutti bahuun galataafi kadhata Waaqaf kan ayyaaneffataniidha. Ayyaana kanarratti ammoo jeekkarsi galataafi kadhataa Waaqeffattootaan dirree sanarratti kan jeekaramuudha." Jedha. Yaanni kun, jeekarsi amantii Waaqeffannaa keessaa isa tokko ta'ee yeroo ayyaana irreechaas jeekkaramuu kan danda'u ta'uu kan ibsuudha. Kanaaf jeekkarsi iddoo irreechatti jeekkaram kan jiru ta'uufi baay'inaan kan jeekkaramuudha. Jeekkarsoonni guyyaa irreechaa iddoo irreechaatti jeekkaraman akka armaan gadiitti barsiisaan Amantii Waaqeffannaa Eebbisaan afgaaffii taasifameefirratti ibsa.

**Miilayyoo**

| Kan jeekkaru | Kan Jalaa qabu |
|---|---|
| A. Miilayyo (2x) | Hayyee |
| Miila Gaangoo Qal'aa | |
| Waaqan oolee oollee gallaa | Miila Gaangoo Qal'aa |
| | Waaqan oolee oollee gallaa |
| Jabo jaboon amalaa leemmiyyoo | hayyee |
| Jabaan si malee hin jiruu leemmiyyoo | hayyee |
| Miila gaangoo qallaa Waaqan oollee galla. | Miila Gaangoo qallaa Waaqan oollee galla |

Jeekkarsi armaan olii kun, waaqan akka oolanii galan ibsa. Waaqa malee oolanii galuun kan hin danda'amne ta'uu ibsa. Jeekkarsa kanaan walqabatee B/A/W/ Galmatti barsiisan keessaa qabxii

sdaffaan, “Waaqeffataan waaqasaa akkamitti ilaala?” kan jedhu jalatti waa’ee jeekkarsa kanaan walqabsiisuun bal’inaan ibsameera. Kunis Waaqeffataan waaqni kiyya bakkuman ani jiru na faana jira. Waaqni kiyya eessattuu yoomiyyuu na marsee argama jechuun ibsu. Kanaaf bakka kamuu waaqni nama waliin waan jiruuf waaqan akka eegaman addeessa.

Kana malees Leemmiyoo jechuun qulqulluu jechuudha. Waaqni qulqulluu daandii dhugaa qofa qabu ta’uu ibsa. Waaqni loogii kan hin qabne ta’uu; inaaffaa kan hin qabne ta’uu; kan nama hin mine ta’uufi abbaa uumama mara qixa ilaalu ta’uu ibsuuf dhimma itti ba’ama. Kaanaaf akkuma lukti namaa karaarra oofee nama galchu waaqnille hamaarraa nama tiksee nama galchuu ibsa.

| **Jeekkaraa** | **Jalaa Qabdoota** |
|---|---|
| B. Miilayyoo (2x) | Hayyee |
| Miila Gaangoo adii Waaq nu baasi badii | Miila Gaangoo adii Waaq nu baasi badii |
| Dhagaa gurguddaa lagaa leemmiyyoo | hayyee |
| Bishaantu walbaachisee leemmiyyoo | hayyee |
| Maseenni dahuu hin dinnee leemmiyyoo | hayyee |
| Uumatuu walcaalchisee leemmiyyoo | hayyee |
| Miila Gaangoo adii Waaq nu baasi badii | miilayyoo (2x) |
| Hayyee | Miila Gaangoo adii Waaq nu baasi badii |

Jeekkarsi armaan olii kunis jeekkarsa galma keessatti jeekkaramu keessaa isa tokko. Jeekkarsi kun, hamaa dahala namaatti dhufu namni beekuu waan hin dandeenyeef kan irraa nama eeguu danda’u waaquma ta’uu ibsa. Lafa badii yookiin rakkoo namatti fidi lukaan akka nan geessine jechuun waaqa kadhachuusaati. Badiin namarratti badii raawwachuufi namaan miidhamuunis badii waan ta’ee lamaansaa na oolchii kadhata.

Jeekkarsi kun erga Irreecha Irreeffatanii deebi’anii booda dirree irreechaa sanarra yookiin Odaa jalatti walgahuun kan jeekkaraniidha. Akkasumas Waaqan akka oolanii galan kan ibsu ta’uu, kan oolchee nama galchu ta’uu erga Irreeffatanii booda akka jeekkaran barsiisaan amantii Waaqeffannaa Baay’isaa jedhamu ni ibsa. Jeekkarsi inni biraan guyyaa Irreechaa bakka Irreechaatti jeekkaramu ammoo “Uumayyoo” kan jedhuudha.

**Uumayyoo**

| **Jeekkaraa** | **Jalaa Qabdoota** |
|---|---|
| **A.** Uumayyoo (2x) | hayyee |
| Uumaa keetiin bullaa yaa Waaqayyoo | Uumaa keetiin bullaa yaa Waaqayyoo |
| Laal soraa manarraa uumayyoo | Hayyee |
| Waaq tolaa namarraa leemmiyyoo | Hayyee |
| Hangaasuu balaq godhee uumayyoo | Hayyee |
| Roobee cabalaq godhee leemmiyyoo | Hayyee |
| Uumaa keetiin bullaa yaa Waaqayyoo | Uumayyoo(2x) |
| Hayyee | Uumaa keetiin bullaa yaa Waaqayyoo |

Jeekkarsa kana keessatti wanti ibsame, dhalli namaa akka waaqaan buluu qabuufi buluunillee dirqama ta'e ibsa. Akkasumas waaqni namarra kan toluufi roobee kan nama badhaasu ta'uu addeessa. Tolli namaa daanga'aadha. Kan waaqaa garuu daangaafi ulaagaa hin qabu. Hundaafuu qixuma tola. Kanaaf jeekkarsi kun waaqan buluu kan addeessudha. Askeessatti tolmaata Waaqaa keessaa tokko Rooba akka ta'e ibsa.

| | |
|---|---|
| **B**. Uumayyoo (2x) | Hayyee |
| Uumaa keenya ganamaa yaa Waaqayyoo | Uumayyoo(2x) |
| Hayyee | Uumaa keenya ganamaa yaa Waaqayyoo |
| Fardi kan yaabbatanii leemmiyyoo | Hayyee |
| Waaqni kan yaammatanii leemmiyyoo | Hayyee |
| Ulee qallayyoo ceeqaa leemmiyyoo | Hayyee |
| Yaa Waaq situ dhugaa beekaa leemmiyyoo | Hayyee |
| Uumaa keenya ganamaa yaa Waaqayyoo | Uumayyoo(2x) |
| Hayyee | Uumaa keenya ganamaa yaa Waaqayyoo |

Jeekkarsi armaan olii kun, waaqni akka ganama nama uumetti akka jiraachisu ibsa. Kana jechuun akka warra isaa uume warri isaa sun itti jiraatan sanitti akka jiraachisu waaqa kadhachuudha. Waaqa leemmiyyoon waaqa qulqulluu kan dabaafi dalga hin beekne kan dhugaa qofa qabu jechuudha. Dhugaan ammoo, qulqulluudha. Dhugaa kan beekuufi qabu waaqa.

Kanarraa ka'uun Oromoon, "Dhugaan ilmoo Waaqati." Jedhee mammaaka. Kanaaf daandii sirrii waaqaan walitti nama fidu dhugaa hojjachuu qofaani.

Jeekkarsi kun bal'inaan kan jeekkaramu yeroo Irreechaafi Ayyaanota Oromoo itti kabajaniidha. Ayyaanonni kunis ayyaana akka Irreechaafaa fakkeenyaa kaasuun ni danda'ama. AskeessattiIrreechi duudhaafi ayyaana amantii Waaqeffannaa Oromoo durirraa qabu waan ta'eef ayyaana keenya kanatti nu deebisi ilaalcha jedhu ofkeessaa qaba.

**C**. Uumayyoo(2x)
Uumtee nun jijjiirinii yaa Waaqayyoo
Hayyee
Loowwan guba hin dheedanii leemmiyyoo
Yaa Waaq sirra hin beekanii leemmiyyoo
Uumtee nun jijjiirinii yaa Waaqayyoo
Hayyee

Hayyee
Uumayyoo(2x)
Uumtee nun jijjirinii yaa Waaqayyoo
Hayyee
Hayyee
Uumayyoo (2x)
Uumtee nun jijjiirinii yaa Waaqayyoo

Ummanni Oromoo sagantaa ittii bobba'ee galuuf walgalchu qaba. Sagantaasaa keessatti akkaataa qajeelfa sagantaasaa sanaan kan bobba'u ta'uu Waaqeffattoonni ni dubbatu. Jeekkarsi armaan olii kun ummanni Oromoo Waaqan akka bulaniifi Waaqni uumama isaa kan hin jijjiirre ta'uu kan ibsuudha. Akkasumas uumaan ganamaa Oromoon qabu sun sagantaafi Heera Oromoon qabuun waan walqabatuuf sagantaa sana keessattimmoo ayyaanni kan jiruudha. Ayyaannimmoo walqunnamtii namni Waaqasaa waliin qabu tolfachuuf kan taasisu ta'uu waaaqeffattoonna Dirree furii afgaaffiin taasifameef tokko tokko ni ibsu. Ayyaana kan keessaammoo ayyaanni ummata Oromoo biratti beekamu ayyaana irreechati. Ayyaana kanammoo oromoon uumaaf kan qabuudha. Waan abboonni ittiin jiraatanii darban kun ammoo ilmaanitti darbuu osoo walirraa hin citiin dhalootaa dhalootatti darba. Akka kanaan dabaree erga darbee booda saganataa abbootasaanii sana deebifachuuf sagantaa keenya ganamaatti deebi'uun kan Waaqa kadhataniidha. Irreechi duudha ummata Oromoo waan ta'eef duudhaa isaanii sanatti deebi'uun duudhaa isaanii sana jabeeffachuu agarsiisa.

### 4.3.2. Yoomessa Jeekkarsa Warra Qaalluu

Mana amantaa Qaalluu keessattis jeekkarsi bakkaafi yeroo itti jeekkaramu qaba. Kunis akka seera amantichaatti bakkaafi yeroo eeyyamamutti malee kan jeekkaramuu miti. Akka manguddoon Galmaa afgaaffiin taasifameef ibsutti, "jeekkarsi yeroo itti jeekkaramu daangaa hin qabu. Garuu bakka itti jeekkaramu daanda'aa qaba. Yeroon jeekkaramu guyyaa, galgala,

halkan akkasumas ganamallee ni jeekkarama. Bakki itti jeekkaramu garuu galma ayyaantuu, fi mana warra wadaaja bulfatuu qofattidha.” Jedha yaanni kun, jeekkarsi warra qaalluu yeroo hunda galma keessattiifi darbee darbee guyyaa wadaajaa Mana nama dhuunfatti kan jeekkaramu yommuu ta’u, yeroon isaa ammoo yeroo hunda jeekkaramuu kan danda’u ta’uu ibsa.

Kana malees jeekkarsi Qaalluu Galma qaalluu keessatti guyyaa hunda hunda jeekkaramuu danda’amus guyyaa dhaabbataallee kan qabu ta’uu jaarsi Jabboo Galma Warra Haadha Abbayii afgaaffiin caamsa 8, 2107 ibsanii turan. Kana malees Manguddoon galma keessatti Jeekkaru tokko afgaaffii Caamsaa 7, 2107 Galma Qaalluu Warra Haadha Abbayii keessatti raawwatame yommuu ibsu, “Jeekkarsi Seera qaba; safuu qaba; waan eeggatanillee qaba. Akkasumas bakka itti jeekkaranillee qaba. Keessattuu baay’inaan biyyi yaa’ee kan jeekkaru guyyaalee akka torbii, kudha arfiifi yaa’ii gooftaa irratti namni baay’inaan waan dhufaniif yeroo sana guyyaa guutuufi halkan guutuu jeekkaruun ni danda’ama.” Jedha. Yaanni kun, jeekkarsi galma Qaalluu keessatti jeekkaramu bal’inaan guyyaa sagantaa manni amantichaa qabu kan akka torbii, kudha arfiifi yaa’ii kan ta’e ta’uu ibsa.

#### 4.3.2.1. Guyyaa Wadaajaa

Wadaajni ayyaana warra qaalluu keessaa isa tokkoodha. Kunis guyyaa hordoftoonni amantichaa galataafis ta’ee kadhataaf achitti walgahanii halkan guutuu jeekkaraa bulaniidha. Guyyaa wadaajaa kana jeekkarsi jeekkaramu adeemsa mataasaa kan qabuudha. Yaada kan obbo Margaan Eebla 22,2017 afgaaffii taasifameef keessatti akka ibsanitti,

Yaanni kun jeekkarsi guyyaa wadaajaa ulaagaa wadaajni tokko guutuu qabu erga guutanii booda kan jeekkaran ta’uu kan ibsuudha. Kana malees jeekkarsi mana qaalluu keessatti adeemsa ittiin jeekkaramuufi duraa duubummaa kan qabu ta’uusaa kan ibsuudha. Jeekkarsi kunis akka armaan gadiitti ibsama

Yeroo wadaaja keessatti kennaa walii kennan muka birbirsa jedhamu fudhatanii “Mareehoo jeekkaru. Guyyaa wadaaja bulan galgala yeroo wadaaja jalqabuuf jedhan erga namoonni hunduu walgahee booda jaarsi jabboo galma keessatti bunarratti eebba eebbisa. Buna dhuganii erga nyaata nyaatanii booda jeekkarsa jalqabaa akka armaan gadiitti jeekkaru.

**A.** Yaa warra Waaqa yaa warra wadaajaa nagaan ooltanii
Nagaan oollehoo(2x)
Wadaajni wadaaja milkiitii
Nagaan oollehoo
Yaa warra Waaqa nagaan ooltanii

Nagaan oollehoo
Yaa warra wadaajaa nagaan ooltanii
Nagaan oollehoo" jedhanii jeekkaru.

Jeekkarsa kana namoota Wadaaja dhufetu nagaa walgaafachuuf jeekkara. Akkasumas jeekkarsa isaanitti seenuuf nagaadhaan eegaluu isaanii ibsa. Nagaa kanas dursa warra Waaqaa yookiin Qaallurraa eegalu. Erga warra Waaqaa nagaa gaafatanii booda jamaa Wadaaja dhufe sana nagaa gaafachuutti ce'a. kanaaf jeekkarsi kun nagaa gaafachuuf galgala yommuu warri Wadaaja bulu warra waaqatti walgahu ittiin nagaa walgaafachuuf jeekkaramu ibsa.

Jeekkarsaan erga nagaa walgaafatanii booda ummanni halkan sana guutuu kan jeekkaraa bulaniidha. Halkan sanas adeemsa mataa isaatiin kan jeekkaru. Akka manguddoo Galma Qaalluu jedhanitti, Jeekkarsa kana erga jeekkaranii galma hoo'isanii booda, galgala guyyaa wadaajaa sana nagaa walgaafachuun jalqabanii halkan sana guutuu walharkaa fuudhanii jeekkaraa bulu. Halkan sana guutuu yommuu jeekkaran gidduu gidduutti korma qalatanii nyaachaa jeekkaru. Akkasumas bunaafi mijuu dhugaa jeekkaru.. Kunis hanga bariitti jeekkaramaa bula. Gidduu gidduutti boqonnaa fudhachaa nyaataafi dhugaatii gaggeeffachaa hanga bariitti jeekkaru. Barii ganamaa ammoo kormatuu dhiyaata. Kormi sun sadis afuris tahu jeekkarsaan faarsu innis: Kormi sa'aatii jahatti sagalittis bariillee yeroo qophaawu qaba. Barii isaammoo galma Nabiitti walgahuun akka armaan gadiitti jeekkaru.

**B.** Yaa Nabi nooraa
Osoo akka isaanii
Bililleen dhugaayyuu
Sambattan lamaan yaa'iin kan keessanii
Yaa nabii Nooraa
Odoo akka isaanii
Yaa'iin sanbattan lamaan kan isaanii

Jeekkarsi kun guyyaa yaa'iis haa ta'u guyyaa torbii galma Nabiitti walgahuun yeroo ayyaanni Nabii dhiyaatu jeekkarama. Ayyaanni Nabii kan dhiyaatu Guyyaa Torbii waan ta'eef sanbattan lamaan galma nabiitti jeekkarsi jeekkarama. Kanaaf jeekkarsi galma nabiitti jeekkaramu waayedhuma Nabii kan ta'eedha. Nabi jechuun ayyaana dhiiraa jechuudha. Kunis ayyaanota warra Qaalluu jiran keessaa isa tokkodha.

### 4.3.2.2. Guyyaa Torbii, Kudha Arfiifi Yaa'ii

Mana amantaa Qaalluu keessatti sagantaa amantii isaanii yeroo sadi gaggeeffama. Kunis Torbii, yaa'iifi guyyaa wadaajati. Guyyaa Torbii kan jennu torban torbaniin sanbattan lamaan kan gaggeeffataniidha. Yaa'iin ammoo torbaan lamaa lamaan kan gaggeeffamuudha. Wadaajni ammoo waggaatti yeroo lama kan gaggeeffamuudha. Sagantaa kana sadan keessatti jeekkarsi ni jeekkarama. Bal'inaan garuu guyyaa wadaajat namni sirriitti jeekkaraa bula. Yeroo ayyaanni dhufu ayyaanni sun akka dhiyaatuuf jeekkarsoota ayyaana sana dhiyeessuu danda'an jeekkaru.

Askeessatti ulaagaa guutamu qabu kanneen akka korma qaluu, buna danfisuu, daabboo muruufi mijuu qopheessuun aara akka Naddii,Ixaana erga aarsanii booda bifa kadhaatiin ayyaanni sun akka dhiyaatuuf jeekkarsa kadhaa jeekkaru. jeekkarsa kanas dura nama ayyaana qabu santuu jeekkara. erga namoonni galma keessa jiran hundi jalaa qabuun galmi hoo'ee booda manguddooliifi haawwan walharkaa fuudhanii jeekkaru. sirriitti erga jeekkaranii ayyaanichi afuura yeroo baafachu eegalu jekkara dhaabanii kadhaa eegalu.kunis "nuu dhiyaadhu gooftaakoo nagaan nuuf koottu siif ifaa nuuf dukkana." jedhanii kadhaan jalqabu achiin booda ayyaanichi namicha ayyaana qabu sana mataa raasuun jechoota afaan Oromoohin taane wayii erga dubbatee booda hordoftootasaa nagaa gaafata.

**A.** Anuu hin rafu maalan rafa gooftaa koo
Dhaabeen galma kee bula.
Yaa Waaq si kadhannaa ati nuuf tolihoo
Yaa simbirroo daarirra teechaa motii
Mee bishaan qarqaraa
Yaa Waaqayyoo waawuu sirran beekaa motii
Ati nuuf tolimee.

Jeekkarsi kun yeroo yaa'ii gooftaa bulan ykn wadaaja yeroo bulan maqaa dachii irratti moo'e sana maqaa kaasee eebbisa. ummanni kun kan argaman kuun galma Qaallichi keessatti dalagu sana; kuun ammo galma sana balbalasaarra dhadhaabbatanii kan waa gaafatachuu barbaade gaafatatee,kan galataaf dhufe galata galfachuuf tokko tokkon himata. namni tokkommoo kan Baanaa himu balbalarra taa'ee dubbii ummataafi Qaallicha sana gidduu deddeebisa. Hawaasni hunduu ergaa karaa ayyaanaan darbus ta'ee namoota balleessaa walitti balleesse araarsuun Jaarsa Jabbootti himamee erga xumuramee booda ayyaanni yeroo deebi'u jamaasaatti nagaa

dhaamee namicha ayyaanniirratti dhiyaate sana mataa daqiiqaa muraasaaf erga urgufee godaana. Mataa urgufuun sun mallattoo garagaluu ayyaana sanaa waan ta'eef ayyaanni erga garagalee booda jeekkarsa isaanii itti fufuun jeekkaru. Mooraa sana keessatti jeekkarsa malee wanti biraa hin eeyyamamu.

**B.** Yaa abbiyyo hoo
Abbiyyoo siin jedhan hoo
Abbiyyo siin jedhinna
Masgiida kee qaqqabee
Waa hajameen
Yoo rakkataan si waammatehoo

Jeekkarsi kun yeroo ayyaanni dhiyaatu ni jekkarama. jeekkarsi kun akkaataan inni ittiin jeekkaramu yeedaloon isaa walfakkaatus walaloon jalqabaa isaa garaagarummaa qaba. isa yeroo ayyaanni dhiyaatu jeekkaran yeroo ayyaanni godaanu hin jeekkaran. jeekkarsi kun guyyaa torbii ayyaanaafi yaa'ii ayyaanaa kan jeekkaramuudha.

Askeessatti jeekkarsi ulaagaa ittii ayyaana kabajan keessaa isa tokko kan ta'eedha. ayyaanni jeekkarsa malee hin dhiyaatu.sababni isaa faaruu mararfannaa waan ta'eef namuu Waaqa itti bulu yommuu waammatu nijeekkara. kunis Qaallicha dalagurraa eegaluunman guddoo, haawwaniifi dargaggoonni waayee isaa beekan wal harkaa fuudhanii jeekkaru. Jeekkarsa kanas barii lafaa akkuma biiftuun baateen akka armaan gadii kanatti jeekkaru. Kan jeekkaran kanas galma maaram duratti walgahanii deessuun hammachiisaaf walgahanii jeekkaru.

**C.** Barii ganamaa hoggaa biiftuun baatuu
Na yaami jennaanan si waamehoo (2x)
Dhakaa gurguddaa lagahee
Bishaantu walbaachiseeree
Maseenni ilmoo hin dinneehee
Isintuu walcaalchiseeree
Yaa maaram anaa maruuree
Giiftii galma taabotaaree

Jeekkarsi kun jeekkarsa haawwolii barii obboroo galma Maaram duratti walgahanii hammachiisaaf yeroo isaan jeekkaraniidha. Barii ka'anii dibbee isaanii rukutachaa galma Maaramitti walgahuun Galma ishee jajuun; hojiishee dinqisiifachuun ayyaana Maaram waammachuuf jeekkaru. Ilmo kan kennus kan dhoowwatus Maaram ta'uu ibsa. Akkasumas jeekkarsa kana kan haawwantu galma maaramitti jeekkara.

### 4.4. Faayidaa jeekkarsa Waaqeffannaafi Qaalluu

Jeekkarsi mana amantaa lamaanittuu faayidaa qaba. Kunis faayidaa malee kan hin jeekkaramne ta'uufi manni amantaa lamaanuu akka amantiitti faayidaasaa giddu galeessa godhachuun kan jeekkaramuudha. Kanaaf manni amantaa Waaqeffannaas ta'ee qaalluu jeekkarsatti dhimma bahuun waan barbaadan sana ittiin dabarfatu.

#### 4.4.1.Faayidaa Jeekkarsa Amantii Waaqeffannaa

Amantii Waaqeffannaa keessatti jeekkarsi utubaa amantuchaati. Akkasumas sagalee Waaqeffattoonni Waaqa isaanii ittiin galateeffatanidha.Akka dhugeeffannoo Waaqeffattootaatti uumamaa ni faarsu. Wanti faarsaniifis waan yoo faarsaan jajjabaachuu danda'uufi haamileen itti horamuun barbaachiseef kan oolu ta'a. Waaqaf garuu ni 'Jeekkaru'. Wanti Waaqni hinfaarsamneef; uumaan Abbaa uumama hundaati kanaaf waan gochuu barbaadu hundumaa gochuu waan danda'uuf hamilee utuu hintaane galateeffannaatu sirriidha" jedhanii dhugeeffatu.

Jeekkarsi Galma Amantii Waaqeffannaatti jeekkarama. Filee(2016:80) "oromoon Waaqafi Waaqeffannaa kan ibsatu bakka irreechaa qofaatti wal ga'uudhaan qofa osoo hin taane yeroo adda addaaafi bakkeewwaan biroo adda addaatti ogafaaniifi mallattoolee adda addaatiin jechoota ulfoo ta'aniin yemmuu ta'u kunis, "jeekkkarsa" jedhama" jedha. Daawwannaa Galma Amantii Waaqeffannaa Dirree Furiitti (24/08/2017) taasifame keessaa akka hubatametti jeekkarsi faayidaalee garaagaraa kan qabu ta'uu kan ibsuudha. Akka Eebbisaan Afgaaffii isaa Eebla 20, 2017 taasifame keessatti kaase keessatti, "Jeekkarsi faayidaawwan gurguddaa galma amantii Waaqeffannaa keessatti qaba. Faayidaan kunis barnoota ittiin barachuu, Waaqa ittiin kadhachuufi galata Waaqa ittii galchuuf sagalee kiiloleen Waaqeffattoonni galmatti kan jeekkaraniidha." Jedha. Yaanni kun kan ibsu, jeekkarsi faayidaalee akka barnoota kennuu, kadhataafi galataaf kan ooluu ta'uusaati. Faayidaaleen kunis akka armaan gadiitti ibsama.

##### 4.4.1.1. Barnoota Kennuuf

Barnoonni jeekkarsaan kan kennamu ta'uu Waaqeffattoonni garaagaraa ni dubbatu. Wanti jeekkarsa keessatti ka'u martuu barnootadha jedhu. Yaada kanaan walqabatee Eebbisaan yommuu ibsu, "Jeekkarsi barnoota kan kennuudha. Sookaraafi bo'oolee walaloo sana tokkoon

tokkoon isaa barnoota kan qabuudha. Jechootumtu achi keessatti dhimma itti bahamuyyuu jechuuta jilaatai.

Jechoota Oromduroo waan ta'ee isayyuu hiikkachuuf nama rakkisa. Kun ammoo barnoota jeekkarsa keessaan argannuudha" jedha. Yaanni kun kan ibsu jeekkarsi barnoota gahaa kna kennuufi itti fayyadamni jechootaa achi keessa jiru murteessaa kan ta'eedha. Fakkeenyaa jeekkarsa Manguddoo Nagawoo Boosat "Hoyyo Hoyyoo hee biyyatoo biyyoon nagayaahee?" jedhu Waaqeffattoonni galma malkaa sabbataa yommuu jeekaran kan waraabame.

| **Nama Baasu** | **Warra Jalaa Qaban** |
|---|---|
| **A**. Hooyyo hoyyoo hee | |
| biyya too biyyoon nagayaa hee | Hooyyo hoyyoo hee |
| | biyya too biyyoon nagayaa hee |
| yaa gadaa Duraa nagayaa | hooyyo hoyyoo hee |
| | biyya too biyyoon nagayaahee |
| Yaa gadaa jiffuun nagayaa | Hooyyo hoyyoo hee |
| | biyya too biyyoon nagayaa hee |
| Hayyicha bokkuun nagayaa | Hooyyo hoyyoo hee |
| | biyya too biyyoon nagayaa hee |
| Qaalluu uumaan nagayaa | Hooyyo hoyyoo hee |
| | biyya too biyyoon nagayaa hee |
| Ulfinni hunduu nagayaa | Hooyyo hoyyoo hee |
| | biyya too biyyoon nagayaa hee |
| Biyyoon gamanaa nagayaa | Hooyyo hoyyoo hee |
| | biyya too biyyoon nagayaa hee |
| Malkaafi tulluun nagayaa | Hooyyo hoyyoo hee |
| | biyya too biyyoon nagayaa hee |
| cuqqee qadiidaan nagayaa | Hooyyo hoyyoo hee |
| | biyya too biyyoon nagayaa hee |

jeekkarsi armaan olii kun barnoota mataasaa kan qabuudha. Askeessatti iddoowwan Hoodaa Oromoon qabuufi nageenyummaa ulfoon qabuu kan barsiisudha. Walaloo jalqabaa keessatti "Biyyatoo biyyoon nagayaahee?' askeessatti kan inni barsiisu biyyi biyyoo dabalatee mukaa

citaan, sa'aa namni achi keessa jiran nagaa ta'uusaanii kan gaafatuudha. Walaloon itti aanummoo "Yaa Gadaa duraa Nagayaahee" kan jedhummoo gadaan beekumsa Oromoon jalqaba ittiin walbulcheefi sirna Dimookiraasii addunyaa tana dursee ummata Oromoon shaakalame ta'uu kan ibsuudha.

Walaloon itti aanu "Hayyichi Bokkuun Ngaayaa....Qaalluu Uuman nagayaahee?" kan jedhummoo hayyuun bokkuun kan beekamuudha. Hayyuun kan biyya nagaan waliin jiraachisu. Kan beekumsaan bulchuufi mallattoo hayyummaa ta'uu kan agarsiisudha. Kana malees kan itti aanummoo Qaalluun ummata Oromoo biratti uumama addaa kan ta'eefi barsiisaa amantii Waaqeffannaa kan ta'e ta'uu kan ibsuudha. Kanaaf qaalluun samiidhaa buute namoonni jedhanis ni jiru. "Malkaafi Tulluun Nagayaayee?" kan jedhu keessattis iddoowwan ulfoo ummanni Oromoo itti Irreeffatu keessaa Tulluufi Malkaan kan beekamaniidha. Kunis ayyaana guddicha ummanni Oromoo kabajatu ayyaanni irreechaa kan irreeffatamu malkaafi Tulluutti ta'uusaa kan ibsuudha. Isaan hafanis bifuma kanaan barnoota kan kennaniidha.



***Suuraa4***: **Abbootii Gadaa Mana Murtii Aadaa Aanaa Mogleefi Haadha Siiqqee**.

#### 4.4.1.2. Ergaa ittiin dabarfachuuf

Jeekkarsi ergaa qaba. Ergaan sun ammoo jeekkarstoota galama yookiin hawaasa galma keessa jiruun kan darbuudha. Ergaan kunis qabiyyeen jeekkarsa sana kan ofkeessatti hammatuudha. Kunis kadhataaf, galataaf, olaantummaa Waaqa ibsuuf, beekumsa Waaqa ibsuuf, Waaqa jajuuf, aanfachuufi kanneen kana fakkaataniif kan ooluudha. Daawwannaa galma Malkaa Sabbataa caamsaa 16, 2017 adeemsifame keessatti jeekkarsi "ganama biiftuu baase" yommuu jeekkaramu akka armaan gadiitti waraabame.

| **Jeekkaraa** | **Jalaa Qabdoota** |
|---|---|
| **A**. Ganama biiftuu baasee<br>Galgala urjiisaa facaasee<br>Waaqayyo roobee hasaasee<br>Waa hamoo jalaa nu baase<br>Ka deechu ijoo badhaasee<br>Waciitiin absoo qabliilaa<br>Leemmiyyoo garaan taliilaa<br>Balbalti nabii sibiilaa<br>Saanqaan dirrisee waqeetee<br>Yooman qixxisee<br>Waaqayyo yaa tolaakoo roobaa nagayaan si waame | Waaqayyoo yaa tolaakoo<br>Robaa nagayaan si waame. |

Jeekkarsi kun bal'aa ta'uurraan kan ka'e sookara isaa jalqabaa qofatuu irraa fudhatame. Kanumarraa ka'uun jeekkarsi armaan olii kun hojiiwwan Waaqa himee Waaqasaammoo roobaaf nagaan waammata. Kana jechuun Waaqni kan namaa roobuufi nagaa kan namaa kennu ta'uu ibsa. Biiftuu baasee kan liccisiisu; halkan Urjii kan facaasu nagaa kan namaa kennuufi ilmoo kan namaa kennu waaqa ta'uu ibsa. Akkasumsa qulqullumaa waaqaa ibsuun dhugaan waaqaa jabaa akka ta'e addeessa. Kanaaf jekkarsi ergaan inni dabarsu armaan olitti ibsamee jira waan ta'eef irra deebiin hinbarbaachisu.

### 4.4.2. Faayidaa Jeekkarsa Warra Qaalluu

Manni amantaa warra qaalluus jeekkarsa dhimmoota garaagaraatiif dhimma itti bahu. Dhimmoonni kunis kallattiidhaan hordoftoota amantaa sanaa kan ilaallatuudha. Afgaaffii Jaarsa Jabboo Warra Haadha Abbayii walii Caamsaa 9,2017 adeemsifamerratti, "jeekkarsi faayidaa addaa addaatiif jeekkarama. Faayidaalee akka namoota karaarraa daban deebisuuf, namoota daandii Waaqarra jiran ammoo ittiin jajuuf, Waaqa ittiin faarsuufi dachee waa hunda namaa magarsitu ittii faarsuuf kan jeekkaraniidha." Jedha. Yaanni kun, jeekkarsi warra Qaalluu biratti faayidaawwan akka nama qajeelchuuf, jajuuf, Waaqafi lafa ittiin faarsuuf kan oolu ta'uusaa kan ibsuudha.

#### 4.4.2.1. Nama qajeelchuuf

Manni amantaa qabuu seera ittiin hordoftootasaa ittiin hordofatu waan qabuuf hordoftoonni amantichaa seera amantichaa yoo cabsan jeekkarsaan bifa gorsaan akka deebi'an taasisu. Yaada kana manguddoon galma Warra Haadha abbayii keessatti jeekkaru tokko waliin afgaaffii eebla 27,2017tti gaggeefame keessatti, "nama seera Waaqan buluu dide gaafa dirree Waaqa sanarra dhaqe Waaqni ni dheekkama. Itti dheekkamee akka deebi'u itti hima achiin jeekkarsaan akka dubbii laalatuuf jecha dhaamaaf." Jedha. Yaanni kun kan ibsu, jeekkarsaan nama seera Waaqa dabse cinaan itti himuun akka inni badiisaarraa deebi'u taasisuun kan danda'amu ta'uu kan ibsuudha. Jaarsi Jabboo Obbo Dachaasaa jedhamu Afgaaffii Caamsaa 3,2017 godhameefiin jeekkarsa nama qajeelchu akka armaan gadii kanatti jeekkare.

**Jeekkaraa**

**A.** Loon tarree bobbaasee
Malkaasaa obaasee
Nama giddiin qabde
Maaramuu adabde.
Ulaa mana keetii
Danqaraa cufadhuu
Seerri Waaqa takka
Laali akeekkadhu.
Durii duuriyyeellee horatuhoo
Rabbi jaalateetoo hin fudhatuhoo

Jalaa qabdoonnis bifuma kanaan deebisanii jeekkaru. Jeekkarsi namni badii qabu akka adabamuufi badiirraalleeofeeguun dirqama

namaa akka ta'e kan ibsuudha. Seerri Waaqa takka ta'uufi seera tokkicha sanaan buluun dirqama akka ta'e kallattii agarsiisuuf jeekkarsa jeekkaramuudha. Namni seera Waaqa dabse kan adabamu ta'uusaafiseera Waaqa tokkichaa dhalli namaa buluu akka qabu hubachiisa.

Jeekkarsa kana yeroo hundayyuu kan jeekkaru qaallicha ayyaana ofirraa qabu sanadha. Hordooftoonni ayyaanicha sanaa seera cabsuufi dhiisuu kan beekullee isa waan ta'eef to'achuu kan danda'u qaallicha akka ta'e manguddoon armaan olitti jeekkarsa kana hime sun ni ibsa. Akkasumas jeekkarsi kun yeroo baay'ee kan namaa hin dhufne ta'uufi ayyaantuudhaa qofa kan dhufu ta'uusaallee dabalee ibsa.

#### 4.4.2.2. Nama daandii Waaqarra jiru jajuuf

Akka mana amantaa Qaallutti namni seera mana amantichaa kabajee akka ayyaantichi jedhetti qajeele eebbifamaadha. Nama qulqulluudha jedhamee jajama. Yaada kanas odeefkennaan tokko yommuu ibsu, nama mana qaalluu jajjabeessu, nama qabeenya qaallichaa tiksu, nama seera qaallichaa eeggatu, nama qulqullummaan ayyaana sana tajaajilu ayyaanni sunillee eebbisuun kan jajuu ta'uu ibsa. Jajuu kanas karaalee afaaniin dubbachuufi jeekkarsaan jajuun akka inni hojii itti jiru qixa sirriin itti fufuuf kan taasifamuudha. Manguddoo Aaddee Magartuu jedamtu afgaaffii caamsa2,2017 taasifameefin akka ibsanitti. Jeekkarsa armaan gadii jeekkaraan kanuma jeekkare jalaa qabdoonnis deebisanii jeekkaru.

Gooftaa akka gaara jalaa
Damoozarraan damooza nuu dabala
Garaa obboleessaa fayyisanii
Sitti baandiraakoo fannisanii
Rabbit jaalatee garbichakoosani
    Baatiin sitti baasaa
    Ayyaana isaanii tokko qaba
    Namni karra isaa eegu maal dhaba

Jeekkarsi kun, nama Galma Qaalluu sanatti yeroo hunda deddeebiyee garaa qulqulluun amanuufi waayema ayyaana sanaa hojjatu kan Galma Qaalluu eegu kan ayyaannichi jaalate ta'uu kan ibsuudha. Nama Galam Gooftaa jabeessummoo Gooftaan kan gargaaru ta'uusaa ibsa. Kana malees namni garaa qulqulluun Qaalluu sanatti bulu qananii kan qabu ta'uu ibsa. Namni sun fayya qabeessa, qanani'aafi nama amaanaa ta'uu agarsiisa. Namni kun nama dhugaa Qaalluu sanaa eegu; nama biyya jaalatu kan biittillee isa jaalattuudha.

#### 4.4.2.3. Waaqa jajachuuf

Ummanni oromoo Waaqa ni jajata, ni jaalata, ni faarfata, ni galateeffata.kanaaf jeekkarsi Waaqa jajachuufillee ni fayyada. Maatii Biyyaa (6400/2006:44), irratti Waaqani abbaa uumama maraati dhalaa namaatiifis uumama golee waalaabuu kanarra jiran martuu heeraa seeran ittiin bulan qabu. Kanaaf ammoo uumani kamuu Waaqa isaan uume ni beeku. Osoo beekuu baatanii akka Waaqni isaan uumetti hin jiraatan ture jedha. Namoonni Waaqa beekan yeroo hunda Waaqa waamu waayee Waaqa kaasu qulqullummaan Waaqaf abboomamu Waaqaf jeekkaru jechuun ibsa. Kanaaf mana amantaa qaalluu keessattis Waaqa itti amanan sana ittiin jajachuuf ni

jeekkaru. Afgaaffii Caamsaa10,2017 Jaarsa Jabboo galma Haadha Abbayii taasifame keessatti jeekkarsa Waaqa jajachuuf jeekkarame naaf jeekkare. Innis akka armaan gadiitti waraabame

**A.** Uumaaa koo hoo situ naa uumehoo
Si waammadheen galahoo.
Jabaa hundaan oliidha
Abiddi siif bishaani
Dhagaan siif midhaanii
Si jajachuun sirridhawoo.

Jeekkarsi kun waaqa waammatanii kan galan, kan nama uume ta'uu ibsa. Jabina hundaa olii kan qabu abidda keessa kan deemuufi dhagaallee midhaanitti jijjiiruu danda'u ta'uu ibsa. Kana jechuun waaqni kan waan fedhe gochuu danda'u agarsiisa. Waaqa isa uume waammachuun isaa sirrii akka ta'eefi Waaqni waan hunda gochuu akka danda'u ibsa. Kana malees jeekkarsi jajuu Waaqa ibsu kan biraan akka armaan gadiitti ibsama

**B**. Gannaalewoo abbiyyoo gannaaleewoo
Gannaan gala namni siin dawwaalewoo
Gannaan gala isintu hunda caalewoo
Dhufaa ka'ee xiqqoollee hin ture
Karaa guddaa walqaxxaamuru.
Gannaan gala namni isin Dawwalehoo

Jeekkarsi kun kan ibsu, namni Waaqa waame rakkoo kamuu keessaa bahuu kan danda'u ta'uusaafi karaa fedhe dhoqqeefi galaana fedhe keessallee qaxxaamuree kan galu ta'uudha. Waaqni yeroo waammatanis kan dafee nama qaqqabudha. Namni rakkoo fedhe qabaatullee kan furuu danda'u Waaqa akka ta'e addeessa. Gannaale ammoo laga Gannaalee kan bale jiru maqaa kaasuun jeekkaru. Kunis itti waamamni isaanii Qaalluu Faraqqasaa jedhamu kan Baaletti argamu waan ta'eef achirraa fudhatamee jeekkarame. Karaan gidduu kanaa fagoo waan ta'eef lukaa qaxxaamuranii kan dhaqan ta'uufi ganna dhoqqee keessas deemuu akka danda'an ibsa.

### 4.4.3. Walfakkeenya faayidaa jeekkarsa Amantii Waaqeffannaafi Qaalluu

Jeekkarsi jeekkaramu kamuu faayidaa kan qabu ta'uusaa barsiisaan amantii Waaqeffannaa Baay'isaan ni ibsa. Kanaaf jeekkarsi iddoo lamaanittuu faayidaa walfakkaataa kan qabu qaba. Faayidaaleen isaas akka armaan gadiitti qaacceffamee taa'ee jira.

### 4.4.3.1. Miira amantii kan uumudha.

Jeekkarsi miira amantii uuma. Namni mana amantaa lamaanuu keessatti jeekkarsa kana yommuu jeekkare miirri amantii itti dhufuun xiyyeeffannoo isaa gara amantiisaatti naannessa. Yaada kana barsiisaan amantii Waaqeffannaa Eebbisaa Tuujii akka ibsutti, "jeekkarsi galma keessatti jeekaramu miira amantii sitti uuma.

Hurruubummaan isaa yaada kee bakka tokkotti sassaabee akka ati amantii keetti xiyyeeffattuuf si kakaasa." Jedha. Yaanni kun, jeekkarsi amantii keessatti xiyyeeffannoo amantii isaanii sanatti miira akka deebifannuu kan nu kakaasu ta'uu kan ibsu. Kan malees Abbaan Gadaa Abarraa faayida jeekkarsaa yommuu ibsu keessatti, "Jeekkarsi yommuu jeekkaramu namuu qalbiisaa gara amantaa sanattia kka deebifatuufillee ni fayyada. Yaanni namaa bakka tokkotti akka sassaabamuuf fayyada." Jedha. Yaanni kunis, jeekkarsi miira amantii akka qabaannuuf oola.

### 4.4.3.2. Ergaa Ittiin Dabarfachuuf

Jeekkarsi galma Waaqeffannaa keessattis galma qaalluu keessattis jeekkaramu ergaa dabarsu qaba. Abbaan Gadaa Abarraan Afgaaffi caamsaa 01, 2107 taasifameef keessatti yommuu ibsu, "Jeekkarsi calliseema yeroo ofii gubuuf yookiin bashannanaaf kan jeekkaramu miti. Jeekkarsi ergaa barbaadan ittii dabarfachuuf, jaalala isaan Waaqa itti amanan sanaaf qabaniif ibsachuuf, Waaqa kadhachuu yoo barbaanne jeekkarra. Waaqa jajachuu yoo barbaanne jeekkarra. Waaqa galateeffachuu yoo barbaanne jeekkarra. Kanaan ala jeekkarsi waan salphaatti callisamee jeekkaramuu miti." Jedha. Yaanni kun kan ibsu, jeekkarsi dhimmoota akka jaalala Waaqa ibsachuu, kadhata, galataafi Waaqa of jajachuu kan jeekkaramuudha.

Kana malees jeekkarsi utubaalee amantii Waaqeffannaa keessaa tokko waan ta'eef barnoota kan ofkeessaa qabuudha. Kanaaf mana amantii lamaanuu keessatti barnoota kan kennuudha. Barnoota sana hawaasni hordoftoonni amantichaa akka hubataniif, erga hubataniia akka hojiira oolchaniif kan jeekkaramuudha. Yaada kanas hogganaan Galma Amantii Waaqeffanna Galma Dirree Furii Oliyaad Zawuduu yommuu barnoota guyyaa sagantaarratti yommuu barsiisu keessatti, "Jeekkarsi barnoota, qajeelfama, kallattiidha akkasumas simboo amatii Waaqeffannaati. Jeekkarsi barnoota yommuu jennu, jeekkarsa yommuu barannu sookarri achi keessa jiru sun hundi barnoota dabarsu qaba. Qajeelfama barnootaa dabarsullee qaba.

Akkasumas kallattii jireenyaallee kan namaa akeekuudha." Jedha. Yaanni kun ammoo, jeekkarsi barnoota, qajeelfamaafi karaa jireenyaa kan namatti agarsiisu ta'uu ibsa.

### 4.4.3.3. Kadhataaf

Jeekkarsa jeekkaramu keessatti kadhaan Waaqaf taasifamu kan mul'atu ta'uu jeekkarsoota galma keessatti jeekraman daawwannaan irra gahameera. Jeekkarsaan waan rakkatanii humna namaatii ol ta'e Waaqa kadhatu. Daawwanna caamsaa 10, 2017 galma Dirree Furiitti Taasifame keessatti Waaqeffattoonni yommuu jeekkaran kadhaan Waaqa kan keessa jiruudha. Kana malees Barsiisaan amantii Waaqeffannaa Duudhaa Ganamaa Eebbisaa Tuujjii yommuu ibsu, "Jeekkarsa keessa barnoonni, kadhanniifi galannis ni jira. Jeekkarsa barnoota ittiin kennuuf, namni duudhaafi safuurraa gore akka safuutti deebi'uuf, Waaqa ittiin kadhachuuf, Waaqa ittiin galateeffachuufi ittiin dinqisiifachuufillee kan jeekkaramuudha." Jedha.

Yaanni kun, jeekkarsi barnoota, kadhata, galataafi dinqisiifannaa Waaqallee kan ofkeessaa qabu ta'uu ibsa. Akka hordoftoota amantii Waaqeffannaatti jeekkarsi kadhataaf galmaafi iddoowwan irreechaatti jeekkaramu keessaa inni took jeekkarsa "Hiddii Darbe" jedhu akka armaan gadiitti Daawwannaa guyyaa ayyaana dhangalaasii Galma Malkaa Sabbataatti Caamsaa 03,2017 gaggeeffameen akka armaan gadiitti waraabameera.

| **Nama jeekkaru** | **jalaa qabdoota** |
|---|---|
| **A.** Hiddii Darbee lafaan gahee | |
| Dhugaa argee Waaqan gahee | |
| Walii walii namatu dubbata | |
| Kan dhugaa qabuuf Waaqatu dubbata | |
| Siin gahee (2x) yaa uumaa | |
| Murteessi namaa. | Siin gahee (2x) yaa uumaa Murteessi namaa |
| Jajjabee haamee yaa jabaa si waame | |
| Murteessi namaa | Siin gahee (2x) yaa uumaa Murteessi namaa |
| Faradoo Collee Waaq faradee hin qollee | |

Murteessi namaa (asitti sagaleen dhumaa namaa
Ni dheerata)
Waaqeffataan Waaqa ni kadhata``

Siin gahee (2x) yaa uumaa Murteessi
Hiddii Darbee lafaan gahee
Dhugaa argee Waaqan gahee
Walii walii namatu dubbata
Kan dhugaa qabuuf Waaqatu dubbata
Siin gahee (2x) yaa uumaa Murteessi namaa

Jechuun jeekkaru. Jeekkarsi kun Waaqeffataan dura rakkoo itti jirtu galmatti waqqeffattootatti erga himatee booda dhibdee isaa yookiin ishee sana erga irraa dhaga'anii booda Waaqni akka dhagahuun Waaqan murteessi namaa jechuun jeekkaru. Akkasumas dhugaan ilmoo Waaqati jedhee waan amanuuf dhugaa Waaqan gahuun Waaqan murteessi jedha. Dhalli namaa loogii gochuu waan danda'uuf dhugaan ammoo ilmoo Waaqati waan taateef kan dhugaa qabuuf Waaqatu dubbata jedhanii amanu. Sanaaf jecha dhugaa Waaqan gahu. Kanumarraa ka'uun Oromoon "dhugaa Waaqa hin dhoksanii saala lafa hin dhoksanii." Jechuun mammaake. Kunis dhugaan Waaqa jalaa kan hin dhokanne ta'uu kan ibsuudha. Kanaaf jeekkarsi armaan olii nama dhibdee isa qabatte sana irraa akka fayyuuf, yoo dhibee ta'e akka fayyuuf, yoo dhibdee biraa ta'e akka furamtuuf Waaqa akka kadahatanni erga himatee jeekkarsaan kadhatuufi. Achiin booda jeekkarsa sana eebbaan danboobsanii xumuru.

Mana amantaa Qaalluu keessattis kadhaan waan dhaban Waaqni akka namaa kennuuf yookiin dhibdee jirtu akka namarraa furuuf imaanaa Waaqatti kennachuudha. Kadhaan bifa afaanitiinis bifa jeekkarsaatiinis kan adeemsifamuudha. Kadhaan waan waa namaa gochuu danda'u akka waa namaa godhuuf kan kadhataniidha. Waa'ee kadhaa kana fuulli Miidiyaa hawaasaa "Mariam Webster" yommuu ibsu, "to aska for a charity, to ask for earnestly, evade sidestape." Jechuun qabxiilee ijoo ta'an saditti caccabsee kaa'a. yaanni kun kan ibsu, kadhanni arjummaaf, argachuuf, rakkoo isa mudate irraa fayyuuf kan taasifamu ta'uusaati. Kadhanni arjummaaf taasifamu nama rakkatetuu nama isarra qabeenya qabu akka gargaaruuf kan kadhatuudha. Kunis waan nyaatu argachuuf, waan dhugu argachuuf, waan uffatu argachuuf kan kadhatuudha.

Kana malees kadhaan argachuuf akan kadhatamuudha. Waan barbaadan sana qaama barbaadan sanarraa argachuuf kan kdhatan ta'uu hayyoonni garaagaraa ni ibsu. Akasumas rakkoo isa

mudate jalaa bahuuf qaama rakkoosaa sana furu kadhachuu ni danda’a. jeekkarsi Waaqa ittii kadhachuun jeekkaran galma warra qaalluu keessattiis ni jeekkarama. Daawwannaa kudha arfii ayyaana warra haadha abbayii caamsaa 03,2017 gaggeeffame keessatti jeekkarsi kadhaa maseenni akka ilmoo argattuu galma maaramitti jeekkarame akka armaan gadiitti waraabame.

**B.** Yaa Maaram yaa maaramimee
Dhabduudhaaf araaramnimee
Yaa maaram godeettiikoo
Yaa dhiiga toleettiikoo
Yaa maaram marmaartuukoo
Yaa dhiiga gargaartuukoo
Aayyoleen walii lamaa
Tokko ishee carii gamaa
Tokko ishee asii kana

Jeekkarsi kun kan ibsu, dubartiin ilmoo dhabde galma Maaram duratti jilbeenfattee boossee yommuu Waaqa kadhattu warri Galma keessaa jeekkaran arganii dhabduuf araaramii ilmoo kenniif jechuun jeekkaru. Maaram yeroo ciniinsuu kan nama gargaartuufi ilmoo kan namaa kennitu ta’uu jeekkarsa armaan ollii kanarraa hubachuun ni danda’ama. Kunis Maaram ishee haadha Iyyasuus jedhan osoo hin taane Maaram haadha deessuu jedhee Ormoon kan kadhatu sana.

Kana malees, jeekkarsi guyyaa wadaajaa galma qaalluutti jeekkaramu kan Jaarsi Jabboo afgaaffii isaanii keessatti ibsan akka armaan gadiitti waraabame.

**B.** Aabbiyyee kee maqaan aabbiyyoo
Nurraa kuti rakkoo teenyumayoo
Hin jarjaruu qaxxisee suuta gala
Yaa rabbi baasi rakkoo teenya mara
Yaa rabbi baasi rakkoo teenya maraa(4)
Ofjalaa kaafna malee hin kaanu jalaa

Jeekkarsi armaan olii kunis rakkoo ofii ittiin himachuuf jeekkarsa jeekkaramuudha. Rakkoo isaanitti jirtu Waaqni akka furuuf akkasumas rakkoo isaanii sanaaf Waaqa waan abdataniif rakkoorraa akka aanan kan amanan ta’uu ibsa.



*Suuraa5*: **Manguddoota Ragaan Afgaaffii Yeroo Irraa Guuramu**

### 4.4.3.4. Galataaf

Ummanni Oromoo waan milkaa'ina isaaf isa gargaare kamuu ni galateeffata. Qaama isa gargaaru keessaa inni jalqabaafi hangafaa Waaqa jedheet amana. Kanaaf galata isaa kanaaf jeekkarsaan ergaa dabarfata. Yaada kanaan walqabatee Dachaasan (6612/2010:40) yommuu ibsu, "Galata yeroo jennu, dhalli namaa yeroo of beekee eegalee sammuu yaadu kan anaan adda godhe akkan ofbeekee ofiifi uumama keessatti of hubadhe dabalatee waan na barbaachisu hunda kan uume fi kan taasise Waaqni jira. Isaaf haa galatu jedhee galata uumaa galchaa galateeffata." Jedha. Yaanni kun dhalli namaa akkaataa itti uumameefi erga uumamee ofbeekee waan ittiin jiraatu sana kan mmijeesseef Waaqa ta'uu beekuun Waaqasaa kan galateeffatu ta'uu kan ibsuudha.

Yaada kanaan walqabatee Gammachuufi sisaay (2019:102) yommuu ibsan, "jeekkarsi faaruu Waaqa kan Waaqa ittiin waammataniifi galata ittiin galchaniidha. Waan Waaqarraa barbaadan argachuufi waan Waaqarraa argataniif galata galchuuf walumaa galatti fedhii keessoo ofii kan Waaqaf qaban ibsachuuf faaruu jedhamuudha." Jedhu. Yaanni kun jeekkarsi faaruu keessoo ofii Waaqatti ibsachuuf Waaqeffattoonni kan dhimma itta ba'an taa'uusaa ibsa. Waaqeeffattoonni tokko tokko ammoo faaruufi jeekkarsi gargari jedhu. Barsiisaan Amantii Waaqeffannaa Baay'isaa jedhamu faayidaa jeekkarsi dabarsuun walqabatee yommuu ibsu, "Jeekkarsi galataafillee ni jeekkarama. Hojiiwwan Waaqa kaasuun dinqisiifachaa achi keessattimmoo

galata Waaqaf dhiyeessa." Jedha. Yaanni kun jeekkarsi hojiiwwan Waaqa kaasuun bifa jajuutiin galata Waaqaf kan galchaniidha. Daawwannaa Caamsaa 1,2017 Galma Dirree Furiitti taasifame keessatti yommuu sagantaan eebban eegalu jeekkarsa "Yaa Waaq nagaa bulteefi Yaa Waaq Nagaa jirtaa?" jedhu walduraa duubaan akka armaan gadii kanatti jeekkarameera.

| **Jeekkaraa** | **Jalaa Qabdoota** |
|---|---|
| **A**. Yaa Waaq nagaa bultee? | Bulle bultee? |
| Siifuu nagaan bullee Ya leemmiyoo. | Siifuu nagumaan bullee ya leemmiyoo |
| Urjii tar godhee | |
| Waaq tarree bobbaase ya leemmiyyoo | Siifuu nagumaan bullee ya leemmiyoo |
| Hundumaa hin kennu | |
| Waan hunda hin dhoowwatuu | |
| Yaa leemmiyoo | yaa Waaq nagaa bultee |
| Bulle bultee? | Siifuu nagumaan bullee ya leemmiyoo |

Jeekkarsi armaan olitti jeekkarame kun hawaasa Waaqeffataa biratti ganama yeroo ka'u nagaan buluu isaaf galata galchuun yookiin kan nagaan isa bulche Waaqa ta'uusaa ibsuuf galata Waaqaf dhiyeessa. Kan nagaan nama bulchu waaquma. Waaqa nagaan nama bulche sanaan nagaan bulle jedhanii galata galchuuf. Waaqnimmoo hunda kan namaa hin kennine kan hundallee namaa hin kennine ta'uullee ni ibsa. Akkasumas hojiilee isaa dinqisiifachu ibsa. Achiin booda Waaqaf jecha akka nagaan bulan; Waaqni akka isaan bulche; nagaan Waaqa isaan waan gammachiiseef galata galchuuf kan jeekkarameedha. Erga jeekkarsa Waaqan "nagaa bultee?" jedhu jeekkaranii booda jeekkarsa isa waliin deemu kan "yaa Waaq nagaa jirtaa" jedhu jeekkaru. Jeekkarsi kun ammoo jeekkarsa duraa deeggaruuf kan jeekkaramuudha. Innis walaloon isaa akka armaan gadiitti kaa'ameera.

| **Jeekkaraa** | **Jalaa Qabdoota** |
|---|---|
| **B**. Yaa Waaq nagaa jirtaa? | Jirra jirtaa? |
| Siifuu nagumaan jirraa | |
| Kan hundaan irraa. | Siifuu nagumaan jirraa Kan hundaan irraa. |
| Rabbi daarran uwwise | |
| Kan hundaan irraayee | Yaa Waaq nagaa jirtaa? |
| Jirra jirtaa? | Siifuu nagumaan jirraa Kan hundaan irraa |

Jeekkarsi armaan olii kun lamaan isaanii jalqabarra kanneen jeekkaramaniidha. Kan nagaan isaan bulche Waaqa ta'uusaa waan beekaniif hunda dursa Waaqaf galata galchu. Waaqan akka bobba'anii galan akkasumas Waaqan akka bulan ibsuuf jekkarsa kana jeekkaru. Kunis Waaqeffattoonni ganama yommuu sagantaa gaggeeffatan galmatti walga'uun eebbatti aansuun jeekkarsa kana jeekkaru. Tokkoon tokkoon sookara jekkarsa armaan olii kun hojii Waaqafi gaarummaa Waaqa kan ibsuudha. Kunis maqaa Waaqa dhahuun achi keessatti hojiilee Waaqa ibsaa akkasumas gaarummaa Waaqa ibsaa Waaqan akka nagaan bulanillee kan ibsaniidha. Yommuu kana marartee Waaqa kan ibsuuf jechootatti dhimma bahuun eenyummaa Waaqatillee kan askeessatti ibsataniidha.

Mana amantaa Qaalluu keessattisGalanni waan Waaqa kadhatanii irraa argatan tokko kan isa milkeesse sanaaf galata jechuudha. Kunis milkaa'uusaa sana Waaqatti beeksisuuf kan galateeffatuudha. Yaada kana Dachaasaan (6612/210:40) yommuu ibsu, "Dhalli namaa uumama keessatti yeroo ofbeekee eegalee sammuu yaadu kan anaan adda godhee akkan of beekee ofiifi uumama keessatti ofhubadhe dabalatee waan na barbaachisu hunda kan uume fi kan taasise Waaqni jira. Isaaf haa galatu jedhee galata uumaa galchaa galateeffata. " Jedha. Yaanni kun dhalli namaa sammuu yaadu qabaachuufi waan ittii jiraatu Waaqni uumuu isaatiif Waaqa akka galateeffatu ta'uu ibsa.

Ummanni Oromoo Waaqa kadhatee irraa dhabee hin beeku argatees galate dhiisee hin beeku. Afgaaffii jaarsa Jabboo waliin caamsaa 04, 2017 taasifame keessatti, "jeekkarsi mana ayyaantuu keessatti keessatti yeroo baay'ee galataaf jeekkarama. Waan maaram irraa kadhatanii argatanitti, waan nabi kadhatanii argatanitti Waaqaf galata galchuun jeekkaru. Keessattuu yeroo deessuun hammachiisa hammachiifattu jeekkarsi jeekkaramu jeekkarsa galataatti. Yeroo deessuu baay'inaan kan jeekkaru dubartoota." Jedha. Yaanni kun kan ibsu, jeekkarsi galataaf kan jeekkarum ta'uufi keessattuu yeroo hammachiisaa galataaf jeekkarsatti dhimma kan ba'an ta'uudha.  Daawwannaa Eebla 28, 2017 Galma Qaalluu warra Haadha abbayiitti Taasifame keessatti jeekkarsi galataa Galma Maaramitti Deessudhaf jeekkarame akka armaan gadii kanatti waraabame

**C.** Baddaan Qullubbii hin qabuu
Muree laga dhaabbataa
Kan kee dhukkubbi hin qabu

Turtees nama yaadatta

Araarfanne yaa maaram
Sirraa deenye
Gadi jedheen xaafii haamaa
Oljedheetan Waaqa waama.

Jeekkarsi armaan olii kun Waaqarraa kadhatanii kan hin dhabneefi tolli Waaqallee ariitii kan hin qabne ta'uu ibsa. Miidhaas yoo ta'e wanta waaqni godhu dhukkubbii kan hin qabneedha. Kana jechuunis Waaqa waan inni godhu hunda tolee jedhanii fudhachuun ala maaf akkas goote jedhanii gaafachuufi qaama itti himatanillee kan jirre ta'uudha. Kana malees Waaqan buluun gaarummaa akka qabu ta'uu kan ibsuudha. Waaqan buluun dirqama dhala namaa waan ta'eef abaarsallee kan hin qabneedha.

**4.5. Haala jeekkarsi yeroo ammaa irra jiru**

Jeekkarsi duudhaa hawaasa Oromoo waan ta'eef dhalootaa dhalootatti darbaa kan dhufeedha. Kunis ka'uumsa amantii Waaqeffannaa duukaa kan ka'e ta'uu namoonni garaagaraa ni dubbatu. Jeekkarsi sagantaa amantii Waaqeffannaa keessaa isa tokkoodha. Kanaaf Waaqeeffannaa keessa jira waan ta'eef amantiin Waaqeffannaa yoo kaate jeekkarsis ni ka'a. yaada kana Gammachuun afgaaffii caamsaa 2, 2017 taasifamerratti yommuu ibsu, "jeekkarsi sagantaa amantii Waaqeffannaati. Amantii Waaqeffannaa kan ibsuudha.

Amantiin Waaqeffannaatuu amantiilee biroorraa kan ittiin adda bahu keessaa tokko jeekkarsadha. Jeekkarsi ammoo dhimma Waaqa qooqa bareedadhaan ibsuuf kan ooluudha. Kanaaf akkuma amntiilee biro faaruu Waaqa garaagaraa qaban amntiin Waaqeffannaas jeekkarsa qaba." Jedha. Yaanni kun kan ibsu jeekkarsi sagantaa amantii Waaqeffannaa keessaa isa tokko waan ta'eef xiyyeeffannoon isaas dhimma Waaqa ibsuudha.

Akka Gammachuufi Sisay (2011:201-207) keessatti jeekkarsoota barreessaniin jeekkarsa yeroo ammaa kana galmoota amantii Waaqeffannaa keessatti dhimma itti bahamaa jiru kana Manguddoo Obbo Nagawoo Boosat akaakayyuu isaaniirraa fudhatanii kan jeekkaran ta'uufi yeroo ammaa bal'inaan goleewwan Oromiyaa keessatti Galmoota amantii Waaqeffannaa keessatti bifa ho'adhaan akka jeekkaramaa jiru ni ibsu. Kun ammoo jeekkarsi amantii Waaqeffannaa keessatti jeekkaramu harki caalaan isaa jeekkarsuma Manguddoo kanaa akka ta'e kan ibsuudha. Akka Daawwannaa Galmoota Waaqeffannaa akka Galma Dirree Furii, Malkaa

Sabbataafi Galma Tulluu Furii keessatti taasifametti jeekkarsi jeekkaramaa ture jeekkarsuma manguddoo armaan olitti maqaan isaa ibsame kanadha. Haa ta'u malee Galmoota amtii Waaqeffannaa keessatti bifa haaromsaatiin bakka itti jijjiiramni kaa'amee jeekkaramellee kan mul'atuudha. Daawwannaa Eebla 24, 2017 Galma Dirree Furii keessatti raawwatame keessatti jeekkarsa "ganama Biiftuu Baase." Jedhu keessatti akka armaan gadii knatti jeekkaran.

**A.** Ganama Biiftuu baasee
Galgala urjiisaa facaasee
Waaqayyo roobee hasaasee
Waa hamo jalaa nu baase
Ka deechu ijoo badhaase
Waciitiin absoo qabliila
Leemmiyyo garaan taliilaa
Balbalti Aabboo sibiilaa
Saanqaan dirrisee
Waqeetii yooman fixxise
Waaqayyo yaa tolaakoo
Roobaa nagayaan si yaame.

Jeekkarsi Armaan olii kun jeekkarsa Manguddoo Obbo Nagawoo Boosatidha. Jeekkarsa kana keessatti bo'oo saddeettaffaan walaloo kanaa "Balbaltii Aabboo Sibiila" jedha. Jeekkarsa manguddoo keessatti ammoo "Balbalti Nabii Sibiila" jedha. Kanas sababa jijjiiruun barbaachiseen "Nabi" jechuun "Nabiyyuu Mohaammad" waan ta'eef garasitti harkifame sanaaf aabboodhaan bakka buufame yaanni jedhu namoonni afgaaffiin taasifameef ni ibsu.

Akkasumas galma Qaalluu keessatti haalli jeekkarsi itti jiru daawwannaafi afgaaffiin akkasumas marii gareetii xiinxalameera. Kunis jeekkarsi mana amantaa Qaalluu keessatti adeemsifamu harki caalaa manguuddootaani. Manguddootaafi haawwantu achitti jeekkaraa jira. Dhaloonni lafaa dhufaan achi keessatti jeekkaraa jiruu namoota qubaan lakkaa'aman malee baay'inaan hin mul'atan.

Afgaaffii Manguddoo obbo Abbabaa waliin Eebla 22, 2017 taasifamerratti , "Jeekkarsa mana ayyaantuu keessatti harka caalaa kan jeekkaraa jiru manguddootaafi dubartoota haadholii ta'aniidha. Jeekkarsi haraka caalaa Ayyantichaan waan jeekkaramuufillee ta'u guyyaa

wadaajaa, yaa'ii, torbiifi kudha arfii namoota kaaninis ni jeekkarama. Garuu dargaggeessi nu harkaa fuudhee boru itti fufsiisu baay'inaan hin jiran. Kunis ammoo sababni dargaggeessi gara magaalaatti baqatee waan jiruufi kuun ammoo barnootaaf waan fagaatuuf yeroon inni astaa'ee jeekkarsa Waaqa kana jeekkaru hin jiru." Jechuun ibsa. Yaanni kunimmoo, jeekkarsi mana amantii qaalluu keessatti argamu abbootaafi haawwaan qofaan waan jeekkaramaa jiruuf laafaa akka jiru kan ibsuudha.

Kana malees akkaataa Daawwannaan galmoota amantii lamaan keessatti taasifameen jeekkarsi galmoota lamaanuu keessatti argaman haala gaarirra jiraatanis egeree duudhaa kanaarratti kan mana warra Qaalluu haala yaachisaa keessa jira. Kunis sababniisaa namoonni mana amantichaa keessatti duudhaa kana oofaa jiran namoota umuriin isaan gara dullumaatti siqeedha. Warri kun ammoo ilmaan isaanii dhaalchisuuf wanti isaan hojjatan hin jiru. Kunis afgaaffii manguddoo Obbo Baqqalaa Waliin Caamsaa 25, 2017 adeemsifame keessatti dargaggoon yeroo ammaa gara magaalatti waan galeef amantaa biraa akka fudhachaa jiruufi mana amantichaa akka dagachaa jiran ni ibsa. Yaanni kun ammoo deedhaan jeekkarsaa mana amantaa qaalluu keessatti sababoota ammayyummaafi dhiibbaa amantaa biroo kan akka amantii Kiristaanaa (Pirootestaantiifi Ortodoksii) akkasumas dabalaa dhufuu amantii Waaqeffannaatiin laafaa kan jiru ta'uu kan ibsuudha.

Mana amantii Waaqeffannaa keessattimmoo haalli jeekkarsi irra jiru kan warra Qaallurra fooyyee kan qabuudha. Kunis hordoftoonni amantichaa harki caalaan dargaggeewwan reefu ilmaan takkaa lama godhateefi godhachuuf deemuun gaggeeffamaa kanjiruudha.Kun ammoo ilmaan galma keessa jiran kanneen kophaatti baafamuun barnoonni amantichaa kennamaafii jiru haala gaarirra jiraachuu kan agarsiisudha.Haala kanaan dhaloota dhaalchisaa deemuun itti fufiinsa duudhaa kanaaf kan abdii namatti horuudha. Haala jeekkarsi yeroo ammaa irra jiruun walqabatee barsiisaan amantii Waaqeffannaa Dhaabaa Caalaa afgaaffii taasifameef keessatti akka ibsetti jeekkarsi amantii Waaqeffannaa keessatti akka barnootaatti waan ilaalamuuf kan durii caalaa cimaa kan jiruufi dhaloonni waljalatti shaakaluun amantaa Waaqeffannaa wajjiin jabeeffachaa akka jiru kan ibseedha. Yaanni kun ammo amantii Waaqeffannaa keessatti jeekkarsi qooda guddaa waan qabuuf hundee amantichaa lafa qabsiisuufillee jeekkarsi murteessa akka ta'e kanibsuudha.



Suuraa6: daa'imman galma amantii Waaqeffannaa keessatti barnoota daa'immanii yeroo baratan kaafame.

# BOQONNAA SHAN: GUDUUNFAA, ARGANNOOFI YABOO

Boqonnaa kana jalatti qabxiilee gurguddoo sadituu ibsama. Isaanis guduunfaa, yaboofi argannoo qorannichaatu ibsama. Guduunfaa yommuu jennu qabxiilee ijoo qorannichaa jalqabaa hanga dhumaatti jiran cuunfuun qabiyyeesaa bifa ifa ta’een gabaabinaan ibsuudha. Yaboon ammo qorannoo kanaan walqabatee rakkoolee mudataniif yaada furmaataa kan ta’e lafa kaa’uufi argannoon ammoo adeemsa qorannoo kanaa keessatti qaorataan rakkoof furmaata argateefi waan haaraa argate bakka itti ibsama.

## 5.1. Guduunfaa

Qorannoon kun adeemsa walduraa duubaatiin boqonnaa shanitti kan qoodamee kaa‘ame yoo ta‘u, boqonnaalee kana jalattis dhimmoonni ka‘an walduraa duubaan akka armaan gadiitti kaa‘amaniiru.

Boqonnaa tokko keessatti seenduubee qorannichaa, ka‘umsa qorannichaa, kaayyoo qorannichaa,barbaachissummaa qorannichaafi daangaan qorannichaa kan ka‘amaniifi akkasumas hanqina qorannichi qabuufi ibsa naannoo bakka qorannichaa walduraa duubaan ibsa bal‘aa waliin kaa‘amaniiru. Hawaasni naannawaa qorannichi irratti adeemsifame hawaasa qotee bulaa, daldalaa, hojjataa mootummaafi abbootii qabeenyaa akkasumas dafqaan bulaadha. Gosti Oromoo naannawaa qorannichi irratti adeemsifame qubatee jirummoo Oromoo Tuulamaati. Tuulama ilmaan sadi qaba. Isaanis Jiille Daaccifi Bacho yommuu ta’an, sadan Tuulamaa keessaa Bachotuu qubatee jira. Lafaan jahan bachoo keessaa Meettaa, Iluufi Waajituutu bal’inaan irra jiraata. Yeroo ammaa garuu gosti Oromoo hunduu sababoota jireenyaa garaagaraatiin achi keessatti argama. Saboonni biro akka Guraagee, Silxee, Amaaraa, Tigree, Walaayittaafi Somaaleenis baay’inaan argamu.

boqonnaa lama keessatti ammoo sakattaan barruu kan ka’e yoo ta’u,  yaadrimeewwan aadaa, duudhaa, amantii Oromoo, ayyaantuu, qaalluu, Waaqeffannaa Oromoofi Faaruwwan amantii Oromoo keessatti dhimma ba’amu jeekkarsatu ibsame. jeekkarsi kunis jeekkarsa Waaqeffannaafi jeekkarsa qaalluu jedhamuun ibsame. kana malees qorannoowwan aanteefi yaadiddamoota qorannichaa kan akka: yaadiddama aadaa bu’uureffateefi yaadiddama aadaa hawaasaan kan deeggarameedha.

Boqonnaan sadi ammoo, malleen qorannichaa kan ofkeessaa qabu yommuu ta'u malleen kunis mala qorannoo akkamtaatiifi Saxaxa qorannoo ibsaatiin adeemsifame. Kana maleees madda odeeffannoo tokkoffaafi lammaffaarraa ragaankan funaanameedha. Akkasumas iddattoofi iddatteessuu, maloota funaansa ragaa akka: akkayyoofi darbaa dabarsaatti dhimma kan ba'eedha. Meeshaalee funaansa ragaa akka: daawwannaa, afgaaffiifi marii gareetti dhimma bahuun ragaa funaaname jechaa qaacceffamee kaa'ameera

Boqonnaa afur keessatti ragaaleen meeshaalee funaansa garaagaraatiin argaman walitti qabamuun, qoqqooduufi qindeessuun mala ibsaatiin qaacceffamaniiru. Kunis jeekkarsi amantii Waaqeffannaafi Warra Qaalluu keessatti kan beekamuudha. Jeeakkarsi amantii Waaqeffannaafi qaalluu keessatti adeeemsa mataasaa kan qabu yoo ta'u adeemsa isaa keessatti jeekkaraafi jalaa qabaan jiraachuu akka qabu kan ibsuudha.

Qabiyyeewwan isaan waliin qaban kanneen akka: galataa, kadhataafi guddummaa Waaqa ibsuuf kan jeekkaramu kan qabu yommuu ta'u garaagarummaa akka Waaqeffannaan nageenya Waaqa, imaanaa, olaantummaa Waaqa, beekumsa Waaqafi uumama Waaqa kan qabu yoo ta'u, manni Warra qaalluu ammoo qabiyyeewwan akka jeekkarsa maseenaa, kadhaa, deessuufi hormaata kan qabuudha. Akkasumas amantii Waaqeffannaa keessatti faayidaawwan akka kadhataa, galataa, barnoota, miira amantii uumuu yommuu ta'u mana Qaalluu keessattimmoo nama qajeelchuuf, nama daandii sirrii qabu jajuuf, Waaqa jajuuf kan ooluudha.

Walfakkeenyi isaanimmoo barnoota kennuuf miira amantii uumuuf kadhaaf galataaf kan fayyadu ta'uu ibsameera. Yoomessi jeekkarsa mana amantii lamaanuu ammoo, galagala, ganama, guyyaafi mana Qaalluttimmoo gaafa Torbii, kudha arfii yaa'iifi wadaaja yommuu ta'u bakkaan ammoo isaan lamaanuu galmatti dhimma bahu. Kana malees iddoo irreechaafi iddoowwan jilaatti kan jeekkaramu ta'uu ibsameera.

Boqonnaa inni dhumaa yookiin shanaffaan kallattii qorannichaa kaa'uun kan xumarame yoo ta'u, innis kutaalee qorannoon kun qabu jalqabaa hanga dhumaatti kan hammateefi guduunfaa, argannoofi yaboo walduraa duubaan qabatee xumuramee jira.

## 5.2. Argannoo

Qorannoon tokko erga gaggeeffamee booda rakkoo muudate sana sirreessuufi qorannoo isaa sana keessatti wanti inni argatu sun argannoodha. Argannoon kunis qorannoo sanaaf bu'aa olaanaa qaba. Haaluma kanaan qorannoo kanarrattis argannoowwan armaan gadii eeramaniiru

- Adeemsi jeekkarsaa amantii Waaqeffannaafi Qaalluu adeemsa gargariifi walfakkaatu qaba. Kunis adeemsi jeekkarsa amantii Waaqeffannaa jeekkaraadhaa gara jalaa qabdootatti yoo deemu, dhumarrammoo jalaa qabdootaa gara jeekkaraatti deemuun jeekkarama. Dhuma jeekkara sanaa jeekkaraatuu murteessa. Yeroo tokko tokko jalaa qabdootatuu murteessa. Amantii qaalluu keessattimmoo kallattiidhaan jeekkaraarraa gara jalaaqabdootatti darba. Dhuma jeekkarsa sanaa kan murteessu jeekkaraadha.

- Jeekkarsi akkaataa Oromoon kaleessa itti jeekkaruufi har'a itti jeekkaru garaagarummaa kan qabuudha. Kaleessa nama qalbiin, yaannisaa tasgabbii qabutuu ayyaantummaa Waaqan galmatti jeekkara. Yeroo ammaa garuu namuma sagalee bareedaa qabuufi akkaataa itti jeekkaramu beekutu jeekkara.

- Jeekkarsi erga jeekkaramee eebbaan jeekkarsa sana kan gabbisan yoo ta'u mana amantii qaalluu birattimmoo jalqaba qofa eebbifatanii erga eegalanii booda, hanga fedha isaanii jeekkaruu kan danda'aniifi daangaa kan hin qabne agarsiisa. Galma amantii Waaqeffannaa keessattimmoo jeekkarsi jeekkaramu daanga'aa kan ta'e ta'uu addeessa.

- Jeekkarsi amantii Waaqeffannaa keessatti qabiyyeewwan akka kadhataa, galataa, olaantummaa Waaqa ibsuu, beekumsa Waaqa ibsuufi imaanaa Waaqatti kennachuu kan ofkeessaa qabu yoo ta'u, mana amantaa Qaalluu keessattimmoo kadhata, galataafi jajuu Waaqa kan qabuudha. Walfakkeenyi isaaniimmoo lamaan isaanii galata, kadhataafi waa'ee Waaqaf kan jeekkaraniidha.

- Jeekkarsi amantii Waaqeffannaas ta'ee Qaalluu yoomessa mataasaa kan qabuudha. Kunis mana amantii Waaqeffannaa keessatti yeroon: galgala, guyyaa, ganamaafi halkan yoo ta'u, idoon ammoo, galma, iddoowwan ayyaanni Waaqeffannaa itti adeemsifamu

kan akka irreechaafi mana nama dhuunfaa keessattillee guyyaa wadaajaa kan jeekkaraniidha. Mana amantaa Qaalluu keessattimmoo jeekkarsi yeroo sagantaa mana amantichaa akka: Torbii, kudha arfii, yaa'iifi guyyaa wadaajaa galma Qaalluu keessatti kan jeekkaramuudha. Walfakkeenyi isaaniimmoo yeroofi bakkaan galma ta'uusaati. Galmi garuu garaagarummaa qaba.

- ❖ Jeekkarsi faayidaawwan garaagaraa warra Qaalluufi amantii Waaqeffannaafis qaba. Amantii Waaqeffannaaf faayidaalee akka barnoota kennuu, miira amantii nama keessatti uumuu, kadhataafi galataaf kan ooludha. Warra Qaalluu keessattimmoo miira amantii uumuuf, ergaa ittiin dabarfachuuf, kadhataafi galataaf dhimma itti bahu. Walfakkeeni isaanii ammo miira amantii uumuu, kadhataafi galataaf akka fayyadu adda bahee jira.

- ❖ Jeekkarsi galmatti jeekkaramu yeroo ammaa sadarkaa gaarirra kan jiruufi sadarkaa gaarirra kan hin jirreedha. Jeekkarsi amantii Waaqeffannaa haala gaarirra kan jiruudha. Kunis hordoftoonni amantichaa harki caalaan dargaggoota waan ta'ee warra boru ilmaan isaa amantii kana keessatti horatee amantii kanaan guddisu waan ta'eef carraa guddachuullee kana qabuudha. Faallaa kanaa amoo mana amantii qaalluu keessatti namoonni jeekkarsa jeekkaran harki caalaan manguddootaafi haawwanidha. Ilmaan isaanimmoo irraa fuudhanii itti fufsiisuuf fedha hin qaban. Kanaaf sadarkaa gaarirra kan jiruu miti.
- ❖ Jeekkarsi faaruu Waaqaf qofa jeekkaraniidha. Waaqa hin faarfatan ni jeekkaruuf malee. Faaruun lubbuu qabeeyyii biraatiif oolu bira gahamee jira.

### 5.3. Yaboo

- ❖ jeekkarsi mana amantii Waaqeffannaa keessattis ta'ee mana amantaa Qaalluu keessatti yeroo murtaa'aa qofa keessattikan jeekkaramu. Duudhaan kun gama aadaafi Turizimiitiin waraabamee olkaa'amuu qaba.
- ❖ warri Qaalluu duudhaan kun akka hin banneef dhaloota lafaa dhufaa dhaalcisuu qabu.
- ❖ Waaqeffannaa keessattis jechoonni jalqaba jeekkarsa keessatti dhimmaitti ba'amaa tureefi yeroo keessa jijjiiramaa kan jiruudha. kun ammoo jeekkarsi mi'aa duraan qabu sana waan gadi dhiisuuf akkuma jirutti qabachuun jeekkaruun barbaachisaadha.

- Jeekkarsa amantii Waaqeffannaas ta'ee Qaalluu keessatti namoonni qooda qaban maal na dhibdeefi akkafeetedhaan waliin dhahuurra waanuma warra isaanirraa dhaalan dabarsuu qabu.
- Amantiin Waaqeffannaa jeekkarsoota jiran akka jala jalaa hin bannetti qixa sirrii ta'een itti fayyadamuu qabu.

.

**Wabiilee**


Ashannaafii Laggasaa (2019). *GADAA: QAROOMINA KUSH*. Mana Maxxansaa Girmaa.

Asmarom Lagese (2006). Oromo Democracy: An Indeginous African Polotical System. Asmera: Red Sea Printing Press.

Asmarom Lagese (1973). Three approach to the study of African Society. Newyork: Macmillan Publishing co. Inc.

Bartels, L. (1983). Oromo religion; Myths and rites of the western Oromo of Ethiopia an attempt to understand. Reomer Verlay press. Berlin.

Bedasa Gebissa, April (2016):*Oromo Indeginous religion*. Volume III. Unpublished

Bilal Philph (1994). *The true Religion Of God*. Paece vision

Cavanaugh (2009). *The Myth of Religion Violance*. Oxford: Oxford University press.

Dachaasaa Bantii (6413 A.L.O/2010). *Jaatanii Jaatamaa*: Jireenya Oromoo. Mana maxxansaafi beeksisaa Nubariitee

Dirribii damusee (2009). *Ilaalcha Oromoo*: Barruu Aadaa, Seenaafi Amantaa Oromoo. Mana Maxxansaa Finfinnee.

Dorsen, R. (Ed). 1972. *Folklore and Folk life*. Chicago: Chicago University Press

Filee Jaalataa (2021). *Beekumtaa Oromoo (Oromo Folklore):* Keyline printing press.

Gadaa Melbaa, 1988. *Oromia: An Introduction*. Khartoum. n.p.

Gemechu Beyene and Assefa Tolera, 2006. *MarriagePractices among the Gidda Oromo*, Northern Wollega, Ethiopia. In Nordic Journal of African Studies,

Ibsa Gutema (2013). *BARNOOTA GUBIRMANS/ GUBIRMANS LESSON***:** AFAAN OROMO AS A SECOND LANGUAGE/ AFAAN OROMOO AKKA AFAAN LAMMAFFAATTI. Gubirman Publishing. Meryland.

James L. Cox (2016). *Critical Reflection on Indeginous Religions*: Routledge printing press.

Lemma Nigatu. 2002. *Introduction to Folklore Teaching Material*. Jimma University, Department of Amharic and Literature.

Maammoo Gadaa (2009). *Duudhaa*. Oromiyaa Finfinnee.

Nancy C. Ring (2013). *Introduction to study of Religion*: Second Edition Revised and Expanded.Orbis Books.

Ujulu Tesso Banti (2018). *Oromo Indigenous Religion and Oromo Christanity*: Contradictory or Compatible?: AComparative Religious Study from the theological perspective.Olms George.

Oring, E. 1986. *Folk Groups and Folklore Genres: An Introduction*. Longman: Utaha University Press.

Pankhurst, R. 1990. *An Introduction to the Medical History of Ethiopia*. New Jersey, USA: The Red Sea Press, Inc.

Waldaa Aadaafi duudhaa Oromoo(2006): *Daaniyaa.* Finfinnee (Bakka maxxansaa hin qabu)

World Book Encyclopedia. 2002. Vol. 4. Chicago: World Book, Inc.

http://www. dl4all. com/ Traditional Medicine a Global Perspective.

http://www. jaicaf.or.jp/ Endeshaw Bekele. 2007. Study on Actual Situation of Medicinal Plants in Ethipia.

## Dabalee A

**YUUNIVERSIITII FINFINNEE**

**KOLLEEJJII NAMOOMAA QORANNOO AFAANOTAA,**

**JOORNAALIIZIMIIFI SABQUNNAMTIITTI,**

**MUUMMEE AFAAN OROMOO, HOGBARRUUFI FOOKLOORII**

Gaaffiiwwan maanguddoota naannoofi namoota waayee jeekkarsaa beekaniif af-gaaffii dhiyaatan. Gaaffilee armaan gadii bu'uura godhachuun odeeffannoon isinirraa argamu qorannoo ani gaggeessu kana guutuu taasisa. Kanaaf odeeffannoo dhugummaafii qabatamummaa qabu akka naaf kennitan kabajaan isin gaafadha.

Maqaa-------------- Umurii------------------ Saala----------- Amantaa-----

Qorannoon kun mata duree 'Itti Fayyadama Meeshaalee Aadaa Amantii Waaqeffannaa Keessatti' kan jedhu irratti kan xiyyeeffatedha.

Gaaffilee qorannichaan walqabatee odeefkennitootaaf dhiyaate.

1. Jeekkarsi galma keessatti jeekkaramu adeemsa akkamiin jeekkarama?
2. Mana Qaalluu keessatti jeekkarsi akkamiin jeekkarama?
3. Jeekkarsi Galma keessatti jeekkaramu kun ergaawwan akkamiifaa ofkeessaa qaba?
4. Yommuu galma Qaalluu keessattis ta'ee guyyaa Wadaajaa Jeekkaran ergaa akkamiifaa dabarfachuuf jeekkaru?
5. Akka amantii Waaqeffannaatti jeekkarsi yeroo kamiifi eessafaatti jeekkarama?
6. Akka warra Qaalluutti jeekkarsi yeroo akkamiifaa jeekkarama.
7. Jeekkarsi aantii Waaqeffannaa kun jiruufi jireenya Oromootiif faayidaa maalii qaba?
8. Jeekkarsi Galma Qaalluu keessatti jeekkaramu kun faayidaa maalii qaba?
9. Akka amantii Waaqeffannaatti jeekkarsi yeroo ammaa sadarkaa maaliirra jira?
10. Jeekkarsa kana yeroo ammaa harka caalaa eenyutuu jeekkaruu danda'a?
11. Mana Amantii Qaalluu keessatti jeekkarsi akka laafu kan taasise maal?
12. Dhaloonni lafaa dhufaan jeekkarsa kana jeekkaruuf fedha qabuu?

**Dabalee B.**

Maqaa odeefkennitootaa afgaaffiifi marii gareerratti hirmaatan

| T.l | Maqaa guutuu | saala | Umurii | Ganda | Guyyaa afgaaffiin waliin taasifame |
|---|---|---|---|---|---|
| 1 | Obbo Eebbisaa Tuujii | Dhi | 34 | Aanaa Moglee Zoonii 4 | Eebla 19, 2017 |
| 2 | Obbo Badhoo Abarraa | Dhi | 55 | Aanaa Caffee Zoonii 5 | Eebla 16, 2017 |
| 3 | Obbo Abarraa Dabalee | Dhi | 57 | Aanaa caffee Zoonii 5 | |
| 4 | Obbo Dachasaa Shanguu | Dhi | 50 | Aanaa Caffee Zoonii 4 | Caamsaa 3. 2017 |
| 5 | Aaddee Qananii Dachaasaa | Du | 35 | Aanaa Moglee Zoonii 5 | caamsaa 3, 2017 |
| 6 | Obbo Lammaa Kumaa | Dhi | 34 | Aanaa Moglee Zoonii 5 | Caamsaa 1,2017 |
| 7 | Obbo Atoomsaa Shunqaa | Dhi | 32 | Abbayii | Eebla 30,2107 |
| 8 | Obbo Baayisaa Dhaabaa | Dhi | 30 | Abbayii | Eebla 21, 2017 |
| 9 | Obbo Dajanee Erbaa | Dhi | 30 | Abbayii | Eebla 23, 2017 |
| 10 | Aaddee Qananii Beenyaa | Du | 65 | Abbayii | Caamsaa 3,2107 |
| 11 | Obbo Gammachuu Gabbisaa | Dhi | 28 | Abbayii | Eebla 28,2017 |
| 12 | Obbo Lataa Hordofaa | Dhi | 58 | Abbayii | Eebla 25, 2017 |
| 13 | Obbo Kumaa Shaayii | Dhi | 32 | Abbayii | Eebla 22, 2017 |
| 14 | Aaddee Ilfuu Shannuu | Du | 40 | Abbayii | Eebla 22, 2017 |
| 15 | Aadde Magartuu Beenyaa | Du | 45 | Dirree Furii | Caamsaa 2,2017 |
| 16 | Obboo Abbabaa Sorsaa | Dhi | 43 | Dirree Furii | Eebla 22, 2017 |
| 17 | Obbo margaa Taaddasaa | Dhi | 63 | Aanaa Meettaa | Eebla 22, 2017 |

**Dabalee C**

**Adeemsa jeekkarsa amantii  Waaqeffannaa keessatti yommuu jeekkaramu**

**a. Yaa Waaq nagaa bultee**

| **Jeekkaraa** | **Jalaa qabdoota** |
|---|---|
| Yaa Waaq nagaan bultee? | Bulle bultee? |
| Siifuu nagumaan bulle | |
| Yaa leemmiyyoo | siifuu nagumaan bullee yaa leemmiyyoo |
| Addaannan dibee | |
| Waaq daarran uwwisee | |
| Yaa Leemmiyoo- | - |
| | Yaa Waaq nagaan bultee? |
| oolle ooltee? | Siifuu nagumaan bullee Yaaleemmiyyoo |

***************************

**Yaa Waaq nagaa oolte**

| **Jeekkaraa** | **Jalaa Qabdoota** |
|---|---|
| Yaa Waaq nagaan ooltee? | oolle ooltee? |
| Siifuu nagumaan oollee yaa leemmiyyoo | siifuu nagumaan oollee yaa leemmiyyoo. |
| Abbaadhoo jiddaaa | |
| Waaqa abbaakoo jirtaa yaa leemmiyyoo | siifuu nagumaan oollee yaa leemmiyyoo |
| Soraa manarraa | |
| Waaq tolaa namarraa yaa leemmiyyoo | siifuu nagumaan oollee yaa leemmiyyoo |
| Sossobee waamee | |
| Waaq sobee araarsee yaa leemmiyooo | yaa Waaq nagaa ooltee |
| Oolle ooltee | siifuu nagumaan oollee yaa leemmiyyoo |

**b. Siyaamee**

| **Jeekkaraa** | **jalaa qabdoota** |
|---|---|
| Siyaamee (2x) yaa jabaa | |
| Aangoo Waaqa malee namni eessaa qaba? | Siyaame (2x) Siyaamee yaa jabaa |
| | Aangoo Waaqa malee namni eessaa qaba? |
| Sossobee waamee Waaq sobee araarsee | |
| Si yaame (2x) yaa jabaa | |

Aangoo Waaqa malee namni eessaa qaba?

Siyaame (2x) Siyaamee yaa jabaa

Aangoo Waaqa malee namni eessaa qaba?

******************

Ari'anii hin qabanii dheessan jalaa hin bahani

Siyaame (2x) yaa jabaa

Aangoo Waaqa malee namni eessaa qabaa?

Urjii tar godhee Waaq tarree bobbaasee

Siyaame (2x) yaa jabaa

Aangoo Waaqa malee namni eessaa qabaa?

**Adeemsa Jeekkarsa Warra Qaalluu keessatti yommuu jeekkaramu kan fudhatame.**

Yaa abbiyyo hoo

Abbiyyoo siin jedhan hoo

Abbiyyo siin jedhinna

Masgiida kee qaqqabee

Waa hajameen

Yoo rakkataan si waammatehoo

**Qabiyyeewwan jeekkarsa amantii Waaqeffannaa**

**a. Jeekkarsa nagaa Waaqa ibsu**

| **jeekkaraa** | **jalaa qabdoota.** |
|---|---|
| nagee yaa Waaq (2x) | nagee yaa Waaq |
| nageenyikee guutumaa tuujumaa | nageenyikee guutumaa tuujumaa |
| nagee yaa Waaq (2x) | nagee yaa Waaq |
| nageenyi kee tuujuma guutuma | nagee yaa Waaq |
| nageenyi karraa hin dirbabu | |
| hin hir;atu | |
| nageenyi warraa guutuma | |
| tuujuma. | nagee yaa Waaq |
| | nagee yaa Waaq |

*********************

**b. Jeekkarsa imaanaa**

| **Kan jeekkaru** | **kan jalaa qabu** |
|---|---|
| Yaa Waaq hee | yaa Waaq hee yaa Waaq imaanata kee |
| Yaa Waaq imaanata kee | |

Caccabsee bittiin godhee

fayyisee gixxim Godhee

Waaq imaanata kee yaa Waaq hee yaa Waaq imaanata kee

************************************

yaa Waaq hee

Yaa Waaq sin oollee galla. yaa Waaq hee yaa Waaq sin oollee galla

Ceekaan baalumaa

rabbi beekaan Waaqumaa yaa Waaq hee yaa Waaq sin oollee galla

Situu nu uumee anuu sinaan uumaame

Waaq sin oollee galla yaa Waaq hee yaa Waaq sin oollee galla

***********************

Yaa Waaq hee

Yaa Waaq tola kee hayyee yaa Waaq hee yaa Waaq tola kee hayyee

Hangaasuu Balaq godhee

Roobee cabalaaq godhee

Tola kee hayyee yaa Waaq hee yaa Waaq tola kee hayyee

Soraa manarraa

Waaq tolaa namarra

Tola kee hayyee yaa Waaq hee yaa Waaq tola kee hayyee

******************************

### c. Jeekkarsa beekumsa Waaqa

Jeekkaraa warra jalaa qabuu

Yaa gurree hoo hoo yaa leemmiyyoo

Eenyuu ree yaa Waaq beekan simalee! yaa gurree hoo hoo yaa leemmiyyoo

eenyuuree yaa Waaq beekan simalee

ceekaan baalumaa laali beekan Waaqumaa

eenyuree yaa Waaq beekan simalee yaa gurree hoo hoo yaa leemmiyyoo

eenyuree yaa Waaq beekaan simalee

ceekaa falaxee Waaq beekaa faradee

eenyuree yaa Waaq beekaan simalee yaa gurree hoo hoo yaa leemmiyoo

eenyuuree yaa Waaq beekaan simalee

hootuu hin faalanii yaa Waaq sirraa hin caalanii

eenyuree yaa Waaq beekaan simalee yaa gurree hoo hoo yaa leemmiyyoo

eenyuuree yaa Waaq beekaan

simalee

fardi kan yaabbatanii Waaq kan yaammatanii

eenyuuree yaa Waaq beekaan simalee yaa gurree hoo hoo leemmiyyoo eenyuree yaa Waaq beekaan simalee

*********************************************

d. **Jeekkarsa olaantummaa Waaqa mul'isu.**

**Jeekkaraa** **warra jalaa qaban**

Siyaamee (3x) yaa jabaa aangoo

Waaqa malee namni eessaa qabaa

Siyaamee (3x) yaa jabaa

aangoo Waaqa malee

namni eessaa qabaa

Jabo jaboon amalaa

jabaan si malee hin jiru

siyaamee (2x) yaa jabaa

Aangoo Waaqa malee

namni eessa qaba

siyaamee(3x) yaa jabaa

aangoo Waaqa malee

namni eessaa qabaa

Jajjabee haamee

yaa jabaa siyaamee

siyaamee yaa jabaa

aangoo Waaqa malee

namni eessaa qaba

siyaamee(3x) yaa jabaa

aangoo Waaqa malee

namni eessaa qabaa

******************************

e. **Jeekkarsa nageenyummaa**

Jeekkaraa warra jalaa qaban

Hooyyo hoyyoo hee
biyya too biyyoon nagayaa hee

Hooyyo hoyyoo hee
biyya too biyyoon nagayaa hee

yaa gadaa Duraa nagayaa

hooyyo hoyyoo hee
biyya too biyyoon nagayaahee

Yaa gadaa jiffuun nagayaa

Hooyyo hoyyoo hee
biyya too biyyoon nagayaa hee

Hayyicha bokkuun nagayaa

Hooyyo hoyyoo hee
biyya too biyyoon nagayaa hee

Qaalluu uumaan nagayaa

Hooyyo hoyyoo hee
biyya too biyyoon nagayaa hee

Ulfinni hunduu nagayaa

Hooyyo hoyyoo hee
biyya too biyyoon nagayaa hee

Biyyoon gamanaa nagayaa

Hooyyo hoyyoo hee
biyya too biyyoon nagayaa hee

Malkaafi tulluun nagayaa

Hooyyo hoyyoo hee
biyya too biyyoon nagayaa hee

cuqqee qadiidaan nagayaa

Hooyyo hoyyoo hee
biyya too biyyoon nagayaa hee

**Qabiyyee jeekkarsa Qaalluu**

**f. Jeekkarsa kadhataa**

Dhagaa gurguddaa lagaa
Bishaantu walbaachisee
Maseenni ilmoo hin dinne
Waaqatuu walcaalchise.

***************************

Utuun Balasiin ta'ee
Balas boongaa ta'ee
Dhabaadhaaf mirgan kennaa
Ittiin haa dorsifatu
Utuun maaramii ta'ee
Maaramii giiftii ta'ee

Dhabduudhaaf  ilman kennaa

Dhirsa haa doorsifattuu

**Jeekkarsa deessuu**

Deessuu yaa areeratoo

Dabali baalchaa ilmaa

Ciniinsuu afaa butuu

Miixuu dagalee butuu

da'anii mucaa butuu

iddoo ciniinsuu keetii

guddeen kun kan keeti

******************

Yaa deessuu waalluu kobe

Maaramtu boroo gonfe

Dhirsatuu balbalaa kolfee

Yaa dhabduu waalluu mojo

Dhirsatuu aaree gungumee

Maaramtuu boroo sokkee.

Baddaan Qullubbii hin qabuu

Muree laga dhaabbataa

Kan kee dhukkubbi hin qabu

Turtees nama yaadatta

Araarfanne yaa maaram

Sirraa deenye

Gadi jedheen xaafii haamaa

Oljedheetan Waaqa waama

**Jeekkarsa Hormaataa**

Koshommi koree

Saawwan dafqa maaram

Darabee horee.(2x)

Yaa warra Waaqa yaa warra wadaajaa nagaan ooltanii

Nagaan oollehoo(2x)

Wadaajni wadaaja milkiitii

nagaan oollehoo

Yaa warra Waaqa nagaan ooltanii

Nagaan oollehoo

Yaa warra wadaajaa nagaan ooltanii

Nagaan oollehoo

**Nabiif**

Yaa nabi nooraa

Osoo akka isaanii

Bililleen dhugaayyuu

sambattan lamaan yaa'iin kan keessanii

Yaa nabii Nooraa

Odoo akka isaanii

Yaa'iin sanbattan lamaan kan isaanii

**Guyyaa Wadaajaa**

Anuu hin rafu maalan rafa gooftaa koo

Dhaabeen galma kee bula.

Yaa Waaq si kadhannaa ati nuuf tolihoo

Yaa simbirroo daarirra teechaa motii

Mee bishaan qarqaraa

Yaa Waaqayyoo waawuu sirran beekaa motii

Ati nuuf tolimee

Yaa abbiyyo hoo

Abbiyyoo siin jedhan hoo

Abbiyyo siin jedhinna

Masgiida kee qaqqabee

Waa hajameen

Yoo rakkataan si waammatehoo

**Guyyaa Wadaajaa jeekkarsa ganamaa**

Barii ganamaa hoggaa biiftuun baatuu

Na yaami jennaanan si waamehoo (2x)

Dhakaa gurguddaa lagahee

Bishaantu walbaachiseeree
Maseenni ilmoo hin dinneehee
Isintuu walcaalchiseeree
Yaa maaram anaa maruuree
Giiftii galma taabotaaree

**Jeekkaraa**

“Loon tarree bobbaasee
Malkaasaa obaasee
Nama giddiin qabde
Maaramuu adabde.
Ulaa mana keetii
Danqaraa cufadhuu
Seerri Waaqa takka
Laali akeekkadhu.
Durii duuriyyeellee horatuhoo
Rabbi jaalateetoo hin fudhatuhoo

Gooftaa akka gaara jalaa
Damoozarraan damooza nuu dabala
Garaa obboleessaa fayyisanii
Sitti baandiraakoo fannisanii
Rabbit jaalatee garbichakoosani

Baatiin sitti baasaa
Ayyaana isaanii tokko qaba
Namni karra isaa eegu maal dhaba

**Jajuu Waaqa**

Uumaaa koo hoo situ naa uumehoo
Si waammadheen galahoo.
Jabaa hundaan oliidha
Abiddi siif bishaani
Dhagaan siif midhaanii
Si jajachuun sirridhawoo

Gannaalewoo abbiyyoo gannaaleewoo

Gannaan gala namni siin dawwaalewoo
Gannaan gala isintu hunda caalewoo
Dhufaa ka'ee xiqqoollee hin ture
Karaa guddaa walqaxxaamuru.
Gannaan gala namni isin Dawwalehoo

**Jeekkarsa Maaram**

Yaa maaram yaa maaramimee
Dhabduudhaaf araaramnimee
Yaa maaram godeettiikoo
Yaa dhiiga toleettiikoo
Yaa maaram marmaartuukoo
Yaa dhiiga gargaartuukoo
Aayyoleen walii lamaa
Tokko ishee carii gamaa
Tokko ishee asii kana

**Jeekkarsa aabbiyyoo**

Aabbiyyee kee maqaan aabbiyyoo
Nurraa kuti rakkoo teenyumayoo
Hin jarjaruu qaxxisee suuta gala
Yaa rabbi baasi rakkoo teenya mara
Yaa rabbi baasi rakkoo teenya maraa(4)
Ofjalaa kaafna malee hin kaanu jalaa

**Jeekkarsa kadhataa**

**Yaa gurree**

| **Jeekkaraa** | **warra jalaa qaban** |
|---|---|
| Yaa gurree leemmiyyoo | yaa gurree leemmiyyoo Waaqa nageelliyyoo |
| Waaqa nageenyiwoo | |
| Yoo dhugaa qabanii | yoo dhugaa qabanii Waaqarraa dhabani |
| Waaqarraa hin dhabanii | |
| Urjii samii irraa kumsee | |

| | |
|---|---|
| nama dhugaatii tumsee | |
| yoo dhugaa qabanii | |
| Waaqarraa dhabanii | yaa gurree leemmiyyoo Waaqa nageenyiyyoo |
| | Yoo dhugaa qabanii Waaqarraa hin dhabanii |
| Jabo jaboon amala | |
| jabaan simalee hin jiru. | |
| Yoo Dhuga qabanii | yaa gurree leemmiyyoo Waaqa nageenyiyyoo |
| Waaqarraa hin dhabani | Yoo dhugaa qabanii Waaqarraa hin dhabanii |

******************************

**Miilayyoo**

| **Kan jeekkaru** | **Kan Jalaa qabu** |
|---|---|
| Miilayyo (2x) | Hayyee |
| Miila Gaangoo Qal'aa | |
| Waaqan oolee oollee gallaa | Miila Gaangoo Qal'aa |
| | Waaqan oolee oollee gallaa |
| Jabo jaboon amalaa leemmiyyoo | hayyee |
| Jabaan si malee hin jiruu leemmiyyoo | hayyee |
| Miila gaangoo qallaa Waaqan oollee galla. | Miila Gaangoo qallaa Waaqan oollee galla |

***************************************

| | |
|---|---|
| Miilayyoo (2x) | Hayyee |
| Miila Gaangoo adii Waaq nu baasi badii | Miila Gaangoo adii Waaq nu baasi badii |
| Dhagaa gurguddaa lagaa leemmiyyoo | hayyee |
| Bishaantu walbaachisee leemmiyyoo | hayyee |
| Maseenni dahuu hin dinnee leemmiyyoo | hayyee |
| Uumatuu walcaalchisee leemmiyyoo | hayyee |
| Miila Gaangoo adii Waaq nu baasi badii | miilayyoo (2x) |
| Hayyee | Miila Gaangoo adii Waaq nu baasi badii |

***************************

**Uumayyoo**

| **jeekkaraa** | **jalaa qabdoota** |
|---|---|

| | |
|---|---|
| Uumayyoo (2x) | hayyee |
| Uumaa keetiin bullaa yaa Waaqayyoo | Uumaa keetiin bullaa yaa Waaqayyoo |
| Laal soraa manarraa uumayyoo | Hayyee |
| Waaq tolaa namarraa leemmiyyoo | Hayyee |
| Hangaasuu balaq godhee uumayyoo | Hayyee |
| Roobee cabalaq godhee leemmiyyoo | Hayyee |
| Uumaa keetiin bullaa yaa Waaqayyoo | Uumayyoo(2x) |
| Hayyee | Uumaa keetiin bullaa yaa Waaqayyoo |

*******************************************

| | |
|---|---|
| Uumayyoo (2x) | Hayyee |
| Uumaa keenya ganamaa yaa Waaqayyoo | Uumayyoo(2x) |
| | Uumaa keenya ganamaa yaa Waaqayyoo |
| Fardi kan yaabbatanii leemmiyyoo | Hayyee |
| Waaqni kan yaammatanii leemmiyyoo | Hayyee |
| Ulee qallayyoo ceeqaa leemmiyyoo | Hayyee |
| Yaa Waaq situ dhugaa beekaa leemmiyyoo | Hayyee |
| Uumaa keenya ganamaa yaa Waaqayyoo | Uumayyoo(2x) |
| Hayyee | Uumaa keenya ganamaa yaa Waaqayyoo |

*******************************

| | |
|---|---|
| Uumayyoo(2x) | Hayyee |
| Uumtee nun jijjiirinii yaa Waaqayyoo | Uumayyoo(2x) |
| Hayyee | Uumtee nun jijjirinii yaa Waaqayyoo |
| Loowwan guba hin dheedanii leemmiyyoo | Hayyee |
| Yaa Waaq sirra hin beekanii leemmiyyoo | Hayyee |
| Uumtee nun jijjiirinii yaa Waaqayyoo | Uumayyoo (2x) |
| Hayyee | Uumtee nun jijjiirinii yaa Waaqayyoo |

**********************************

**Ganama biiftuu baasee**

| **Jeekkaraa** | **Jalaa qabdoota** |
|---|---|
| Ganama biiftuu baasee | |

Galgala urjiisaa facaasee

Waaqayyo roobee hasaasee

Waa hamoo jalaa nu baase

Ka deechu ijoo badhaasee

Waciitiin absoo qabliilaa

Leemmiyyoo garaan taliilaa

Balbalti nabii sibiilaa

Saanqaan dirrisee waqeetee

Yooman qixxisee

Waaqayyo yaa tolaakoo roobaa nagayaan si waame Waaqayyoo yaa tolaakoo

---

**Jeekkarsa hiddii darbee**

| **Nama jeekkaru** | **jalaa qabdoota** |
|---|---|
| Hiddii Darbee lafaan gahee | |
| Dhugaa argee Waaqan gahee | |
| Walii walii namatu dubbata | |
| Kan dhugaa qabuuf Waaqatu dubbata | |
| Siin gahee (2x) yaa uumaa | |
| Murteessi namaa. | Siin gahee (2x) yaa uumaa Murteessi namaa |
| Jajjabee haamee yaa jabaa si waame | |
| Murteessi namaa | Siin gahee (2x) yaa uumaa Murteessi namaa |
| Faradoo Collee Waaq faradee hin qollee | |
| Murteessi namaa (asitti sagaleen dhumaa | Siin gahee (2x) yaa uumaa Murteessi namaa |
| Ni dheerata) | |
| Waaqeffataan Waaqa ni kadhata`` | Hiddii Darbee lafaan gahee |
| | Dhugaa argee Waaqan gahee |
| | Walii walii namatu dubbata |
| | Kan dhugaa qabuuf Waaqatu dubbata |
| | Siin gahee (2x) yaa uumaa Murteessi namaa |